# QAACCESSA GAHEE MIINIMIIDIYAAN MANA BARUUMSAA: KALLATTII BARNOOTA AFAAAN OROMOO GABBISUU KEESSATTI QABU XIYYEEFFANNAA MANNEEN BARNOOTA GODINA SHAWAA KAABAA AANAA HIDHABUU ABOOTEE MAGALAA EJEREE

**KABBABUUSH TASHOOMAA ROOBAA**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAAFFAA (MA) AFAAN OROMOO, BARSIISUUN GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIIF DHIYAATE**

**YUUNIVARSIITII FINFINNEE KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIIZIMIIFI QUUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**SADAASA 2014**

**FINFINNEE**

**YUUNIVARSIITII FINFINNEE**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO OG-BARRUUFI FOOKLOORII**

# QAACCESSA GAHEE MIINIMIIDIYAAN MANA BARUUMSAA: KALLATTII BARNOOTA AFAAAN OROMOO GABBISUU KEESSATTI QABU

**XIYYEEFFANNAA MANNEEN BARNOOTA GODINA SHAWAA KAABAA AANAA HIDHABUU ABOOTEE MAGALAA EJEREE**

**QORATTUUN: - KABBABUUSH TASHOOMAA ROOBAA**

**GORSAAN: XILAAHUN TALIILAA (PhD)**

**SADAASA 2014**

**FINFINNEE**

# YUUNIVARSIITII FINFINNEE

## DHAABBATA QORANNOO DIGIRII DURAA BOODDEE

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo, Hog-barruufi Fookiloorii gamiisaan guuttachuuf Kabbabuush Tashoomaa mata duree afaan barsiisuu keessatti qaaccessa gahee miinimiidiyaan mana barumsaa barnoota Afaan Oromoo gabbisuu keessatti qabu Manneen barnootaa aanaa Hidhabuu Abootee magalaa Ejeree. jedhuu kan qophaa'ee sadarkaa ulaagaa yuunivarsiitiin kaa'e guutera.

Koree Qormaataa

Qoraa keessaa

Maqaaa______________________Mallattoo_______Guyyaa__________

Qoraa alaa

Maqaaa______________________Mallattoo_______Guyyaa__________

Gorsaa

Maqaaa______________________Mallattoo_______Guyyaa__________

# Axereeraa

*Qorannoon kun Qaaccessa  Gahee Miinimiidiyaan Mana Barumsaa:  Kallattii Afaan Oromoo Gabbisuu Keessatti Qaburraatti manneen barnootaa magaalaa Ejeree keessatti argamanirraati gaggeeffame. Kaayyoon qorannichaas Gahee Miinimiidiyaan Mana Barumsaa:  Kallattii Afaan Oromoo Gabbisuu Keessatti Qabu maali , isa jedhu deebisuuf qoratame. Barbachisummaan firii qorannoo kanaa, namoota gara fuula duraa mata-duree kanaan wal fakkatan irratti qorannoo geggeessaniif akka madda ragaatti fayyada. Barsiisota Afaan Oromoo barsiisan tooftaa miinimiidiyaatti fayyadamanii afaan barsiisan qorannoon kun waan kaa`uu irraa fayyadamuu danda`u. Barattoota afaan kana barataniif dandeettiwwan afaanii akka gabbifatanilleenifayyada. Qopheessitoota sirna barnootaa qorannoon kun bu`aa miinimiidiyaanbarnoota  afaan Oromoo gabbisu keessatti qabu adda baasee waan kaa`uuf, qopheessitoota sirna barnootaaf illee sagantaa miinimiidiyaa akka sirna barnootaa keessa galchanii qopheessaniif ni fayyada. Bakki itti gaggeeffames Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Hidhaabuu Abootee magaalaa Ejereeti. Malli qorannoon kun ittiin gaggeeffames akkamtaa yoo ta'u, mala iddattoo mitcarraatu* hojiirra *oole. Gama meeshaalee ilaalchisee immoo meeshaaleen ragaaleen ittiin funaanaman daawwannaa, afgaaffiifi mariigareeti. Gaaffilee afgaaffiitiifi marii garee gargaaramuun barsiisotaafi barattoota aanichaa keessaa warra miinimiidiyicha irratti beekumsa qabaniifi gumiicha keessatti hirmaannaa qaban irraa ragaan haala gaariin funaanameera. Yeroo dawwannaa immoo qorattuun qaaman argamuun kan ragaan funaannameedha. Barsiisota aanicha keessatti Afaan Oromoo barsiisaniifi gumii miinimiidiyaa irratti muuxannoofi beekumsa gabbataa qaban afgaaffiidhaan odeeffannoon irraa funaanameera. Ragaan akkaataa kanaan walitti qabames gadi fageenyaan kan qaacceffame yoo ta'u, achi irraayyis argannoon argameera. Akka argannoon argame mul'isutti, miinimiidiyaan mana barumsaa barattootafi barsiisotni dandeetti afaanii  akka foyyeeffatan, afoola, aadaa haawasaa, safuufi safeeffannaa hawaasa Oromoo keessa jiru kan baratan, barattoonni wantoota dareetti baratan caalaa sagantaa isaa irraa waan baal'aafi gadi fagoo akka baratan akkasumas sagantaa miinimiidiyaa mana barumsaa kana irrattii illee kan hirmaatu barattoota ta'u arganneera..Yaboon qorannoo sagantaa miinimiidiyaa mana barumsaa qopheessuu irratti kan xiyyeeffatu irra caalaa barattootaafi  barsiisota  waan ta'eef osoo qaamni dhimmi isaa ilaalatu akkuma sagantaa barnootaatti  yeroon itti kennamee irratti hojjetamee gumiin kun irra caalaa Afaan Oromoo gabbisuu keessatti bu'a qabeessa ta'a.*

# Galata

Duraan dursee qorannoo kanaa akka galma ga’uuf jalqabaa hanga dhumaatti seeraan tartiiba eegee akkan hojjedhu yaadaafi Ogummaa isaaniin yeroo isaanii osoo hinqusatin dadhabbiifi nuffii tokko malee gorsaafi deeggarsa ogummaa kan naaf kennaa turaniif gorsaa koo Dr. Xilaahun Taliilaa (PhD) galannin isaaniif qabu guddaadha.

Gama biroon, maatii koo osoo ofiif hinbaratin deeggarsa barbaachisu hunda naaf gochuun na barsiisaaniif galanni koo bakka guddaa isaaniif qaba. Kanaaf, galata keessaniif rabbiin umrii keessan dheeressuun hamtuun isin argin; gaarii keessan malee gurri namaa hamtuu keessan akka hindhageenye rabbiin oolmaa keessan isiniif haa kaffalu isiniin jedha.

Akkasumas qorannoo kanaa akka barbaadamen akkan dalaguuf kan na cinaa dhaabbatee na jajjabeessaa ture abbaa manaa koo b/saa Jaalataa Mootii galanni kee guddaadha.Dabalataanis, hiriyoota koo qorannoo kanaa irratti na cinaa dhaabbachuun deeggarsa ogummaan na gargaaraa turtaan hundaaf galanni koo daangaa hinqabu

# BAAFATA


Qabiyyee Fuula

Axereeraa ........ i

Galata ........ ii

Baafata ........ iii

Baafata Gabateewwan ........ 5

BOQONNAA TOKKOO: SEENSA ........ 1

1.1 Seen Duubee ........ 1

1.2 Ka`umsa Qorannichaa ........ 4

1.3 Gaaffilee Qorannichaa ........ 5

1.4. Kaayyoo Qorannichaa ........ 5

1.4.1. Kaayyoo Gooroo ........ 5

1.4.2 Kaayyoo Gooree ........ 6

1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa ........ 6

1.6. Daangaa Qorannichaa ........ 6

1.7.Hanqina Qorannichaa ........ 7

1.8. Ibsa Naannoo Salaalee: Aanaa Hidhabuu Abootee ........ 7

BOQONNAA LAMA: SAKATTAA BARRUU ........ 10

2. Sakatta’a Barruufi Yaaxinawwan (Review of Related Literature &Theory) ........ 10

2.1. Maalummaa Fookiloorii ........ 10

2.2. Faayidaa Fookiloorii ........ 12

2.3 Maalummaa Afaanii ........ 12

2.4. Maalummaa Miinimiidyaafi meeshaalee barnootaa ........ 15

2.4.1. Maalummaa miinimiidiyaa ........ 15

2.4.2. Faayidaa miinimiidiyaa ........ 16

2.4.3. Haala itti fayyadama Miinimiidiyaa ........ 17

2.5. Barattoota Miinimiidiyaa Keessaatti Hirmaatan. ........ 18

2.6. Bu`aa Miinimiidiyaan Buuse ........ 18

2.7. Yaaxinaalee Qorannoo ........ 18

2.7.1. Yaaxina Fayyadeessumaa/tajaajilaa (Functionalism ) 19
2.7.2 .Maleenya Guutuu Afaanii/Muuxannoo Afaanii (Whole Language Approach) 19
2.7.2.1. Amaloota Dandeettiiwwan Afaanii Mala Guutuu Afaanii Keessatti 20
2.7.2.2. Gochaalee Barannoo Mala Guutuu Afaanii Keessatti 20
2.8. Sakattaa Qorannoo Wal Fakkii 21
BOQONNAA SADII: MALA QORANNICHAA 23
3.1. Saxaxa Qorannoo 23
3.2. Xinmala Qorannichaa 23
3.3. Iddattoofi Mala Iddatteessuu 23
3.4 Mala Filannoo Iddattoo 24
3.5. Mala Odeeffannoon Ittiin Funaaname 24
3.5.1. Daawwannaa 25
3.5.2 Af-gaaffii 25
3.5.3. Marii Garee 26
3.5.4 Sakatta'aDokumentii 26
3.6. Adeemsa Funaansa Odeeffannoofi Mala Qaaccessa Ragaa 27
3.6.1 Adeemsa Funaansa Odeeffannoo 27
3.6.2 Mala Qaaccessa Ragaa 27
3.7 Qindeeffama Qorannoo 27
3.8 Naamusa Qorannoo 28
BOQONNAA AFUR: QAACCESSAAFI IBSA RAGAALEE 29
4.1. Haala Waliigalaa 29
4.2. Odeeffannoo waa`ee Ragaa Kennitootaa 29
4.3.Walitti dhufeenya meeshalee barnootaa fi Gumii miinimiidiyaa 34
4.3.1. Qaaccessa kitaaba barataa 38
4.4. Haalli jijjiirramaafi ittifufiinsa miinimiidiyaa mana barumsaa maali? 72
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA ARGANNOOFI YABOO 73
5.1 Cuunfaa 73
5.2 Argannoo Qorannichaa 74
5.3 Yaboo Qorannichaa 75
Wabiilee 76

# BAAFATA GABATEEWWAN

Gabatee (1) Odeeffannoo ragaa kennitootaa kan barsiisaa………………………………………40

Gabatee (2) odeeffannoo ragaa barattoota mana baruumsa Ejeree sad.1ffaa lakk.1 Ejeree...........42

Gabatee (3) Mana barumsa J/Taaddasaa Birruu Sad.2ffaa lakk.1fi lakk.2 Ejeree………….…..….43

Gabatee (4) Qabiyyee Meeshaaalee barnootaa Kutaa 4-8 (hanga batii muddeetti.) ………….....46

Gabatee (5) Qabiyyee Meeshaaalee barnootaa Kutaa 9-12 (hanga batii muddeetti.)…………....47

# BOQONNAA TOKKOO: SEENSA

## 1.1 SEEN DUUBEE

Afaan tajaajila hawaasaa keessatti gahee ol aanaa qaba. Jireenya dhala namaa keessatti golli afaan hinseenne waan jiru hinfakkaatu."Language in use is variety of setting." (Halliday, 1994:21). Yaanni kunsi, afaan meeshaa waliigaltee ta'ee, kan namoonni iddoowwan gargaraatti tajaajila adda addaatiif dhimma itti bahaniidha. Dabalataanis, "Language is to treat as ideology, action and relational classification of thoughts and ideas should be taken into consideration."(Hodge and Kress,1993). Akka yaada kanarraa hubatamutti, afaan wantoota akka ilaalchaa, gochaawwan raawwatamuufi yaada garee adda addaa bu’uura godhaachuun akka waliigalan taasisa.

Afaan Oromoo naannoo Oromiyaa keessatti afaan hojii naannichaafi afaan sab-qunnamtii akkasumas, barnoonni sadarkaa oolmaa daa’immanii irraa hanga kutaa saddeeffatti ittiin kennamaa jira. Kunis akkuma qorannoon adda addaa ibsutti, daa’imman afaan dhalootaa isaaniitiin yoo baratan caalaatti milkaa’uu danda’u jedhamee waan mirkanaa’eefidha. Yaada kana ilaalchisuun hayyuun Bamgbose (1991:79) akka ibsutti, “Teaching through mother tongue facilitates more meaningful learning than teaching by second or third language.”Akka yaada hayyuu kanaa irra hubachuun danda’amutti; afaan dhaloota barachuun afaan ambaan barachuu caalaa barnoota afaanii hiika-qabeessa taasisa. Sababni isaas barataan afaan dhalootaa isaan baratu galumsa hawaasaa keesaatti waan baratuuf, hiika qabiyyee kaaniif hindhiphatu kun immoo akka barataan waa uumuuf qophaawoofi barnoota biroonis milkaa’oo ta’uuf gumaacha olaanaa qaba.

Afaan Oromoo afaan hojii, afaan barnootaa, afaan hog-barruu, qorannoofi qo’annoo, afaan miidiyaa ta’ee tajaajiluu erga jalqabee yeroo gabaabaa ta’uyyuu yeroo ammaa kanatti sadarkaa guddina afaanichi irra jiru kan baay’ee namatti toluudha. Dabalataanis, sadarkaa dhaabbata barnoota ol-aanoo biyyatti keessatti argaman tokko tokko keessatti akka gosa barnoota tokkotti kennamaa jira. Barnoota afaanii keessatti bu’uura beekumsaa ta’ee kan tajaajilu dandeettiiwwan afaaniiti. Dandeettiiwwan afaanii kaayyoo barnoota afaanii galmaan gahuu maddiittis gosa barnoota birootiif illee hedduu barbaachisaa ta’uun isaa shakkii hinqabu. Dandeettiiwwan kanneen keessaa dhaggeeffachuufi dubbisuun karaa ergaa ittiin fudhannu yoo ta’u; barreessuufi dubbachuun immoo karaalee ergaa ittiin dabarfannudha. Dhaamsa darbaa jiruufi barreeffama

dhiyaate tokko qixa sirrii ta’een yoo hindubbisneefi hindhaggeeffanne ergaa dhiyaate hubachuun hindanda’amu.

Haala kanaan afaan keenya guddisuuf, lammii ga`umsaafi dandeettii qabu oomishuuf miidiyaan baayy`ee barbaachisaadha. Kaayyoo afaan barsiisuu galmaan ga`uuf gaheen miidiyaan barnootaa keessatti qabu isa murteessadha. Yaaduma kanaan walfakkaatu odeeffannoon toora interneeti irraa argame yoo ibsu,"Media education is a type of pedagogical. Utilisation of the media intended to teach the critical reflective use of all media."(htt//w.w.w.media manual.at 2016). Akka yaada armaan oliitti ibsameettii miidiyaan barnootaa akaakuu peedagoojii ta'ee kan akkaataa itti fayyadama miidiyaa hundaa gadi fageenyaan barsiisuudha.

Dhufaatii miidiyaa yoo ilaallee jalqaba miidiyaarratti hayyuu Wallinger jedhamu yoo ibsu, “At the start of the 1990's, the broadcasting industry was in turmoil.” jedha. Akka yaada kanarraa hubannutti industiriin miidiyaa kan jalqabe bara 1990 moota keessa akka ta’etti kaasu. Dabalataanis Mohammed yoo ibsu, “The term media is derived from Medium, which means carrier or mode. Media denotes an item specifically designed to reach a large audience or viewers. The term was first used with the advent of newspapers and magazines.” ( Mohammed, 213) jedha. Akka yaada kanarraa hubatamutti yaadrimee miidiyaa jedhu jecha giddugaleessa/ walakkeessa jedhu ta’ee kunis odeeffannoo giddugaleessa tokkorraa dhaggeeffattoota ykn daawwattoota hedduu qaqqabuu danda’uudha. Jechichi yeroo duraatiif dhufaatii galaalchaafi barruuleetiin booda itti fayyadamamuu eegale. Gama biraatiin hayyuun Qvortrup jedhamu faayidaa miidiyaan hawaasa keessatti qabu yoo ibsu,

> *The leisure environment affords access to certain kinds of activities and interconnections among activities, depending on social arrangements of time, space, cultural norms and values and personal preferences and lifestyle. Within these arrangements, children and young people (and their families) construct their own local contexts and it is within these that media use becomes meaningful (Qvortrup, 1995).jedha.*

Akka yaada kanarraa hubatamutti, miidiyaan hawaasa naannawa tokko jiraataniif tajaajila adda addaa kennuu nidanada’a. Kunis haala qindaa’inaa hawaasichaarratti hundaa’uudhaan odeeffannoo adda addaa kanneen akka: aadaa, duudhaa, barsiifata, afaan, haala fedhii nama dhuunfaa, akkaataa jireenyaafi kanneen kana fakkaatan irratti odeeffannoo kennuu fayyada.

Qindoomina hawasaa keessatti ijoolleeniifi maatiin isaanii (gaheessonni) haala galumsaatiin garee mataa isaanii ijaarratu. Miidiyaan haala kana keessatti yoo dalage hiika argata.

Miidiyaalee jiran keessaa dhiheenyaan mana barnootaati kan yeroo baayy'ee dhimma itti bahamu miinimiidiyaadha. Miinimidiyaan odeeffannoo naannoo murtaa'aa qabiyyeefi fedhii isaanii ittiin ibsatan ykn dabarfataniidha.yaada kana yoommuu dhugoomsinu,"Mini information societice can be formed using virtual LAN(local area network) concept and each of these mini societies hook up to the internet using some get ways."(Rakhi Chakrabort**:**15) jedha. Akka yaada kanarra hubatamutti minimiidiyaan hawaasa baay'inaan murtaa'aa ta'an gidduutti odeeffannoo daddabarsuuf fayyada.

Faayidaan Miinimiidiyaa inni guddaan dandeettii barattootaa, barsiisotaafi hawaasa mana barumsaa cimsuudha. Yaada kana kan cimsu,"students continue to tell us using technology to communicate and collaborate with their classmates and teachers helps them learn and enhance their experience."htt//w.w.w.tommor.org/speakup:7.Barattootni haala waliiti fuufiinsan teekinoolojii waliin dubbii kanat fayyadaman dandeettiin wal qunnamtii ni dabala. Akkasumas kuusaan jechootaa jecha dandeettiifi muuxxannoo barattootaafi barsiisotaa ni dabala.

Haala dhiyaannaa miinimiidiyaa yoo ilaallee qophii isaa yeroo hiriiraa galgalaa, ganama, yeroo boqonnaafi yeroo qophiin adda addaa jiru fayyadamuun afoola afaanichaa barsiisuun danda`ama. Kanuma irraa ka`uun mata duree gahee miinimiidiyaan manneen barumsa aanaa Hidhabuu Abootee magaalaa Ejeree afaan barsiisuu keessatti qabu irratti akka dalagamu ta`e. Miinimiidiyaan bashannansiisaa waan barsiisuuf hawaasa mana barumsaa keessatti faayidaan isaa sirriitti hinhubatamu Kunis meeshaalee miinimiidiiyaa kanneen sagalee guddiisanitti dhimma bahuun barattoota mana barumsichaa hunda yeroo boqonnaa isaanitti barsiisuun nidanda`ama.

Barattoonni mana barumsichaa afoolawwan Oromoo kanneen akka mammaaksa, walaloo, hiibboo, jechama, durdurii, ciigoo, eebba, tapha ijoollee fi kkf barreessuun akka walii dubbisan gochuun barsiisuun nidanda`a. Kunis ta`uu kan danda`u barsiisaa qofaan osoo hintaane, dhimmamtoota barnootaa kan ta`an kanneen akka geggeessitoota mana barumsaa, hawaasaa, qaamolee mootummaa, barsiisaafi barattootaan hojirra ooluu danda`a.

## 1.2 Ka`umsa Qorannichaa

Afaan waliigaltee ilmaan namaa giddutti uumuu keessatti iddoo olaana qaba. Wantootni jireenya hawaasaatiif barbaachisan kan ittiin ibsaman hedduun isaanii karaa afaaniitiin ta’a. Yeroo ammaa kana hawaasni Addunyaa kanaa akka miseensa ollaa tokkootti odeeffannoo waljijjiiraa oolu. Addunyaa ammayyaa keessatti dhalli namaa biyyoota adda addaa keessa taa’uudhaan odeeffannoo argaa dhageettiidhaan argaman afaaniin waljijjiiruu. Kunimmoo hawaasni Addunyaarra jiraatu baasiifi human xiqqaadhaan yeroo gabaabaa keessatti odeeffannaa walii qooduu akka danda’an taasise. Yaaduma kana ilaalchisee (Muhammed, 2013) yoo ibsu, “Currently, media has become almost as necessary as food and clothing. It is true that media is playing an outstanding role in strengthening the society.”jedha. Akka yaada kanarraa hubatamutti, yeroo ammaa kana barbaachisummaan miidiyaa akkuma wantoota bu’uuraa jireenyaatti ilaalaama. Innis guddina hawaasaa fiduu keessatti akka adda dureetti ka’uu danda’a, Miidiyaan guddina gama hawaasuumaan, siyaasaan, diinagdeen, ilaalchaaniifi waan kana fakkaatu keessatti gaheen inni qabu olaanaadha.

Afaan barsiisuu keessatti gaheen miinimiidiyaan qabu murteessaadha. Kunis dandeettiwwan afaanii iddoo tokkotti fiduun barsiisuufi afoola adda addaa hawasa mana barumsaa wiirtuu tokkorraa haala salphaa ta`een barsiisuu dandeenya. Kanuma irraa ka`un qorannoon kun barnoota Afaan Oromoo gabbisuu keessatti Gahee Miinimiidiyaan Manneen Barnootaa Naannoo Oromiya, Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Hidhabuu Abootee Magaalaa Ejeree keessatti qaburraatti geggeeffame. Qorannoon kun miinimiidiyaa fayyadamuun manneen barumsaa keessatti barnoota afaan Oromoo gabbisuun bu`aa akkamii akka qabu haalan ifoomsa.

Ka’umsi qorannoo kanaas manneen barnootaa magaalaa Ejeree keessatti argaman keessatti haalla itti fayyadama minimiidiyaarratti hubannoon jiruufi ba’aa inni manneen barnootaa keessatti qabu hubatanii itti fayyaadamuurraati hanqinaatu mul’ata. Kanamalees, sagantaan minimiidiyaa manneen barnootaa sirriin itti yaadamees yeroon fudhatamee akka qophaa`u kan ta`ee miti. Sagantaan miinimiidiyaa kun yeroo dhiyaatu barattoota qofa irratti kan xiyyeeffateedha. Gaheen Miinimiidiyaan manneen barnootaa keessatti qabu: barsiisuu, bashannansiisuu, dandeettiwwan afaanii guddisuu, haala afaan barsiisuu fooyyessuu keessatti qabu olaanaa ta’uurraatti hubannoon waan jiru hinfakkaatu. Miseensonni manneen barnootaa kanneen akka: barattootaa, barsiistotaafi hawaasni mana barumsaa keessa jiran hubannoo guddaa

waan qabneef tattaaffiin guddina minimiidiyaa waliin walqabatee jiru baay'ee laafaadha. Sababa kanaaf, qorattuun kun gaheen miinimiidiyaa manneen barumsaa keessatti afaan barsiisuu keessaatti qabu xiyyeeffannoon isaa gadi bu'aa ta'uun isaa akka mata duree kanarratti dalagduuf ka'umsa ta'uufii danda'ee jira.

Gabaabummatti, qorattuun kunis kanuma bu'uura godhattee manneen barnootaa keessatti Gahee Miinimiidiyaan Mana Barumsaa Afaan Oromoo Gabbisuu Keessatti Qabu; xiyyeeffannaan Manneen Barnootaa Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Hidhaabuu Abootee magalaa Ejeree keessatti argamanirratti qorannoon geggeeffameedha. Qorannoon kunis gaaffilee armaan gadii deebisuu danda'a jetterratti fuulleffachuun qorachuuf ka'umsa godhattee dalagdee jirti.

## 1.3 Gaaffilee Qorannichaa

Gaaffileen qorannoo kanaan deebii argatan kanneen armaan gadiiti.

1. Tajaajila miinimiidiyaa mana barumsaa keessatti gaheen barsiisotaafi barattootaa gama Afaan, Aadaa, Afoola hawaasaa, beekumsa, ilaalcha, abdii, hawwii, falaasama, amantii hawaasichaa barsiisuu keessatti qabu maali?
2. Miinimiidiyaan mana barumsaa yoomessaa akkamii keessatti tajaajilaa?
3. Haalli jijjiirramaafi ittifufiinsa miinimiidiyaa mana barumsaa maali?

Gaaffiileen qorannoo kunniin kan dhiyaataniif, mata-duree gahee miinimiidiyaan afaan barsiisuu manneen barumsa magalaa Ejeree keessatti qabu jedhu irratti naanna'a gaaffiilee kanaatii osoo hinbahin ragaalee odeef-kennitoota irraa argaman bu'uura gochuudhaan ragaalee qaaccessa.

## 1.4. Kaayyoo Qorannichaa

### 1.4.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa qaaccessa Gahee Minimiidiyaan Mana Barumsaa Barnoota Afaan Oromoo Gabbisuu keessatti Qabu manneen barnootaa magalaa Ejeree keessatti maal akka ta'e ibsuudha.

### 1.4.2 Kaayyoo Gooree

Kayyoolee gooreen qabxiilee armaan gadii bu'uura godhate qorannichi geggeeffama.

- Gumii minimiidiyaa mana barumsaa keessatti hirmaannaa barsiisotaafi barattootaa gama aadaa, afoola hawaasaa, beekumsa, ilaalcha, abdii, hawwii, falaasama hawaasichaa barsiisuu keessatti qabu adda baasuun ibsuu.
- Yoomessa miinimiidiyaan mana barumsaa keessatti tajaajilu adda baasuun ibsu.
- Haala jijjiirramaafi ittifufiinsa gahee miinimiidiyaa mana barumsaa ibsu.

## 1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon tokko yeroo geggeeffamu, faayidaa adda addaa kanneen akka rakkoolee turan fooyyessuu, beekkumsa babal`isuufi waan haara`a tokko argamsisuuf bu`aa buusa. Haaluma kanaan bu`aa qorannoo kana irraa qaamoleen adda addaa ni fayyadamu jedhamee abdatamu kanneen armaan gadiiti.

- Namoota gara fuula duraa mata-duree kanaan wal fakkatan irratti qorannoo geggeessaniif akka madda ragaatti fayyada.
- Barsiisota Afaan Oromoo barsiisan tooftaa miinimiidiyaa mana barumsaatti fayyadamanii afaan barsiisan qorannoon kun waan kaa`uu irraa fayyadamuu danda`u.
- Barattoota Afaan Oromoo barataniif dandeettiwwan afaanii akka cimsataniif illee ni fayyada.
- Qopheessitoota sirna barnootaa qorannoon kun bu`aa miinimiidiyaan mana barumsaa Afaan Oromoo gabisuu keessatti qabu adda baasee waan kaa`uuf, qopheessitootni sirna barnootaa illee akka sagantaan miinimiidyaa m/b qophaa'u osoo jajjaabeesani ni fayyada..

## 1.6. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun manneen barnoota Oromiya mara keessatti osoo adeemsifamee bu`aa guddaa buusuu danda`a. Haata'u malee kana gochuuf humna, yeroofi maallaqa hedduu gaafachuu dandaa'a waan ta'eef daangessuun barbaachise. Kanamalees, takkaattuu waan hundaa walitti qabanii qorachuun hindandaa'amu. Sababnisaas, qorannaaf akka mijatutti damee dameetti gadi caccabsuun barbaachisaadha. Haaluma kanaan qorannoon kun bakkaan Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Hidhabuu Abootee Manneen Barnootaa magaalaa Ejeree irratti akka daanga`u ta`eera.

Odeeffannoo kennittootaan immoo barattootaafi barsiisota muuxannoo qabanirraatti daanga’e. Akkasumas gama qabiyyeetiin qaaccessa gahee miinimiidiyaan mana barumsaa Afaan Oromoo gabbisuurratti qabu kan jedhu irratti akka daanga`u ta`eera  Sababni bakkiifi matadureen kun filatamaniif, iddoon hojii qorattuu aanaa kana waan ta’eef, lafa fagoo osoo hindeemin odeeffannoo qabatamaa barsiisotaafi barattoota waa’ee miinimiidiyaa irratti muuxannoo qabaniirraa argachuu sababa dandeessuufi mataduree kanarratti qorannoon yoo geggeeffamee haawaasa Afaan Oromoo baratu nifayyada jedhamee waan yaadameefidha**.**

## 1.7.Hanqina Qorannichaa

Qorannoon kun gahee miinimiidiyaan mana barumsaa barnoota Afaan Oromoo gabbisuu keessatti qabu kan ifa baasuudha. Haa ta`u malee qorannoon kun hojii idilee hojjachaa waan geggeeffamuuf hanqinoonni armaan gadii muudachuu danda`eera. Isaanis kitaabilee wabii waa`ee mata duree kanaan walqabatan gahaan dhabamuu,  interneetii  gahaan dhabamuu, ibsaa gahaan aanicha irraa dhabamuu akkasumas qorannicha geggeessuuf yeroo fi baasii gahaan dhabamuu yoo ta`u, qorattuun kun hanqinaalee armaan olitti muudatan kanneeniif osoo harka hinkenniin  tooftaalee armaan gadii kanaan keessa darbuu dandeesse jirti.

Qorattuun kun rakkoo kanneeniif furmaata barbaaduun qoranicha geggeessuu dandeesse jirti. Kunis, rakkoo yeroo furuuf eeyyama yeroo gabaabaa mana barumsaa irraa fudhachuun, yeroo boqonnaafi yeroo hirriibaa irraa hir’isuun hojiin qorannoo kanaa akka rawwatu gochuu. Rakkoo gama interneetiifi ibsaan jiru furuuf irraa caalaatti yeroo boqonnaa sambattan lamaanii gara Kolleejjii Barnootaa Barsiistota Fiicheefi Universiitii Salaalee deemuun rakkinichaaf furmaata argadhee jira. Rakkoo kitaabilee wabii furuuf, manneen kitaabaa adda addaafi marsariitiilee gargaraa irraafi ragaalee waajjira Aadaafi Tuurizimiirraa argaman weebeffachuun dhimma bahuu danda’eera.

## 1.8. Ibsa Naannoo Salaalee: Aanaa Hidhabuu Abootee

Aanaan Hidhabuu Abootee, Naannoo Oromiyaa Godina Shawaa Kaabaa keessatti kan argamu yoo ta’u, aanoolee godina kanaa kudha sadan keessaa isa tokkoodha. Aanaan Hidhabuu Abootee Finfinnee irraa kiiloo meetira dhibba tokkoofi shantamii afur fagaatee gara kaaba bahaatti kan argamu yoo ta‟u, karaa bahaa aanaa Dagam, karaa dhihaa aanaa  Kuyyuufi Warra Jaarsoo, karaa Kibbaa aanaa Dagamfi karaa Kaabaa immoo aanaa Dharraa/Darraatiin daangafamtee jirti.

Aanaan kun gandoota baadiyyaa kudha sagaliifi magaala tokko walitti ganda diigdama qabdi. Akka lakkoofsa uummataa bara 1999 A. L. I gaggeeffame agarsiisutti baay‟inni uummata aanaa Hidhabuu Abootee dhiira 44,248, dhalaa 48,120 waliigalatti = 92,368 kan qabuudha. Akka odeeffannoon bulchiinsa aanaa Hidhabuu Abootee irraa argame ibsutti uumanni aanichaa harki caalu Afaan Oromoo kan dubbatu yoo ta'u, darbee darbee magaala irra warri Afaan Amaaraa dubbatanis nijiru. Akkasumas sirni Warroommii ykn gaa'ila jechuun adeemsa dargaggeessi fuudha ga'e tokko shamarree heeruma geesse tokko waliin wal fuudhuun bultii waliin dhaabaniidha. Garuu sirni warroommii akkana kun bu'uura haa ta'umalee akaakuun warroommii Oromoo Tuulamaa Aanaa Hidhabuu Abootee keessatti beekkaman gosa adda addaatu jiru.


A. **Kaadhimachuu/kadhaa/:** Warroommiin kun taa'anii heerumsiisuu ykn gurguruufi fuudhuu jedhamuunis nibeekkama. Sirni warroommi kun kan gurbaan ga'e tokko intala isaaf taatu ilaallatee warra isaatiin mari'achuun, warri isaa warra intalaa kabajaan gaafatanii fuudhaniidha. Sirni warroommii gosa kanaa kun hawaasa aanaa kanaa keessatti beekkamaafi jaalatamaadha.

B. **Butii:** Sirni warroommii kun yeroo durii bal'inaan kan geggeeffamaa ture yoo ta'u, amma garuu bakka tokko tokkoottii darbee darbee mul'ata malee baay'inaan hinjiru. Sirni warroommii kunis, kan gurbaan tokko intala isaaf taatu filatee hiriyoota isaa wajjin fedhii ishee malee humnaan haadha manaa taasifatuudha. Butiin yeroo ammaa kana seeraan waan nama adabsiisuuf badaa jira.

C. **Waliin Galuu:** Sirna Warroommii gurbaan dhiiraafi intalli durbaa erga walii galanii booda, osoo warri isaanii lamaan hindhaga'in kan gurbaan fudhatee galuudha.

D. **Irradhaaba/Kallachaan fuudhu/:** Sirna kana keessatti warri gurbaa intala ilma isaanitiif taatu ilaalanii, osoo warri intalaa hinbeekiin loon hoofanii dhaqanii intala waliin fuudhanii galu. Sirna warroommii gosa kanaa kan geggeessan yeroo baay'ee nama haati warraa jalaa duuteedha.

E. **Waliin Baduu:** Waliin baduunis, waliin galuu waliin wal fakkaata. Gosti warroommii akkanaa kun intaliifi gurbaan erga walii booda naannoo jiranirraa wal fudhatanii gara biraatti waliin badu. Kana booda erga warri intalaa aarii qabbaneeffatanii booda jaarsa biyyaa erguudhaan araarfatu. Hanga warri intalaa araaramanitti gurbaafi intalli mana fira warra gurbaa ykn magaalaa kireeffatanii turu malee mana warra gurbaatti hingalan.



Hidabu Abote wereda map
2
38°25'0"E
38°30'0"E
38°35'0"E
38°40'0"E
10°5'0"N
10°0'0"N
9°55'0"N
9°50'0"N
AdeaNecho
GedeboJema
GedaboGeyorgis
AmumaMechara
AmdaArero
HaroChalenqo
AdeaBonaya
AleqochiQere
NyaaGobabu
Kobe Godete
YayaMariyam
WeyiluModjo
YayaAlengo
Doro AmumaWaju
Ejere Town
Sire Morese
DebelaBokolo
Dire Benitu
Yaya Deke Bora
AbeduAriro
1 centimeter = 1,664 meters


F.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTAA BARRUU

## 2. Sakatta’a Barruufi Yaaxinawwan (Review of Related Literature &Theory)

Boqonnaan kun bakka itti qorannaa geggeessinuuf yaada deeggarsaa ykn yaada mormii ittiin dhiyeessuun ragaa keenya waan qabatamaan ittiin tumsinuudha. Kanaaf matadure kana irratti hayyoonni fookloorii maal qoratanii? Faayidaa minimiidiyaa mana barumsaarratti maaltu qoratame? Maaltu qaawwaa qabaa? Maaliin walfakkaataa? Kanaaf kan kana fakkaatan addaan baafachuuf sakattaan barruu barbaachisadha.

### 2.1. Maalummaa Fookiloorii

Fookilooriin akka damee barnootaatti erga baratamuu jalqabee bubbuleera. Biyyoota dhihaa keessatti hayyoonni adda addaa fookilooriirrattii qorannoo geggeessaa turan. Qorannoon kunis dameen barnootaa kun maqaa biraatiin beekkamaa akka turetti ibsu. Kana ilaalchisee Dorson (1972:1) yoo ibsu, “Folklore emerged as new field of learning in the eighteenth century when antiquaries in England and philologists in Germany began to look closely at the ways of lower classes…The word ‘folklore’ phrase be thenceforth adopted in place of cumbersome phrase ‘popular antiquities,” jedha. Yaada kanarraa kan hubatamu beekumsa hawaasaa sakatta’uun/ soquun akka damee barnootaattii jaarra 18ffaa keessa biyyoota Ingiliziifi Jarman keessatti qoratamaa akka ture tuqu. Innis kan kutaa hawaasa hinqaroominiiti jechaa turan. Maqaan jecha fookiloorii jedhus dura wantoota aadaa dinqisiifamoo ta’aniin yookiin ijaarsota bebbeekkamoo durii jedhamuun beekkamaa ture. Karaa biraatiin hayyuun (Alen Dundes, 1965:20) yoo ibsu, “folk can refers any group of people that so ever who share atleast one common factors,”jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti, jechi ‘folk’ jedhu garee namoota yoo xiqqaate, xiqqaate waan tokko waliin qooddataniidha. Wantoonni namoonni waliin qooddatan kunis kanneen akka: afaan, seenaa, amantii, aadaa, safuu, saala, umurii, hojiifi waan kana fakkaatan fa’a. Jechi ‘lore’ jedhu immoo “share of knowledge” yaada jedhuun ibsu. Kanaaf jechi ‘lore’ jedhu kun beekkumsa, muuxannoo jiruufi jireenyaa namoonni garee isaani keessatti waliif qoodaniidha. Gama biraatiin Alan Dundes, wantoota fooklooriin ofkessatti haammatuun walqabsiisee akka itti aanutti ibsa.

> *Folklore includes myths, folkltales, jokes, proverbs, reddles, chents, charms, blessing, curses, oaths insults, retorts, taunts, teases, taslsts, tongu twisters, & greeting & leave taking formulas (E.g. see you later alligator) art, folk belifef (or supperstition) it also includes folk custome, folkdance, & folk drama (& mime). Folk medicine, folk instrumental music (e.g. fiddle tunes) folk songs… folk poetry… he list of folklore*

*forms also contains gamesm gestures, symbol, prayers (E.g. graces) practical jokes, folk exymologies, food recipes…jedha.*

Akka yaada barreeffama armaan olii kanaatti immoo wantoonni jiruufi jireenya hawaasaa keessatti raawwataman hundinuu fookloorii jalati akka haammataman ta'uusaa nutti hima. Kanarraas wanti hubatamu; Wantoonni akka hibboo, geerersa, baacoo, dubbii qolaa, abaarsa, eebba, arrabsoo, tapha ijoollee, diraamaa, shubbisaa, nagaa walgaafachuufi nagaa dhaamuu, mallattooleen waan tokko ibsu, afwalaloo, duudhaa hawaasaa, amanta hawaasaa, fi k.k.f. of keessatti qabachuu saati. Kanarraas wanti hubatamu fooklooriin baatto ta'ee seenaa, duudhaa fi aadaa sabni tokko qabu labataa labatatti kan dabarsuufi hawaasnis yaadaafi fedhii qabu karaa ittiin baase ibsatu ta'uusaati.

Yaaduma kenneen walqabsiisee hayyuun Brunvand (1979:436) "*folklore is asphere of itnerction, need and desires and entistic expression with its structures aesthetics*" jedha. Kana jechuunsaas, kalaqni barreeffamaa osoo hineegaliin dura meeshaan guddaan hawaasni aadaa, seenaa fi duudhaasaa dhalootaa dhalootatti kan ittiin dabrsee fookloorii ta'uu, Fooklooriin maqaa waliinii yoo ta'u, dhimmoota amantaa aadaa, barsiifata, himafaan hawaasaa kan labata tokkoo isa biraatti jecha afaanitiin darbu; raagamtaa beekamaa yookiin bakka amantaa aadaafi gochaa garee hawaasaati. "Folklore is a traditional beliefs, customs, and stories of a community, passed through the generation by word of mouth; a body of popular myths or belifes relating to a particular place, activity, or group of people" *(Oxford Dictionary of English, 2010:679).* Fookloriin, amantaa, barsiifataafi aadaa kan ummanni yeroodhaa gara yerootti keessa darbee dhufe. Irra caala kan ofkeessatti hammatus, walaloo gaggabaaboo af-seena, wanta yaadan jiru, durduriiwwan, seenaa durii dhugaa ta'uu yookin dhiisuu danda'uufi seenaa bara durii uumaa wajjin wal-qabatu ta'ee kan dhugaa hintaane fa'a. Fooklooriin wantoota biroos niqabaata: aartii, ogummaa daansiwwan, taphoota, sirboota dargaggeessaa gaggabaaboo, mammaaksota, hiibbowwan, sirboota, gochoota ragaa irratti hinhundoofne, guyyaa ayyaanaafi kabaja amantaalee dabalachuu danda'a.

Fitsum (2013) UNESCO wabeeffachuun fooklooriin walitti qabaa ykn waliigala barsiifata aadaa hawaasa tokkoo kan dhuunfaan ykn gareen ibsamu, fedhii hawaasaa calaqisiisuun beekamu akkasumas eenyummaa aadaa kan mull'isu, afaanichaan bifa sirbaa, ragadaa ykn shubbisaa, taphaa, barsiifataa, sirna ayyaaneffanaa, duudhaa,ogummaa harkaafi kkf niin akka darban ibsee jira

## 2.2. Faayidaa Fookiloorii

Faayidaan fookilooriin jiruufi jireenya hawaasa tokko keessatti qabu hedduu akka ta'e beektoonni og-barruu adda addaa ni ibsu. Beektoonni kunneen fookilooriin hawaasa tokko gama hawaasummaatin, siyaasaatiin, aadaa, seenaa … ilaalchisee faayidaa hedduu kan qabu ta'uu eeru. (Sims, 2005). "Fookilooriin dhaloota darbeefi kan ammaatiif riqicha ta'ee wal quunnamsiisa. Kana jechuun haambalee bara durii turaniifi amma jiran dhaloota har'atti agarsiisuun maalummaa uumatichaa walitti fida.

Fookilooriin madda ragaati. Kunis qorannoon seenaa aadaa, duudhaafi haala uummata tokkoo keessatti bifa madda ragaatiin waan dhihaatuuf uummata madda ragaa barreeffamaa hinqabnef madda qorannoo, seenaa, aadaa, duudhaafi amantaa godhachuun fooklooriin ni tajaajilama (Misgaanuu, 2011:12). Kana malees, fookilooriin uummataa madda seenaa barreeffamaa qabu biratti akka meeshaa sirna siyaasaa, aartii, barnoota diinagdeefi hawaasummaa keessatti nitajaajila. Akkasumas, gita qabsoo keessatti gahee olaanaa qaba (Dorson, 1972, Misgaanuu, 2011). Faayidaa fookiloorii ilaalchisee kanneen armaan olii haacaqasaman malee kanneen waliin mormiif, naamusaafi safuu wal barsiisuu, bashannansiisuuf, oltee bultee guyyaa guyyaa, muddannoo hawaasaa ibsuuf oolu nidanda'a.

Faayidaa fookiloorii kana ilaalchisanii Sims, (2005:174) yoo ibsan, "One function of folklore is education, particularly, but not exclusively, in nonliteratesocieties. …we recognize some folklore can have an informal teaching function in that it describes attitudes held in a society,"jedha. Yaada kanarraa kan hubatamu fookilooriin haala alidileetiin hawaasa barnoota ammayyaa hinqabne barsiisuu keessatti iddoo guddaa akka qabuufi yaada sammuu hawaasaa keessa jiru baasee kan ibsuudha. Kanamalees hayyoonni kun bu'aa fookiloorii yoo ibsan, "folklore is an important mechanism for maintaining the stability of culture," jedhu. Akka hayyuu kanaatti fookilooriin aadaan hawaasaa tokkoo osoo hinboora'in akka turu taasisa.

## 2.3 Maalummaa Afaanii

Maalummaa afaanii ilaalchisee hayyoonni gara garaa karaa adda addaatiin hiika kennanii jiru. Akka Krauss and Chiu (1993: 87) "Language is the medium of communication through which we express our emotins, ideas, feelings and thoughts to our fellow people" jedhu. Ibsa kana irraa akka hubannutti afaan karaa ilmi namaa walqunnamtii ittiin adeemsisu ta'ee, kan namoonni miira isaaniitti dhagahame: yaada, fedhii akkasumas beekumsa isaanii ittiin ibsataniidha.

Afaan yoo jedhamu akka feeteen kan uumame, qaamolee dubbii uumanitti fayyadamuudhaan dhalli namaa waliigalteen akka fudhateef akka isaa galutti yaada isaa kan dabarsu meeshaa waliigalteeti. Afaan ilaalchisee yaanni dabalataa akka kanatti aanutti ibsama, “Afaan waahalle kan itti jiraatan; kan ittiin jiraatan immoo jireenya. Jiraachuuf ammoo, afuura baafachuufi yaaduun dirqama jireenyaati. Afuura baafannaan, lubbu-qabeeyyii birootiin kan wal-fakkeessu yoo ta’u, yaaduun garuu, bakka addaaniiti (point of departure). Afaan, kan ittiin yaadaniifi wal-qunnamaniidha (Addunyaan, 2012: 1).”jedha.

Dabalataanis waa’ee afaanii ilaalchisee Goshgarian (2001:26) akka armaan gadiitti ibseera. Language is the highest intellectual activity we practice. It is the way we define our selves who we practice. It is the way we define ourselves who we are as a species, as individuals, as society and as a culture. It is the bases of thought because it contains the symbols of thought. Akka ibsa armaan olii kanarraa hubannutti, afaan gocha sammuu isa olaanaa dhalli namaa badhaafame ta’ee, afaan yaada nama dhuunfaa yookaan akka hawaasaatti dhagahame kan ittiin ibsataniidha. Akkasums, mallattoo eenyummaa aadaa saba tokkoo kan ittiin ibsatan jedha. Kana malee, afaan handhuura jireenya dhala namaati jedha. Namni miira isatti dhagahame afaan isaatiin ibsata. Waa’ee faayidaa afaanii ilaalchisee Cook (2010: 85) akka ibseeti, “Language is at the center of human life. We use it to express our love or our hatred, to achieve our goals and further our cares, to gain artistic satisfaction or simple pleasure. Through language we plan our live and remember our past: we exchange ideas and experiences, we from our social and individual identities. Jedha. Akka yaada kanarraa hubannutti, afaan meeshaa bu’uuraa ilma namaa ta‟ee ilaalcha jaalala yookaan jibba nutti dhagahame muuxannoo qabnu irraa ka’uun kan ittiin ibsannuudha.

Itti fayyadama afaanii ilaalchisee Clark (1996) qabxiilee afur lafa kaa’e: isaanis, fakkeenyummaa itti fayyadama afaanii (Instances of language use), bal’ina itti fayyadama afaanii (areas of language use), ta’iinsa itti fayyadama afaanii (assumption of language use)fi haala dhiyaannaa itti fayyadama afaanii (approach of Language use). Fakkeenyummaa itti fayyadama afaanii jechuun haala hawaasni tokko afaan gargaaramuun hojii tokko hojjetuudha. Kunis ergaa afaan waan tokko hojjechuuf kan gargaaru ta’ee, namoonni haala haasawa guyyaa guyyaa keessatti dhimma daldalaa, karooraa, boqonnaa, falmii siyaasaafi kan kana fakkaataan itti fayyadamni jechuun nidanda’ama. Kana malees, afaan hojii guyyaa guyyaa keessatti raawwataman bashannanuu, araarsuu, amansiisufi kkf hojiira kan ooluudha.

### 2.3.1 Afaan Barsiisuu

Afaan barsiisuun barattoonni dandeettiiwwan afaanii akka shaakalan taasisuun beekumsa yookaan ogummaa horatan osoo hinirraanfatiin sammuu keessa tursuun ykn hojiitti hiikuudha. Kana gochuuf immoo beekumsa hubatan sammuu keessa turfachuun hojiitti jijjiiruu danda'uudha. Hayyuun (Ur, 1996) barumsa afaanii keessatti waan baratame osoo hinirraanfatiin sammuu isaanii keessa akka turfatan gochuuf yaadoleen armaan gaditti dhihaatan murteessoo ta'uu ibsa.

a. **Qulqullinaan barsiisuu:** Barnoota kennamu keessatti haala gaariifi tartiibaan qindeeffamee, sirriitti dhihaatee, walitti fufiinsaan iyyaafannoon geggeeffamee, dimshaashumatti tooftaafi mala gaariitti fayyadamee yoo barsiifameefi ga'ummsaan shaakalchiifame barattoonni waan baratan sana hinirraanfatan, yeroo dheeraafis ni yaadatu.
b. **Fedhii barattootaa:** Barattoonni barnoota kennamu sana barachuuf fedhii qabu yoo ta'e waan baratan hinirraanfatan.`
c. **Wanti baratan hiik-qabeessa ta'uu:** Wanti baratame tokko utuu hinirranfatamiin yeroo dheeraadhaaf kan yaadatamuu danda'u, yoo hiika-qabeessa ta'e qofaadha. Wanti hiika dhabeessi saffisaan irraanfatama. Akka barsiisaatti dhimmi barattoonni daree keessatti baratan akka yeroo dheeraaf yaadatan gochuuf waan irraa eegamu sirriitti beekuu qabu. Barattoonni baranoota kennamu yeroo dheeraaf akka yaadatan gargaaruuf, dursee itti qophaa'uudhaan haala gaariin, tartiibaan qindeessu, sirriitti dhiheesuu, ga'umsaan shaakaalsiisu, madaaluu, barnooticha barachuuf fedhii akka qabaatan yaaluufi barnoota kennamu hiika- qabeessa taasisuuf yaaluun barbaachisaadha.

   Barachuu ilaalchisee dhimmi kan biraan barbaachisaa ta'e ni jira. Barachuun yaadachuu, beekumsa horatame osoo hindagatin sammuu keessatti kuufachuun yeroo dheeraa tursuudha. Haata'u malee, waan hunda yeroo dheeraaf yaadachuun hindandaa'amu. Sammuun keenya kan yaadatu dhimmoota xiyyeeffannaa guddaan kennameef yeroo dheeraaf kan yaadatu yemmuu ta'u, kanneen xiyyeeffannaan hinkennamneef ykn xiyyeeffannaa xiqqaan kennameef saffisaan irraanfata. Kun immoo dhimma qorannaa hayyootaatiin kan mirkanaa'eedha. Barnooti yemmuu dhihaatu qabxilee bu'uuraa yeroo dheeraa yaadatamuu qaba jedhamee amanamu irratti xiyyeeffannaa guddaa kennuun barbaachisaa akka ta'e hubachuun gaariidha. Kanaaf, dhimmoota ijoofi bu'uura ta'an kanneen biroo irraa adda baasuun hubachuun, kanneen bu'uura ta'an haala quubsaa ta'een shaakalchiisuun akka baayyee gaarii ta'e ibsuun barbaachisaadha.

Haala kanaan rakkina irraanfannaa hir'isuuniis ni danda'ama. Barnoota baratan yeroo dheeraaf yaadachuuf shaakaluun barbaachisaadha. Wanti dhagaa'ame ni irranfatama, wanti argame yeroo dheeraaf yaadatama, wanti hojjetame ykn shaakalame hinirraanfatamu.

## 2.4. Maalummaa Miinimiidyaafi meeshaalee barnootaa

### 2.4.1. Maalummaa miinimiidiyaa

Miinimiidiyaan odeeffannoo ykn ergaan bifa adda addaatin ittiin dabarsuuf kan ooludha. Yaanni marsariitii irraa argame yoo ibsu, "The media of communication is medium by which a piece of information or knowledge is communicated to us."(http://minimedia.ie). Akka yaada kanarraa hubannutti miidiyaan haasa'aa miidiyaan odeeffannoo ykn beekumsa ittiin waliin dabarsaaniidha. Miidiyaan akaakuu adda adda qaba. Isaanis haala adda addaatiin jireenya nama dhuunfaarraa eegalee hanga hawaasa bal'aa addunyaatti itti dhimma bahaa oolu. Miidiyaaleen gurguddoo kunneenis kanneen armaan gadiiti.




Fakkii Akaakuu Miidiyaalee Gurguddoo

Miidiyaan akka walii galaatti akaakuu hedduu yoo qabaates, isaan keessa tokko minimiidiyaadha. Maalummaafi faayidaa miinimiidiyaa akka armaan gadii kanatti ilaalla.

Miinimiidiyaan odeeffannoo naannoo murtaa'aafi yeroo muraasa keessattii hawaasa murtaa'ee tokkoof kan dhiyaatuudha. Dhimmoonnii inni kaasuu dandaa'us; dhimma barnootaa, dinaagdee, fayyaa, siyaasafi k.k.irratti. Dhimma dinagdee irraatti akka fakkeenyaatti yoo kaasnu, "minimedia is commited to helping small to medium size businesses maximise their marketing spend by combining our in sight and proficiency to deriver result driven compainigs that help yield a return on investment". (https;// minimedia.ie/and hl=om-et) Akka yaada kanarraa hubatamutti minimiidiyaan dhaabbilee diinagdee adda addaa keessatti oomisha isaanii ittiin beeksisuun maamilaa hedduu horachuun galii isaanii dabaluu danda'u.

Dhimma barnootaan yoo ilaallee immoo dandeettiwwan afaanii, duudhaa, safuu, afoola, aadaa, hawaasummaa, haala jiruufi jireenyaa isaanii guddifachuuf miinimiidiyaan mana barumsaa keessatti gahee olaanaa akka qabu ni beekama. Barsiisota sagantaa miinimiidiyaa kana duuka bu`anii hordofuun mana barumsaa keessatti akka shaakalan taasisan irraa waan hubataniif keessi isaanii bakka guddaa ga`uuf kaka`u. Gumii miinimiidiyaa mana barumsaa keessatti uumuun immoo kan akka hirmaataniif isaan kakaasu ta`a. kun immoo boruu hawaasa kanaaf carraa banuufi ni danda`a.

### 2.4.2. Faayidaa miinimiidiyaa

Minimiidiyaatti dhimmi bahuudhaan ogafaan kuusaa muuxannoo jireenya hawaasaa kan baroota hedduu ta'e barsiisuun salphaadha. Muuxannoo kanarraa amaloota gaarii heddutu baratama. Haaluma kanaan, minimiidiyaa fayyadamuun ogafaanirratti jabaatanii hojjechuun, tokkummaan, arjoomuu, abshaalummaaniifi kkf gaarii akka ta'an nibarsiisa. Minimiidiyaatti dhimmi bahuun ogafaan bashannanisiisaa barsiisuuf tajaajila. Osoo barnoonni ammayyaa hinbabal'atin ulaan barnootaa ogafaan **t**ure. Ammalleen beekumsi muuxannoo hawaasaa ogafaan keessatti argamu bu'aa saayinsii ammayyaa kan ta'e minimiidiyaatti dhiima bahuun nibaratama. Hawaasni tokko minimiidiyaa fayyadamee ogafaan isaan daa'imman aadaa, afaan, duudhaa, seenaa, naamusa, haala jiruu-jireenyaa, eenyummaa isaa barsiifata. Beekumsa duudhaa hawaasaa keessa jiru kana mini miidiyaan hawaasa manneen barnootaa keessa jiran bashannansiisaa barsiisuu keessatti shoora olaanaa qaba.

Miidiyaan hawaasaaf faayidaa adda addaa kenna.Yaaduma kana Mohammed 2013 yoo ibsan, "Basic objectives of media are (i) to inform, (ii) to educate, (iii) to entertain and (iv) to mould the opinion of the people. It helps us to know current situation around the world. The media has a

strong social and cultural impact upon society as well as it can play an effective role to bring positive change in the society." jedha. Akka yaada kanaatti, kaayyoon bu'uuraa miidiyaa, i) odeeffoonnoo kennuu, ii) barsiisuu, iii) bashannansiisuu, iv) ilaalcha hawaasaa ibsuudha. Innis oddeeffannoo wayitaawaa addunyaarra jiru akka argannuuf nu fayyada. Miidiyaan dagaagina aadaafi hawaasaarratti dhiibbaa eeyyentaa olaanaa qaba.

Miinimiidiyaan mana barumsaa keessatti dandeettiwwan afaanii guddisee jira. Haalli inni itti guddiises sagalee ol kaasanii dubisuu, kitaaba barnoota dura darbuun kan kitaaba isaanii dura jiru ykn bara itti aanutti baratan dura darbaanii beekuun sagantaa miinimiidiyaa kana irra barachuun, yaada tokko yaadanii, uumanii qindeessuun isaanii dandeettii afaanii isaanii guddifataniiru jechuudha. Dandeettiin gabbifatanis: dhaggeeffachuu, barreessuu, dubbisuu, dubbachuu yoo ta`u. dandeetti kanas karaa adda addaatiin guddifachuu ni danda`ama. Kunis gosoota afoolaa fayyadamuun, fakkeenyaaf walaloo, oduu durii, mammaaksa tapha ijoollee, jechama fi k. k.f. fayyadamuun sammuun isaanii waan har`awa barachuufi bashannanuu akka danda`u taasisu.Kana malees, qorannoo dhimmoota armaan olitti ibsaman irraa kan hubachuun danda`amu miinimiidiyaan dandeettii afaanii gabbisuu keessatti kan isaan gargaaru ta`uu isaati. Akkasumas afaan dhaloota isaanii akka mana barnootaa keessatti babal`ifatan wantoota akka aadaa, afoolaa, walaloofi baacoowwaan adda addaa kitaaba barnootaa dursee akka beekaan ykn baratan taasisa.

### 2.4.3. Haala itti fayyadama Miinimiidiyaa

Miinimiidiyaa haala adda addaan fayyadamuun dhiyaata. Haalli itti fayyadama isaa mana barumsaa keessatti sagantaa baasuun torbeetti guyyaa lama Roobii fi Jimaata ganamaafi galgala akkasumas yeroo boqonnaa sagantaa bahe sana irratti hundaa`uun warri gumii miinimiidiyaa keessa jiran akka walii qoodinsa hojii isaanitti tartiibaan sagantaa isaanitti fayyadamu. Barattoonni haala dandeettii isaantiin afoolawwan danda`aan keessaa filachuun dhiyeessu. Miinimiidiyaan mana barnootaa keessatti yeroo dhiyaatu karaa salphaafi ifa ta`een akka barnoota dabarsuu danda`utti dhiyeessudha.

Kanaafuu barreeffamoonni ykn qophiin kana irratti dhiyaatan sun fedhiin ilaalamani yookiin dhaggeeffatamanii kan qophaa'e ta`uu qaba. Haalli qophii isaanii dhiyeessanis gahee isaanii irratti fuulleffachuu qaba. Kana kan ta'eefis wanti dhiyaatu sun ifaafi qulqulluu ta'uu waan qabuuf.

## 2.5. Barattoota Miinimiidiyaa Keessaatti Hirmaatan.

Barattoonni kun karaa adda addaan m/b keessaattii haala dandeettii isaantiin wantoota ni barsiisa, ni gorsa, ni bashaanansiisa jedhanii yaadan qabeenya hawaasaa kan ta'e afoolawwanfi beekumsa isaanii itti idaa'achuun kan dhiyeesaanidha. "Students continue to tell us using technology to communicate and collaborate with their classmates and teachers help them learn and enhance their experience".htt//w.w.w.tommor.org/speakup:7. Akka yaada marsaaritii kan irraa hubannutti, Barattootni haala waliiti fuufiinsan teekinoolojii waliin dubbii kanat fayyadaman dandeettiin wal qunnamtii ni dabala. Akkasumas kuusaan jechootaa jecha dandeettiifi muuxxannoo barattootaafi barsiisotaa ni dabala.jedha.

## 2.6. Bu`aa Miinimiidiyaan Buuse

Miinimiidiyaan mana barumsaa keessatti bu`aan buusee dandeettiwwan afaanii cimsuu, aadaafi seenaa afaanii akka hubatan gochuudha. Akkasumas afoola adda addaa dubbisuun dandeetti afaanii cimsachuudha. Yaada kana kan nu dhugoomsu "students continue to tell us using technology to communicate and collaborate with their class mate's and teachers help them learn and enhance etheir experience".http;//www.tomorrow.org/speakup/htt;//twitter.com/speakuped. Yaada kana irra kan hubannuu, barattootni haala waliitti fufiinsan yoo teekinoloojii waliin dubbii kanatti fayyadaman muxxannoofi dandeettii dubbii isaanii barsiisaafi barataa waliin godhan ni dabala.

Dandeettiwwan afaanii, aadaa isaanii guddifachuuf miinimiidiyaan mana barumsaa keessatti gahee olaanaa akka qabu ni beekama. Barsiisota sagantaa miinimiidiyaa kana duuka bu`anii hordofuun mana barumsaa keessatti akka shaakalan taasisan irraa waan hubataniif keessi isaanii bakka guddaa ga`uuf kaka`u. gumii miinimiidiyaa mana barumsaa keessatti uumuun immoo kan akka hirmaataniif isaan kakaasu ta`a. kun immoo boru hawaasa kanaaf carraa banuufi ni danda`a.

## 2.7. Yaaxinaalee Qorannoo

Qorannoo keessatti yaaxinni bu'uura qorannichaa lafa qabsiisuuf baay'ee barbaachisaadha. Kanaaf qorannoo kana keessatti yaaxinaaleen itti dhimma bahaman yaaxina faayideessummaatiin akkataa fookilooriin aadaa hawaasaa keessatti tajaajilurratti kan fuulleffatuudha. Gama biraatiin immoo maleenyi guutuu afaanii immoo tooftaaleen afaan barsiisuu bifa adda addaa qabachuun isaa ifoomsa.. Akka Richardisfi Rodgers (1986:14)tti malli afaan barsiisuu karaa yookaan tooftaa qabiyyeen barumsaa filatamee ittiin barattootaaf darbuudha. Malli kun qabiyyee kaayyoo barumsa afaanii hojiirra oolchuu dandeessisuudha.

### 2.7.1. Yaaxina Fayyadeessumaa/tajaajilaa (Functionalism )

Yaaxinni kun hayyoota xiinmaddaatiin kan bu’uureeffameedha. Fookilooriin aadaa hawaasaa keessatti attamitti akka tajaajilu qorachuu bu'uura kan godhateedha. Gama tajaajila inni aadaa hawaasaa keessatti hawaasaaf qabuutiin qoratu. Fakkeenyaaf, raagamtaa hawaasa tokkoo kan qoratan aadaa hawaasa sanaa keessatti akkamittiifi maalif akka tajaajiluufi maal akka agarsiisu akkasumas, bu’aa inni hawaasichaaf qaburratti hundaa’uuni, (Dorson1972:21). Akkaataa itti fedhiin nama dhuunfaa dhaabbilee hawaasaa tajaaluu, xiinsammuun isaanii jijjiirama fiduuf gaheen inni qabu xiyyeeffata. Akkaataa itti fooklooriin yeroo garagaraatti hawaasummaa uummataa walitti fiduuf fayyadu qorata. Faayidaaleefi bu’aalee gochaalee hawaasa keessatti raawatanii (Fkf sheekkoon miseensotaan himamu,) akkasumas karaalee faayidaaleen kunniin ittiin jireenya hawaasichaa mirkaneessan gad fageenyaan xiinxaluun bu’aa qaba jechuun bu’uura yaaxina kanaati. Qabiyyee og-afaaniifi faayidaa isaanii ibsuuf tajaajila.

#### 2.7.2 .Maleenya Guutuu Afaanii/Muuxannoo Afaanii (Whole Language Approach)

Maalummaa guutuu afaanii kana jedhanii bifuma salphaan lafa kaa’uun kan hindanda’amne ta’uu (Carolyn, 1990) ibsee jira. Maleenyi kun bara 1980moota keessa garee beektotaa U.Sn afaan dhalootaa dubbisuufi barreessuu barsiisuuf kan madde ta’uu ibsama. Sochiin maleenya guutuu afaanii maleenyaa kaan mormuun afaan walumaa gala ykn guutummaan baratamuu qaba jedhu. Barnoonni guutuu afaanii yaadiddama daa’imman akka afaan dubbisuu danda’an barsiisuuf maddedha. Akkasumas, sadarkaa giddu galeessaafi sadarkaa lammaffaa ittiin barsiisuuttillee ce’edha.

Xiyyeeffannoon maleenya kanaa uumamumaan dubbisuufi barreessuu akka baratani. Kunis, walqunnamtii dhugaa uumuun; akkasumas, dubbisuufi barreessuun ofgammachiisaa kan geggeeffamudha. Malli kun bara 1990oota keessa Yunaayit Isteetsi keessatti daa’imman sadarkaa tokkoffaa dadeettiiwwan afaanii barsiisuuf mala fudhatama guddaa argate ture.

Haata’umalee, dhimmi guddaan guutuu afaanii keessatti dubbarree barsiisuun hiikaafi muuxannoo daa’immaniirratti xiyyeeffachuudha malee, dandeettiiwwan kanneen akka hubannoo jechootaa, sagaleefi mallattoo walitti fiduu, yookin sagalee walitti makuu akka hintaane ibsama. Haaluma kanaan, daa’imman dubbisuufi barreessuu gochaan barachuu qabu malee, dandeettiiwwan addaan qoqqooduun miti jedhanii ibsu.

### 2.7.2.1. Amaloota Dandeettiiwwan Afaanii Mala Guutuu Afaanii Keessatti

Malli guutuu afaanii biyyoota dub-barreen sadarkaa olaanaa gahan biratti kan hedduminaan hojiirra oolaa jiru ta'aa jira. Malli guutuu afaanii caalatti akka barattoonni afaan dubbiifi barreeffama dagaagfatan taasisa. Malli kun dandeettiilee afaanii amaloota asii gadii qaban hammata.

- Afaan qabatamaa fi uumamaa : afaan barachuu keessatti waliigalteef kan tajaajilu dha
- Gad-fageenya kan qabu: dandeettiiwwan afaanii: dhaggeeffachuu, dubbachuu dubbisuufi barreessuu kan adda hinbaasnedha.
- Hiika qabeessa
- Walitti hidhataadha
- Hawwataadha
- Barachuu barattootaa cimsa

### 2.7.2.2. Gochaalee Barannoo Mala Guutuu Afaanii Keessatti

Malli guutuu afaanii muuxannoo hiika qabeessafi hirmaannaa si'aayina qabu barattootaaf uuma. Akka Piaget ibsetti, karaa ijaarsitootaan barachuu jechuun dandeettiilee gara garaa karaa hirmaachisaa ta'een barattoonni yoo baratan,beekumsa dhuunfaa isaanii ijaarrachuu danda'u.. Malli guutuu afaanii bu'aa qabeessaafi gochaalee asii gadii hammata.

- Sagalee okaasuun dubbisuu: Gocha barsiisaan sagalee olkaasuun dubbisu hammata.
- Barruu qopheessuu:Sadarkaa dagaagina hubannoo barattootaarratti yaadaa fi dhaggeettii isaanii bifa barreeffamaan ibsu
- Callisaan dubbisuu: gahumsa dubbisuu erga horatanii booda callisaan sammuutti dubbisu
- Waliif qooduun dubbisuu: gochaalee gabaafaman irraa waliin dubbisu
- Qajeelfamaan dubbisuu: Gocha dubbisuu barattoonni deeggarsa barsiisaan dalaganidha.
- Qajeelfamaan barreessuu: gocha barreessuu barattoonni haala mijessummaa barsiisaan dalagan hammata
- Dhuunfaan dubbisuu: Gochaalee dubbisuu akaakuu barnootaarratti xiyyeeffate dhuunfaan dubbisuu
- Dhuunfaan barreessuu:gochaalee barattoonni akka bilisaan barreessaniif affeeran,dandeettii dubbisuu cimsan, gadi fageenyaan yaaduu cimsaniifi amaleeffannaa barreessuu fooyyessan hammata. Gochaaleen mala kana keessatti dhihaatan duraa duubaan dhihaachuu danda'u. Hojiirra oolmaan gochaalee barachuu amala dagaagina barachuu barattootaarratti hundaa'a.

## 2.8. Sakattaa Qorannoo Wal Fakkii

Qorannoon tokko yeroo geggeeffamu barruuleen dura mataduricharratti hojjetaman sakatta'amuun xinxaalamuu qabu.Kunis kan barbaachiseef wal fakkeenyaafi garaagarummaa qorannoowwa dura dalagamanirraa qabu ibsuudhaf. Haaluma kanaan mataduree 'afaan barsiisuu keessatti gahee miinimiidiyaan manneen barumsa godina shawaa kaabaa aanaa Hidhabuu Abootee magaalaa Ejeree keessatti qabu, jedhu kun tokkummaafi adda addummaa qorannoowwan duraan mataduree kana irratti hojjetaman waliin wal bira qabamanii ilaallamanii jiru. Haata'u malee mata duree kanarratti qorannoo digirii $1^{ffaa}$ (BA)fi mata duree kanatti kan dhiyyyaatu immoo kan digirii $2^{ffaa}$ (MA) gaggeeffame tokkoon argadhe, kan kanarra hafe qorannoon gaggeefame hinjiru jechuu ni danda'ama.Kunis mataduree kanarratti qorannoon bal'inaan akka hingeggeeffamne nama hubachiisa.

1. Qorannoo Faanoos Kaampaasii Salaalee waraqaa qorannoo digirii$1^{ffaa}$ Bara 2010 mata duree baruufi barsiisuu afaanii keessatti gahee miinimiidiyaa godina shawaa kaabaa aanaa hidhabuu abootee magaalaa Ejeree mana barumsa Ejeree lakk.1 jedhurraatti qorannoo ishee geggeessitee turte. Haa ta'u malee qorannoon isheen geggeessite kun ciminaafi hanqina mataa isaa qaba kunis akka armaan gadiitti ibsama.

   **Ciminni Qorannichaa:** Qorannoon Faanoos geggeessite kun uunka qorannoon tokko qabaachuu qabu qabatee jira waan ta'eef, kun cimina qorannichaa mul'isa.Akkasumas maalummaa miinimiidiyaa, faayidaa miinimiidiyaafi gosoota Afoolaa afaan barsiisuu keessatti gahee qaban hedduu kaasuun isaa cimina qorannichaati.

   **Hanqina qorannichaa:** Qorannoo Faanoos adeemsiiste kun akkuma cimina qabu hanqina mataa isaatis ni qaba. Haaluma kanaan dhugummaa qorannoo tokkotiif yaanni hayyoonni mata duree sanarraatti kaasan murteessaadha. Haa ta'u malee qorannoo kana keessatti yaanni hayyootaa fayyadamameefi haalli itti faayyadamiinsaa ija saayinsii qorannootiin yoo ilaallame gahaa miti. Akkasumaas hariiroon ykn wal hidhiinsi yaadaa, himaafi himaa, keeyyataafi keeyyataa, mata dureefi mata duree qorannoo kana keessatti mul'ate gaha miti.

2. Qorannoo leensaa baqqalaa Yuunivarsiitii Finfinnee digirii $2^{ffaa}$ (MA) Bara (2017/2018) mata duree Xiinxala Fayyadama Afaanii Barreeffamoota Afaan Oromoo Feesbuukii Keessatti jedhurraatti qorannoo ishee geggeessitee turte. Haa ta'u malee qorannoon isheen geggeessite kun ciminaafi hanqina mataa isaa qaba kunis akka armaan gadiitti ibsama.

**Cimina qorannichaa:** Akkaatuma kanaan qorannoon Leensaan geggeesse kun akkuma hanqina qabu cimina mataasaa niqaba. Haaluma kanaan qorannoo uunka qorannoon qabu boqonnaa 5'niin wal duraa duubaan qabatee dhiyaachuun isaa cimina qorannichaati.

**Hanqina qorannichaa:** Qorannoo Leesaan adeemsiiste kun akkuma cimina qabu hanqina mataa isaatis ni qaba. Hanqinni qorannichaas yeroo ibsamu qorannoo wal fakkii akka waan qabutti kaaste garuu qorannichi wal fakkii sun hinibsamne ykn hinjiru kaanaf waan jechuu barbaadeefi kan inni jedhu wal hinsimanne.

# BOQONNAA SADII: MALA QORANNICHAA

Boqonnaan kun saxaxa qorannoo, madda odeeffannoo, iddattoofi mala iddatteessuu, miti carraa keessaa akkayyoo tooftaa funaansa odeeffannoo, afgaaffii, marii gareefi daawwannaa, mala qacceessa ragaa kan ibsuu ta'a. Qorannoo akkamtaa gaggeessuuf amala qorannoo keenyaarratti hundoofnee odeeffannoo kan funaannannu daawwannaa, af-gaaffii, marii garee, dookumantii sakatta'uufi meeshaalee dhag-argee (audio-visual materials) fayyadamuufi akkaataan qindaa'ina qorannichaa boqonnaa kana keessatti nidhiyaatu.

## 3.1. Saxaxa Qorannoo

Saxaxni qorannoo yaada walii galaa akkaataa qorannoon tokko ittiin geggeeffamuu ibsa. Kanaafuu qorattuun kunis "Gahee Miinimiidiyaan Mana Barumsaa: kallattii barnoota Afaan Oromoo Gabbisuu Keessatti Qabu" maaliifi akkamii isaa xiinxaaluun kallatti agarsiisuudha. Odeeffannoo mala adda addaatiin funaantee qaaccessuuf mala qorannoon akkamtaatti fayyadamte yoo ta'u, malli ittiin qaacceffames mala ibsaati. Yaada furmaataa fudhatama qabu fiduuf madda odeeffannoo dhugaa fayyadamuu, mala iddattoo, meeshaa odeeffannoon ittiin funaanamuufi malli qaaccessa odeeffannoo duraa duubaan ibsameera.

## 3.2. Xinmala Qorannichaa

Malli qorannoon kun ittiin geggeeffame mala akkamtaa/qualitative fayyadamuudhaani. Malli akkamtaa dhimmoota qorannicha keessatti dhiyaatan Gahee Miinimiidiyaan Mana Barumsaa: kallattii barnoota Afaan Oromoo Gabbisuu Keessatti Qabu (Godina Shawaa Kaabaa Manneen Barnootaa Hidhabuu Abootee Magaalaa Ejereerratti Xiyyeeffate) waan ta'eef, qorattuun kun qorannoo kana geggeessuuf mala akkamtaa (qualitative research method) fayyadamte. Sababni qorattuun mala qorannoo akkamtaa filatteefis dhimma qorannoo ishee kallattiidhaan manneen barnootaa gumiin miinimiidiyaa mana barumsaa keessatti adeemsiisamutti qaaman argamuun odeeffannoo barbaachisaa ta'eefi qabatamaa ta'e funaannaachuun mala ibsaa fayyadamuun jechaan ibsuun mijataa waan ta'eefidha.

## 3.3. Iddattoofi Mala Iddatteessuu

Iddatteessuun hirmaattota waliigalaa jiran keessaa kanneen bakka bu'uu danda'an murteessu dha. Akkaataa yeroofi baajata qusatuufi kaayyoo qorannichaas galmaan ga'uu danda'u irratti hundaa'uun baay'ina waliigalaa irraa daangaa iddattoo addaan baafachuun kanneen bakka bu'an

murteessudha. Iddattoon qorannichaas gahee miinimiidiyaan mana barumsaa Afaan Oromoo gabbisuu keessatti qabu manneen barnootaa Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Hidhabuu Abootee Magalaa Eejeree keessa jiraatan barattootafi barsiisotaa manneen barnootaa waa'ee miinimiidiyaa mana barumsaarratti hubannoo qaban jedhamanii amanamanii irraa odeeffannoo argame qaaccessuudha. Malli iddateessuu qorannichaas mala miti carraati. Haaluma kannaan maddi qorannoo kanaa af-gaafiifi daawwannaafi marii garee yoota'u, mana barumsa Jeneral Taaddasaa Birruu sad.1[ffaa] Ejeree Lakk.1 barattoota gumii miinimiidiyaa mana barumsaa keessatti hirmaannaa guddaa qaban jedhamaanii yaadaman irraa dhiirota 9fi shamarran 11, akkasumas barsiisaa dhiiraa 1fi barsiisota dubaraa 2 walitti 23, mana barumsa Jeneraal Taaddasaa Birruu Ejeree sadarkaa 2[ffaa] lakk.1 irraa barattoota dhiira 8 shamarran 6, barsiisaa dhiiraa 1fi barsiistuu dubaraa 1 walitti 16, mana Jeneral Taaddassaa Birruu sad.2[ffaa] lakk.2 irraa barattoota dhiira 10fi shamarran10,barsiisaa dhiiraa1fi barsiistuu dubaraa 1 walii galattii namoota 22, manneen barnoota sadan irraa namoota 61 irraa mala iddattoo miti carraadhaan ragaan kan funaannameedha.Walumaagalatti namootni waa'ee miinimiidiyaa mana barumsaa irratti muuxxannoo guddaa qaban jedhamanii yaadaman 61 filachuun qorannoo geggeessuuf ragaa walitti qabameera.

## 3.4 Mala Filannoo Iddattoo

Qorannoon kun barattootaafi barsiisota Aanaa Hidhabuu Abootee manneen barnootaa Magaalaa Ejeree keessatti minimiidiyaa mana barumsaarraati hubannoo qabanirratti kan xiyyeeffate yoo ta'u, namoonni hundi muuxannoo, beekumsaafi fedhii isaanii wal qixa ta'uu dhiisuu mala. Kanaaf warra odeeffannoo barbaachisuu kennuu danda'an filachuun barbaachisaadha. Gabaabumatti qorattuun namoota muuxannoo, beekumsafi fedhii qaban kaayyoo qorannoo irratti hundooftee mala ittiin filatuudha. Bu'uuruma kanaan namoota baay'ina waliigala keessa qorattuun namoota 61 warreen miinimiidiyaa irraatti muuxxannoofi beekumsa gudda qaban jedhaamanii yaadaman irraa odeeffannoo funaannattee jirti.

## 3.5. Mala Odeeffannoon Ittiin Funaaname

Milkaa'ina qorannoo kanaatiif mala odeeffannoo ittiin guuramu qorattuu addaan baastee beekuun murteessaadha. Waan kana ta'eef qorattuun meeshaalee funaanasa odeeffannoo armaan gaditti dhiyaatanitti dhimma ba'uun odeeffannoo qorannichaaf barbaachisu walitti qabdee jirti. Meeshaalee funaansa odeeffannoo keessatti tajaajilan keessaa afgaaffii, marii gareefi

daawwannaarratti qaaman argamee meeshaalee waraabbii suur-sagalee deeggarame ragaa funaanuun danda’ameera. Sababiin isaas qorannicha dhimma afaan barsiisuu irratti waan xiyyeeffatuuf, kallattiin keessatti hirmaachuun daawwachuufi waraabbii fayyadammuun garee hawaasa manneen barnootaa jiran barsiisotaafi barattoota dhimmicharratti hubannoo qaba jedhamee yaadameef af-gaaffii dhiheessuun raga funaanuun wan danda’amuufi. Mariin garee kan barbaachiseefimmoo hubannoo qaban wal-yaadachiisuun odeeffannoo qabatamaafi gahaa ta’e akka kennanniifidha.

### 3.5.1. Daawwannaa

Daawwannaan meeshaalee ragaan ittiin funaannamu keessaa tokko ta’ee odeeffannoo jalqabaa (primary data) qorannoo kanaaf barbaachisu ittiin walitti qabuuf gargaarameedha. Akkaataa kanaan qoratittiin lafa odeeffannoo gahaafi amansiisaan af-gaaffii dhuunfaafi marii gareetiin argachuun rakkisaa ta’etti, iddoo miinimiidiyaan mana barumsaa qophaa'utti kallattiin keessatti hirmaachuufi daawwachuun meeshaalee waraabbii sagaleefi suur-sagaleen gargaaramuun odeeffannoon funaannattee jirti. Daawwannaan tooftaa odeeffannoo argaa dhageettii funaanuuf fayyadu keessaa tokko waan ta’eef, tooftaa kanaan bakka minimiidiyaa mana barumsaa hojiirratti argamutti qaamaan argamuun odeeffannoo walitti qabdee jirti. Tooftaa kun dhimma qorannoo kanaan waliin deemu yookiin qorannichaan walitti dhufeenya qabuufi odeeffannoo qorannicharratti barbaadame guca irratti guutamu dursee qopheeffameefi yaadannoo battalaa fudhachuun kallattiin kan daawwatameedha. Kaayyoon daawwannaa kanaa deebii af-gaaffiifi marii garee mirkaneessuudha. Waanti namni hojjetuufi waanti namni dubbatu wal adda ta’uu ni mala.

### 3.5.2 Af-gaaffii

Afgaaffiin akaakuwwan meeshaa funaansa odeeffannoo keessaa tokko ta’ee, kan qorattuufi odeeffannoo kennitoonni fuulletti wal arganii odeeffannoon irraa walitti qabamudha. Malleen sassaabbii odeeffannoo kanneen qorannoo kana keessatti hojiirra oolan keessaa inni jalqabaa afgaafidha. Qorannoo kana karaa milkaa'aa ta'een gaggeessuufi argannoo tokko bira qaqqabuuf odeeffannoon mala biroon argamu qofti qorannichaaf gahaa waan tahuu hindandeenyeef afgaafiin odeeffannoo kanneen biroon bira hingeenye gaafataniii bira gahuun odeeffachuudha. Malli funaansa odeeffannoo kun qorannoo qulqullinaa keessatti sababni filatamaa ta’eef namoota odeeffannoo kennan fuullee fuulleetti wal arguun waan raawwatuuf haala jiru hubachuun akka

gaaffileen hubatamu taasisuun waan danda’amuuf qabatamaatti odeeffannoo dhugaa argachuuf nidandeessisa. Kanamalees, afgaaffiin haala barbaadeen fooyya’uu waan danda’uufi yeroo afgaaffiin odeeffannoon funaannamu kan afaaniin dubbatamu caalaa sochii odeffannoo kennitoota irraa odeeffannoo dabalataa argachuufi kan kana fakkaatuuf faayidaa cimaa qaba. Bu’uura kanaatiin qorattuun kunis mala funaansa odeeffannoo kana filachuun qaaman namoota mata duree kanarraatti itti dhiyeenyaan odeeffannoo qabanirraa ragaa funaannachuu dandeessee jirti.

### 3.5.3. Marii Garee

Marii garee kan barbaachise odeeffannoon qorannichaaf barbaadame afgaafiifi daawwannaa irraa argame keessatti kanneen yaada waldhahaa ta'an qulqlleeffachuuf odeeffannoo kennitoota waliin bakka tokko ta'anii dhimmoota gaaffii kaasan irratti walii isaanii walgaafachuun akka mari'atan taasifameera. Bu'aa marichaa ragaa qorannootti dabalachuun guutuu taasiseera. Barattoota afgaafiin taasifameef kenneen keessa garee miseensota kudha jaha qabu bakka lamatti qooduun mata duree afgaafii keessatti deebii quubsaa hinargannerratti marii taasisuun walii galuun xumuran. Bu'aan marii garee irraa argameen qorannichi raga haqa qabeessa ta’een dabaalamee ibsame.

Namoota muuxannoofi beekumsa miinimiidiyaa mana barumsaa irratti qaban garee tokko keessatti namoota murtaa’oo manneen barnoota keessa filataman marisisuun qorattuun karoora ishee milkeessitee jirti. Namoonni gaaffii gareen kennameef erga sirritti garee xiqqaafi guddan irritti mari’atanii booda, odeeffannoo waraabiifi yaadannoon fudhachuun sassaabameera. Sababni tooftaan kun filatamufis odeeffannoo gahaafi ifa ta’e ni kenna jedhamee amanama.

### 3.5.4 Sakatta’aDokumentii

Malleen funaansa ragaa qorattuun dhimma itti baate keessa inni biroo sakatta'a dookimentiiti. Meeshaalee funaansa ragaa kanatti gargaaramuun qorattuun dookumentiiwwan bifa barreeffamaan, bifa viidiyoon, bifa suuraan ykn bifa fakkiitiin bakka adda addaatti kuufamanii jiran sakatta’uun dandeessee jirti.

Haaluma kanaan kitaabolee barattootaa Afaan Oromoo, silabasii barnoota Afaan Oromoo, qajeelcha barsiisaa Afaan Oromoo, barreeffamoota gosa adda addaa, fakkiileefi viidi’oowwan barattoota miseensa gumii minimiidiyaa manneen barnootaa ta’aniin manneen barnootaa keessatti kuufamanii argaman sakatta’amanii jiru. Gama funaansa ragaa kanaanis gahee

minimiidiyaan mana barumsaa barnoota Afaan Oromoo gabbisuu keessatti qabu walitti qabamuu danda’ee jira.

## 3.6. Adeemsa Funaansa Odeeffannoofi Mala Qaaccessa Ragaa.

Mata duree kana jalatti haala ragaan odeeffannoo kennitoota irraa itti funaaname, adeemsa hiikni itti kennamefi akkaataa itti qaaccefametu qindaa’ee dhiyaate.

### 3.6.1 Adeemsa Funaansa Odeeffannoo

Qorattuun kaayyoo qorannoo kanaa galmaan ga’uuf gahee miinimiidiyaan mana barumsaa Afaan Oromoo gabbisuu keessatti qabu maal akka ta’e xiinxaluuf meeshaa funaansa ragaa kan akka afgaaffii, daawwannaafi marii garee xiyyeffannoo fayyadamtee odeeffannoo madda ragaa duraa irraa sassaabuun qorannoo adeemsiste. Kunis deeggartoota nama sadi waliin ta’amee bifa itti aanuun hojjatame. Jalqaba cheekliistii qopheeffachuun daawwannaan taasifameera. Sagalee waraabbiinis adeemsifameera. Itti aansee afgaaffiin madda ragaa duraa irraa yeroo gara garaa keessatti kallatiin taasifame.Dhuma irrattimmoo odeeffannoo afgaaffiifi daawwannaan argame gabbisuufi marii garee xiyyeeffannoo adeemsifamee yaada beektotarraa deggaramee dhiyaatee jira.

Dabalataan gahee miinimiidiyaan mana barumsaa Afaan Oromoo gabbisuu keessatti qaburratti mul’atuufi gara fuula duraatti maal ta’uuf akka deeman akeekuuf gaafiileen bu’uraa Afgaafii, Cheekliistiin daawwannaaf ta’u akkasumas, qabxiin marii gareetiif ta’u qophaa’ee manneen barnootaa irraa, namoota dhuunfaarraafi marii garee irraa odeeffannoon fuudhamee jira.

## 3.6.2 Mala Qaaccessa Ragaa

Qorannoo kana keessatti ragaaleen argaman akka ragaatti qindeessuun dura dhugummaafi qulqullinni isaanii mirkaneefamanii jiru. Kunis ragaaleen gara aloolaatiin afgaafiinfi marii gareetin gaaffilee qaxaamuraa mata duricha wajjiin waliitti dhufeenya qaban gaafachuuun bu'a isaan irraa argame qindeessudha. Itti aansuun daawwannaa minimiidiyaa mana barumsaa manneen barnootaarraa argaman, gaafilee mata dureen walqabatan bu'uura godhachuun odeeffannoo argameefi kanneen marii gareerraa argame walitti qindeessuun akaakuudhaan qoqqooduun, malleen qaaccessa ragaa akkamtaatiin xinxalamaniiru.

### 3.7 Qindeeffama Qorannoo

Qorannoon tokko kaayyoo isaa galmaan gahuuf qindaa’aa ta’uu akka qabu beektoonni adda addaa ni dubbatu. Kunis amala qorannoon gaarii tokko qabu keessaa haalaan qindaa’aa ta’uun, jechoota ifa ta’een barreeffamuun, yaadaan walqabataa ta’uu akka qabu beektotaan barreeffamera. Qorannoo gaariin tokko amala saayinsaawaa, qabatamaa, murtaa’aafi akka seera

qorannootti tartiiba caasaa qorannoo hordofuun dhiyaachuu qaba. Kanaaf qorannoon kun tartiiba qorannoo eegee boqonnaa shanitti qoodamuun qinda’ee jira. boqonnaa tokko keessatti mata duree u, kaayyoon qorannichaa, ka’umsa qorannoo,barbaachisummaa qorannoofi Daangaan qorannichaa Boqonnaa lammaffaa keessatti sakatta’i barruu, Boqonnaa sadaffaa toofta ragaa qorannoo kanaa funaanuudhaaf mijataa ta’etti fayyadamamee raga gama hundaan funaanname bakka itti qindeeffamuudha, Boqannaa afur keessatti immoo iddoo ragaleen bifa gara garaan funaanaman itti qaaccefamaniifi Boqonnaan shan cuunfaa argaannoofi yaboo qabatee dhiyaate.

## 3.8 Naamusa Qorannoo

Qorannoon kamiyyuu adeemsa ittiin abbaa dhimmichaatti dhiyaachuun waan barbaadan sana irraa argachuun danda’amu beekuun barbaachisaadha. Qorattuun haala kana keessatti miseensota gumii minimiidiyaa mana barumsaa sana bira deemuun akka isaanitti yaaduufi buluun, isaan fakkaattee odeeffannoo barbaachisaa ta’e argachuun qulqullina qorannichaaf bu’aa guddaa buuse. Adeemsa kanaan qorattuunis hawaasa kana keessatti waan guddateef haala uffannaa, safuu, aadaa haasawaa, amantii, jechoota saalfiifi kabajaa, bakka namoonni itti argamuu qabaniifi argamuu hinqabne addaan baastee wanta hubatteef naamusa ogummaa eegdee haaluma gaariin qorannicha adeemsisuu dandeese jirti.

# BOQONNAA AFUR: QAACCESSAAFI IBSA RAGAALEE

## 4.1. Haala Waliigalaa

Ragaan odeeffannoo kennitoota isaa walitti qabaman akkataa kaayyoo qorannoo galmaan ga'utti qindaa'anii as jalatti qaacceffamaniiru. Dabalataan yaadni beektonni waa'ee mataduree qaaccefame irratti qabanisi ragaa qindaa'e waliin walbira qabanii dhiyaataniiru. (Dastaa, 2013:67). Odeeffannoon funaanames akka calqabairratti karoorfameen xiinxalamuun hiika waliin qaacceffamaniiru. Odeeffannoon qorannoo kanaaf barbaadame meeshaa funaansa ragaalee afgaafii, marii garee xiyyeeffannoofi daawwannaa irraa bifa barreeffamaan, suuraafi sagaleen sassaabame Aanaa hidhabuu abootee manneen barnootaa magaalaa Ejeree keessatti gahee miinimiidiyaan kallattii barnoota afaan oromoo gabbisuu keessatti qabu irratti kan dhiyaatan kanneen akka yeroo ayyana maatii,  ayyana HIV Eedsiifi ganamaafi galgala hiriira irratti sagantaan dhiyaataan keessattii qorattuun qaamaan mana barumsa Jeneral Taaddassa Birruu sad 2^ffaa^ lakk.2 keesatti argamuu yoo hirmaattu manneen barnoota hafan lamaan (mana Ejeree sad.1^ffaa^ lakk.1fi M/B Jeneral Taaddassa .Birruu sad.2^fffaa^lakk.1) garuu, meeshalee funnaansa ragaa af-gaafii, dawwannaaafi marii gareetin hordoofuun kan funaannatteedha.

## 4.2. Odeeffannoo waa`ee Ragaa Kennitootaa

Odeeffannoo gababaa warren nuuf laatan keessaa tokkoo barsiisota afaan barsiisan akka walii galaatti manneen barnootaa sadan keessaa dhiira 3 durba 4 haala tajaajila turtii mana barumsichaa keessatti qabaniin barsiisota waggaa shanii ol tajaajilan, gumii isaan qabataniifi muuxannoo isaan qabaniin filatamaniiru.

**Gabatee (1) Odeeffannoo ragaa kennitootaa kan barsiisaa**

| Sadarkaa barumsaa | Saala | | | Umurii 31 ol | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | Dhi | Dub | W/G | Dhira | Durb | W/G |
| MA | 1 | - | 1 | 1 | - | 1 |
| Digirii | 2 | 4 | 6 | 2 | 4 | 6 |
| Ida`ama | 3 | 4 | 7 | 2 | 3 | 7 |

Akka gabatee kana irraa hubannutti barsiisota manneen barumsa  dhiira sadiifi durba afur sadarkaan barumsa isaanii dhiirri tokko digirii 2^ffaa^ (MA) akkasumas dhirri 2fi dubartootni 4 ida`amni isaanii 6 kan ta`an digirii1^ffaa^(BA) kan ta`e irraa odeeffannoo kanan argadhe yoo ta`uu,

tajaajilli yookiin turtiin isaan mana barumsichaa keessatti qaban barsiisota afaan barsiisan ta`anii waggaa shanii ol mana barumsichaa keessatti kan tajaajilan yoo ta`u, barsiisonni kun muuxannoo gaggaariifi hubannoo gahaa kan irraa argadheedha
Yoomessa miinimiidiyaan mana barumsaafi haala jijjiirramaafi ittifufiinsa gahee miinimiidiyaa mana barumsaa  maal fakkata jedhee gaaffii gaafadheef deebii barsiisota Afaan Oromoo gumii miinimiidayaa keessatti hirmaatan irraa argamee bifa itti aanu kanaan dhiyaate.

Gaaffilee qorannoo dhiyaate irratti hundaa'un deebii naaf deebisaniin gumiin miinimiidiyaa dandeettii afaaniifi wantoota aadaa dagagsuufi gabbisuu keessatti gaheen isaa olaanaa ta'u ibsaniirru. Itti dabaluunis wantoota aadaa hawaasa sanaa afoolotafi wantoota nama barsiisan bashaanansiisan jedhamee yaadamu waan gumii kana keessatti dhiyaatuuf gumaachi miinimiidiyaa m/b olaanaa ta'u ibsaniru. Karaa birattin miinimiidiyaa gahee olaanaa osoo qabuu sagantaan isaa xiyyeeffannoo dhabuu immoo akka hanqinaatti kaasaniru haaluma walfakkatun qophiin miinimiidiyaa m/b keessatti laafaa dhufuu isaasakka hanqinaatti kaasaniru.

**Odeeffannoo gababaa Barattootaa**

Barattoota odeeffannoo naaf laatan manneen barnoota sadan keessaa barattoota miseensa gumii miinimiidiyaa keessatti hirmaanna guddaa qaban jedhamanii yaadaman keessa bifa miti-carraan mana barumsa Ejeree sadarkaa 1ffaa lakk.1 dhiira10 fi durba 10, mana barumsa J/Taaddasaa Birruu sadarkaa2ffaa lakk.1 dhiira 9fi durba 5fi mana barumsa J/Taaddasaa Birruu sad 2ffaa lakk.2 dhiira10fi durba 9 kan ta`an haala muxxannoofi hirmaanna gumii miinimiidiyaa   keessa turaniin kan fudhatamaniidha.

**Gabatee (2) odeeffannoo ragaa barattoota mana baruumsa Ejeree sad.1ffaa lakk.1 Ejeree.**

| Lak k. | Kutaa | Baay'ina | Mata dureewwaa | Xiyyeeffannaa qabiyyee afaanii | |
|---|---|---|---|---|---|
| | | | | Dhaggeeffachuu | Dubbachuu |
| 1 | 4 | 3 | 1. Tokkumma | ✓ | **X** |
| | | | 2. Yaamanabarumsa | ✓ | X |
| | | | 3. Harmee | ✓ | X |
| 2 | 5 | 4 | 1. Barataa | ✓ | X |
| | | | 2 Idaa'amuu | ✓ | X |
| | | | 4. Walaloo ispoorti | ✓ | X |
| | | | 5. Mammaaksa | ✓ | ✓ |
| 3 | 6 | 3 | 1. Nu yaa bararuu | ✓ | X |
| | | | 2. Waa sadii qabadhu, waa sadii beeki,waa sadii kabajii | ✓ | X |
| | | | 3. Tokko maali? | ✓ | ✓ |
| 4 | 7 | 5 | 1. Eedsii | ✓ | X |
| | | | 2. Hojii | ✓ | X |
| | | | 3. OduuDinqisiisoo | ✓ | X |
| | | | 4. Baacoo | ✓ | ✓ |
| | | | 5. Odaa | ✓ | X |
| 5 | 8 | 5 | 1. Sabaafisab-lammii | ✓ | X |
| | | | 2. Oduu yeroo | ✓ | X |
| | | | 3. Qabeenya | ✓ | X |
| | | | 4. Kana beektuu | ✓ | X |
| | | | 5. Dur-durii | ✓ | ✓ |

=Xiyyeeffachuu agarsiisuuf X= xiyyeeffachuu dhabuu agarsiisuuf

Akka gabateen lammaffaan ibsutti barattoota mana barumsa Ejeree lak.1 dhiira10 fi durba10 ida`ama 20 kan ta`an odeeffannoo laataniiru. Barattoonni kun sadarkaan barnoota isaanii kutaa

afur, keessaa dhiira tokkoo dubara lama, kutaa shan, keessaa dhiira tokkofi durba sadii, kutaa jaha, keessaa dhiira tokko dubara lama kutaa torba, dhiira sadii dubara lama kutaa saddeetti, dhiira afur dubara tokko kan ta`anii warra gumii miinimiidiyaa keessa jiran bifa miti- carraan adda baasuun odeeffannoo kana funaanadhee

Itti dabalees akkuma gabatee armaan olii irraa hubannutti barattootni gumii miinimiidiyaa keessa jiran kan kutaa 4-6 jiran walaloo gaggababaa akkasumas wantoota ijaan arganiifi gurraan dhagahan irratti yoo qopheessan barattootni kutaa 7fi 8 wantoota haala yeroo irratti hunda'u fknf.yeroo qophii ayyana HIV Eedsii,ayyana maatiifi qophiilee adda addaa sagantaa sanan kan wal-fakkatu qopheessuu irratti hubannoo cimoo qabu. kana hubachuu kan dandeenyu qabiyyeewwan mata duree isaan kaasan qabata godhachuudhan.

**Gabatee (3) Mana barumsa J/Taaddasaa Birruu Sad.2ffaa lakk.1fi lakk.2 Ejeree**

| **Lakk** | **Kutaa** | **Baay'ina** | **Mata dure** | **Xiyyeeffannaa qabiyee afaanii** | |
|---|---|---|---|---|---|
| | | | | **Dhaggeeffachuu** | **dubbachuu** |
| **1** | **9** | **11** | 1. Eebbaa yeroo Irreechaa | ✓ | ✓ |
| | | | 2. Buttaan maali? | ✓ | ✓ |
| | | | 3. Baacoo namoota sadi | ✓ | ✓ |
| | | | 4. Baacoo | ✓ | ✓ |
| | | | 5. Oduu gabaa | ✓ | ✓ |
| | | | 6. Geerarsa | ✓ | ✓ |
| | | | 7. Oduu tibbanaa | ✓ | **X** |
| | | | 8. Akkoo manooyyee | ✓ | ✓ |
| | | | 9. Baacoo nama lamaa | ✓ | ✓ |
| | | | 10. Sheekoo qocaafi illeentii | ✓ | ✓ |
| | | | 11. Faaruu loonii | ✓ | ✓ |
| 2 | 10 | 5 | 1. Gosa fuudhaafi heeruma shaawaa kaabaa | X | **X** |
| | | | 2. Qalluun maali? | X | **X** |

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| | | | 3. Hidda latii oromoo beektuu? | X | ✓ |
| | | | 4. Dur-durii leencaafi hantuutaa | ✓ | ✓ |
| | | | 5. Oduu gammachisaa | ✓ | X |
| 3 | 11 | 12 | 1. Mammaaksa hiikaa waliin | ✓ | ✓ |
| | | | 2. Ateeteen maali? | ✓ | **X** |
| | | | 3. Irreechi maali? | ✓ | **X** |
| | | | 4. Hiiboo | ✓ | ✓ |
| | | | 5. Waa jaha diniqa | ✓ | ✓ |
| | | | 6. Dur durii | ✓ | ✓ |
| | | | 7. Oduu durii hantuutaafi leenca | ✓ | ✓ |
| | | | 8. Jechama | ✓ | X |
| | | | 9 Walaloo orormiyaa | ✓ | X |
| | | | 10 Wal dorgoommii nyaataa | ✓ | ✓ |
| | | | 11. Asoosamaa daa'imaafi hiribaa | ✓ | ✓ |
| | | | 12. Akkaataa nyaannii aadaa itti hojjetamu? | ✓ | ✓ |
| | | | 1. Oduu ispoortii | ✓ | ✓ |
| 4 | 12 | 5 | 2. Kana beektu maqaa abbootii gadaa bara bulchiinsaa waaliin | ✓ | ✓ |
| | | | 3. Mammaaksaafi hiikaa isaa | ✓ | ✓ |
| | | | 4. Mammaaksaafi hiikaa isaa | ✓ | ✓ |
| | | | 5. Faaruu daa'imannii | ✓ | ✓ |

✓ =Xiyyeeffachuu agarsiisuuf X= xiyyeeffachuu dhabuu agarsiisuuf

Akka gabateen sadaffaa ibsutti barattoota mana barumsa Ejeree sadarkaa 2[ffaa].ti Dhiira 19 fi durba 14 Ida`ama 33 kan ta`an odeeffannoo laataniiru. Barattoonni kun sadarkaan barnoota isaanii kutaa sagal, keessaa dhiira 5fidurba6, kutaakudhan keessaa dhiira 4fi durba 1, kutaa kudha tokko, keessaa dhiira 7fi dubara 5akkasumas kutaa kudha lama keessa dhira 2fi durba 3 kan ta`anii warra gumii miinimidiyaa keessa jiran bifa miti- carraan adda baasuun odeeffannoo kana funaanadheera

Barattootni gumii miinimiidiyaa keessa jiran kun wantoota naannoo isaannitti argaaniifi dhagahaan akkasumas barmaatilee miidha qaban irratti muxxannoo isaanii hawaasa isaan keessatti dhalatan irraa funnanun fidaanii hawaasa m/b keessa jiruuf barumsa akka kennu ykn muxxannoo dabalataa akka argatan isaan taasisu. Akka mata duree isaanii ilaaleetti wantootni aadaa, seera fuudhaafi heerumaa akkasumas afooloonni adda addaa kan nama barsiisan bashaanaansiisan kaafamani jiru.

## 4.3.Walitti dhufeenya meeshalee barnootaa fi Gumii miinimiidiyaa

Qorattuunwalittii dhufeenya meeshaalee barnootaa gumii miinimiidiyaa yoommuu gaggeessitu meeshaaleen barnootaafi gahee miinimiidiyaa wal-bira qabuun ilaaluuf yaalteettii. Kitaaba barataa kutaa( 4-12) akka walii galaatti yoommuu ilaallu walaloofi wantoota aadaa jalqaba irratti hin barsiisu. Qophiin miinimiidiyaa keessatti kan dhiyaatu yeroo sagantaa adda addaafi hiriraa irratti ganamaafi galgaala.fkn qophii Ayyana HIV Eedsii ayyana maatiifi qophilee akka tasaa mana barumsaa keessa dhiyaatu kan qophaa’udha.

**Gabatee (4) Qabiyyee Meeshaaalee barnootaa Kutaa 4-8 (hanga batii muddeetti.)**

| Kutaa | Qabiyyee meeeshaalee barnootaa (kitaaba barataa, silabasiifi qajeelcha barsiisaahanga batii muddeetti). | Qabiyyee afaanii barattootaan dhiyaate |
|---|---|---|
| 4 | I. Dandeettiiwwan afaanii<br>✓ Dhageeffachuu<br>✓ Dubbachuu<br>✓ Dubbisuu callisaa<br>✓ barreessuu<br>II. Qaiyyee afaanii<br>✓ Walaloo | ✓ Tokkumma<br>✓ Yaa mana barumsa<br>✓ Harmee |
| 5 | I. Dandeettiiwwan afaanii<br>✓ Dhageeffachuu<br>✓ Dubbachuu<br>✓ Dubbisuu callisaa<br>✓ barreessuu<br>II. Qaiyyee afaanii<br>✓ Durdurii<br>✓ Walaloo | ✓ Baratаa<br>✓ Idaa'amuu<br>✓ Walaloo ispoorti<br>✓ Mammaaksa |
| 6 | I. Dandeettiiwwan afaanii<br>✓ Dhageeffachuu<br>✓ Dubbachuu<br>✓ Dubbisuu callisaa<br>✓ barreessuu<br>II. Qaiyyee afaanii<br>✓ Sheekkoo caqasuu<br>✓ Eebba | ✓ Nu yaa bararuu<br>✓ Waa sadii qabaadhu, waa sadii beekii, waa sadii kabajii<br>✓ Tokko maali? |
| 7 | I. Dandeettiiwwan afaanii<br>✓ Dhageeffachuu<br>✓ Dubbachuu<br>✓ Dubbisuu callisaa | ✓ Eedsii<br>✓ Hojii<br>✓ Oduu dinqisiisoo<br>✓ Baacoo |

| | | |
|---|---|---|
| | ✓ barreessuu<br>II. Qaiyyee afaanii<br>✓ Handhuura<br>✓ Dur durii<br>✓ Maqaa guyyaa ykn ji'ootaa<br>✓ Walaloo | ✓ Odaa |
| 8 | I. Dandeettiiwwan afaanii<br>✓ Dhageeffachuu<br>✓ Dubbachuu<br>✓ Dubbisuu callisaa<br>✓ barreessuu<br>II. Qaiyyee afaanii<br>✓ Moggaasa maqaa<br>✓ Sirna gadaa<br>✓ Mammaaksa<br>✓ Sheekkoo | ✓ Walaloo<br>✓ Oduu yeroo<br>✓ Qabeenya<br>✓ Kana beektuu<br>✓ Dur durii |

**Gabatee (5) Qabiyyee Meeshaaalee barnootaa Kutaa 9-12 (hanga batii muddeetti.)**

| Kutaa | Qabiyyee meeeshaalee barnootaa (kitaaba barataa, silabasiifi qajeelcha barsiisaahanga batii muddeetti). | Qabiyyee afaanii barattootaan dhiyaate |
|---|---|---|
| 9 | I. Dandeettiiwwan afaanii<br>✓ Dhageeffachuu<br>✓ Dubbachuu<br>✓ Dubbisuu callisaa<br>✓ barreessuu<br>II. Qabiyyee Afaanii<br>✓ mammaaksa<br>✓ geerarsaaa goota faarsu<br>✓ tapha ijoolleefi seera taphichaa | ✓ Eebbaa yeroo Irreechaa<br>✓ Buttaan maalii<br>✓ Baacoo<br>✓ Dur durii<br>✓ Geerarsa<br>✓ Sheekoo<br>✓ Faaruu loonii |

| | | |
|---|---|---|
| 10 | I. Dandeettiiwwan afaanii<br>✓ Dhageeffachuu<br>✓ Dubbachuu<br>✓ Dubbisuu callisaa<br>✓ barreessuu<br>II. Qabiyyee Afaanii<br>✓ Sirna fuudhaafiheerumaa<br>✓ Ciigoofi goosota isaa<br>✓ Seenaa hidda dhaloota<br>✓ Geerarsa | ✓ Gosa fuudhaafi heeruma shaawaa kaabaa<br>✓ Qalluun maalii<br>✓ Hidda latii Oromoo<br>✓ Dur durii<br>✓ Oduu barreessuu |
| 11 | I. Dandeettiiwwan afaanii<br>✓ Dhageeffachuu<br>✓ Dubbachuu<br>✓ Dubbisuu callisaa<br>✓ barreessuu<br>II. Qabiyyee Afaanii<br>✓ Geerarsa<br>✓ Sheekkoo bineensota<br>✓ Geerarsa gootaa<br>✓ Ciigoofi gosoota isaa | ✓ Mammaaksa hiikaisaa waliin<br>✓ Ateeteen maali<br>✓ Irreechi maali<br>✓ Wa jaha diniqa<br>✓ Dur durii<br>✓ Jechama<br>✓ Walaloo<br>✓ Barreeffama oduu<br>✓ Asoosama |
| 12 | I. Dandeettiiwwan afaanii<br>✓ Dhageeffachuu<br>✓ Dubbachuu<br>✓ Dubbisuu callisaa<br>✓ barreessuu<br>II. Qabiyyee Afaanii<br>✓ Ergaa mammaaksa<br>✓ Hiika hiibboowwanii<br>✓ Sirba fuudhaafi heerumaa | ✓ Oduu<br>✓ Kanabeektuu maqaa Abbootii gadaa bara bulchinsa waaliin<br>✓ Mammaaksa hiika isaa waliin<br>✓ Faaruu daa’imaanii |

### 4.3.1. Qaaccessa kitaaba baratâa

Mee jalqabuma kutaa 4ffaa irraa yoo kaanu kitaabichi walii gala boqonnaa 15'n qaba. walaloo kan arganu kitaabicha keessatti boqonnaa9ffaafi 14ffaa keessatti, Kutaa 5ffaa keesattii boqonnaa 13 Eedsii (walaloo) boqonnaa 20 Re'ee Raajii boqonnaa 22 walaloo boqonnaa 24 Saawwaniifi Handaaqqoo (dur-durii) boqonnaa 26 Jaarsaafi Culullee (dur-durii) kutaa 6ffaa keessatti boqonnaa1 sheekkoo caqasuu,boqonnaa 10 Eebba, boqonnaa 13 Fayyaan Cululleedha(mammaaksa),boqonnaa 18 Adurreefi Saree(durdurii), boqonnaa 23 Afoola, boqonnaa 24 walaloo Kutaa 7ffaa

Kitaaba kana keessatti boqonnaa 1ffaa keessatti maalumma handhuuraa gababiinaan ni kaasa barattoonnii garuu dursanii waa'ee aadaa bal'inaan kutaa duraayyuu osuma jirannu baratanni jiru.kan immoo kan dhugaa nu bahu kutaalee darban keessatti wantoota dhiyaatan sana. Itti aansuun boqonnaa 8ffaa ttis dhaha Oromoo,boqonnaa13ffaa gamna gamna caalu (durdurii), boqonnaa 15ffaa gowwummaa (dur durii), boqonnaa 21ffaa odaa,hamii (walaloo)fi boqonnaa 23ffaa qoccaafi simbirroo(walaloo) Kutaa8 ffaa boqonnaa 1 moggaasa maqaa(aadaa), boqonnaa 3 loon ulee tokkoo(aadaa), boqonnaa 8ffaa sirna gadaa(aadaa),boqonnaa 11 gorsa didduu du'a diddaa(mammaaksa),boqonnaa 14 hibboo,boqonnaa 21weedduufi boqonnaa 22 maafan tamboo xuuxaa(walaloo) kutaa 9ffaa boqonnaa 2 Addooyyee (aadaa), boqonnaa16 yeroo yeroon qabi (walalloo) fi boqonnaa 17 Garaa walitti nahe (Asoosama) kutaa 10ffaa boqonnaa 4 Toltuufi Hiree ishii (asoosama), boqonnaa 5 Burqaafi Dureettii (waliin dubbii), boqonnaa 9 sirns gadaa(aadaa), boqonnaa 10 Guddifachaa (aadaa), boqonnaa 14 Afoola, boqonnaa 15 Durba morma lamaa (asoosama),boqonnaa16 Gabbii (asoosama) kutaa 11ffaa boqonnaa 5 eenyu yaa fuudhu(dur durii), boqonnaa 10 kan mana baasan manaa nama baasa( mammaaksa), boqonnaa 11 og-walaloofi boqonnaa 15 faaya mormaa(asoosama) kutaa 12ffaa boqonnaa 7 harka quullaa kaatuu moo(asoosama), boqonnaa 9 og walaloo, boqonnaa 11 asoosama, boqonnaa 13 tumaa (miidhagina aadaa), boqonnaa 16 gumaa kan jedhuudh. Mee walaloo guyyaa 16 3/2012 ganama hiriraa irratti barattuu Galilaa Abraahamiin dhiyaate yaa illallu.

### *1. <u>Mata Duree Tokkummaa</u>*

*Harka wal qaba Wajjumaan dhamaanee*
*Waliin mari'anne Kutaannoodhan kaanee*
*Tokkumaadhan kaanaan waliin mari'anaan*
*Abdiin ijaarramnee firii gaarii finnaa*
*Sirritti Warri rakkoo uumaanis gallee himnaan*
*Guddinni biyyattis ni dhufa safisaan*
*Muka damee guddaa daawwitii jireenyaa*
*Kan jaalatamu kana kallattii hundumaan*
*Tokkummaa cimsaanee muxxannoo guddisnee*
*Aadaa Oromoo ol kaasnee hundii walii gallee*
*Jabaannee barannee kutaannoodha kaanee*
*Walii galaa deemnaan firii argamsiisnee.*

Walaloo barattuu kanaa yoo qaaccessinu tokkumaan bu'uura waan hundaa ta'u yoo tokkummaa qabatan waan human guddaa gaafattullee akka salphaatti hojjeechuu wanti damee ykn namoota hedduun walii galamee hojjeetame bu'aa gaarii qabachuu nutti mul'isa.

Kutuma 4ffaa kana keessatti kan barattuu biroo yoo ilaalle barattuu Kookeet Tammiruu mata duree yaa mana barumsaa jedhu guyyaa 22/4/2013tti hiriira galgalaa irratti dhiyyeesiteedha.

### *2.Yaa Mana Barumsaa*

*Mana barumsaa koo iddoo beekumsa koo*
*Daladhee guddadhee ani sin abdaadhee*
*Akkan sitti baradhuu harmeen koo natti himtee*
*Abbaan barruulee bitee anillee qophaa'ee*
*Sittin dhufa jedhee yeroon kootis gahee*
*Mana barumsaa koo burqaa beekumsaa koo*
*Barsiisaa naannoo koo maatiif abboottan koo*
*Aadaaf duudhaa kan koo safuufi jireenya koo*
*Situ na barsiisee mana baruumsaa koo*

*Sittan waa baraadhee hundee beekumsaa koo*
*Ani sin jaaladhaa yaa mana barumsaa*
*Ofii qofaa mitii fidaadha hirriyyota koo*
*Hunduu si keessaa maddee barsiisaaf doktorrii*
*Payilleetiifi Enjinaarrii kan ta'annii beektoonnii*
*Anis kannan hawwaa kaanaafan si jaaladhaa.*

Walaloo barattuu kana gadii fageenyaan yoo ilaallee bu'uurri ykn ka'uumsi beekkumsaa mana barumsaa ta'uu akkaas umurrin jalqaba m/b ijoolluummman ta'u, bu'uurri fi sochii beekumsaa maatii, namoota naannoofi barsiisaa gahee qabaachuu nu hubachiisudha.

Walaloon harmee jedhu immoo barataa Bojaa Lammaan kan dhiyaate guyyaa 23/04/2013 galgalaa hiriraa irratti.

**3. *HARMEE***

*Garaatti na battee ji'a sagal guutuu*
*Dugdaatti na battee waggaa lama guutuu*
*Harma na hoosiistee kunnunsaan na guddistee*
*Harmee naaf jiraadhuu jabaadhuu naa baadhuu*
*Ani siifan guddadhaa sifaan jiraadhaasii*
*Sirraayyiin jiijjiiraa rakkoofi hiyyummaa kee*
*Yaa harmee rifeensa daggalaa*
*Badhaatuu waa hundumaa*
*Eenyuutu siin qixxaataa eenyuutu siin gitaa*

Walaloo barataa kanaa yoo qaaccessinu; dhamaatii haati nama wajjiin dhamaatu namoota biroo irra ulfaataa ta'ufi dhamaatti kanaaf kaffaltiin ta'u kan ittin hin gitne jirachuu dhabaamuu karaa fulduraatti daa'imni kun abdii guddaa qabaachuu kan daa'ima qabu akka kufee hin hafne nu barsiisa.

**Barattuuu Addisaalem Tulluu mata duree Barataafi Idaa'amuu jedhu kan dhiyyeessite wal duraa duubaan Sadaasa 2fi 3 bara 2013 ganama ganama hiriira irratti.**

***1. Barataa***

*Barumsa barachuuf bakka bakka dhufnee*

*Jeneraal Taaddassaatti kunoo wal arginee*

*Walitti madaqnee wajjiinis barannee*

*Waan baay'ee dabarsaa kunoo har'a geenyee.*

*Atis Yaa Barataa atis yaa barattuu*

*Aadaa fi seenaa qabnuu Waliin haa guddisnuu*

*Aadaan afaan cimsaa Afaan aadaa ibsaa*

*Jabaannee haa barannuu Beekkumsa haa horannuu.*

*Seenaa fi saayinsii Herregaafi fiiziksii*

*Kan hafan hundasaa Hudattuu cimuudhaa*

*Beekumsaafi ilaalcha Leenjii ogummaa*

*Daraan gonfachuudha Sirriitti of baruun.*

*Afaan ofii baruun Isumaan sararuun*

*Naannoo hubachuudha Rakkoo xinxaaluudha*

*Furmatas kenninaa Jabaadhu barataa*

*Wabii jireenyaa taanaa Abbaafi Haadha keenyaa.*

Walaloo kana irraa wanti nuti hubanu barataan yoo jabatee barate waan fedha isaa bira gahuu dorgomaa cimaa ta'uu dandaa'uufi barnoonni immoo dagaagina aadaa afaaniifi seena dhala namaa kan irraa argannu bu'uura waan hundaa furtuu jireenyaa ta'uu isaa nu hubachiisa.

***2. Idaa'amuu***

*Garaagarummaa keenya qabannee*

*Tokkummaa keenyan idaa'amnee*

*Biyyaa keenyaa jennee nuyi tokko tanee*

*Wal faana yaanne Waliin taane wal dhageenyee*

*Kan guddaa ijoolleen kan beekaa wallaaalan*

*Dhagahuun qalbifannee lapheetti fudhannee*

*Jibba hir'isuudhaan jaalalaa idaanee*

*Kan keenya qabannee kan namaa kabajnee*

*Tokkumman humnaa tokkumma jabbiinna*

*Jabinnii Jaalalaa jibbii immoo salphinaa*

*Nuti kana beekuun idaa'amuu jeennee*

*Wal qixxummat amannee kan sabaafi sablammii*

*Isa manaa baaneef isa kaayyoo keenyaa*

*Buu'ura godhaachuun gaachana waliif tanee*

*Hiyyummaa qolachuun abdii biyyaa tanee.*

*Itoophiyyaa jennee maqaa ishee olkaasne*.

Ergaan walaloo kana tokko ta'uun, walii galaanii sammuu qajeeltuun yoo yaanne bu'aa biyyaaf ykn misooma biyyaaf guddaa ta'uudha. Tokko tokko caalun osoo hin taane hunduu wal kabajuun aadaafi seenaa walii kabajuun yoo walii gale tokkummaafi walii galteen human qabaachuu isaa nu hubachisa.

**Barataa Abdii Tasfaayeen kan guyyaa 4/03/2013 galgala hiriira irratti dhiyaatee akka armaan gadii ta'a.**

***Mata Duree Walaloo Ispoortii***

*Ispoortii jabinaa ispoortiin guddinnaa*

*Qaama keenyaaf fayyaa kan nuuf kennu isaa*

*Nutti jabannee too itti fayyadamnaan*

*Fayyinnaarree mallaqas nuuf kennaa*

*Biyya keenyaaf maqaa alaabaa biyyaattii*

*Kan ittiin ol qabnee ispoortiidhaa barii*

*Mallaqas argannee kan of jiraachisnee*

*Figicha dhedheeroon olmpiikii dhaqnee*

*Fayidaa ispoortii malaan himee fixaa*

*Jabina lafee koo Miidhagina qaamaa*

*Dhukkuba furdiin ykn kan sukkaraa*

*Goonkuma na hin qabu otoo ispoortii qabuu.*

Qaaccessa walaloo kana yoo ilaallee; ispoortiin faayidaa adda addaa qabachuu isaa fkn kanneen akka faayyaa qaamaa, guddinafi jabiina qaamaa, biyyaa ofii maqaa wamsiisuu, galii irraa argachuufaan faayidaa ispoortii ta'uu ibsa.

**Barattuu Dibaabee katamaa mammaaksa kan dhiyeessittee guyyaa 5/3 2012 galgala hiriira irratti**.

***Mammaaksaa***

1. *Akka baraa ilaalnii,akka argan hin dubbatan*
2. *Baraan barruu horu.*
3. *Albee abbaan qare abbaa qale.*
4. *Daa'imni nyaataaf waaman ergaa seetee baqatti.*
5. *Sa'a abbaan gaafa cabse ormi ija balleessa.*
6. *Eegee qeerrensaa hin qabani, qaban gadi hin lakkisan*

*Mammaaksota armaan olii kana ergaa isaa tokkoon tokkoon yoo ilaalee*

1. *Akka baraa malee akka baran dubbachuun gaarii akka hin tannee nu hubachisa namni akka gaariitti ykn gadheetti guddachuu danda'a garuu barri immoo waan sana jiijjiiruu danda'a kanaaf akka yeroo darbee sanatti yaaduu hin qabu.*
2. *Obsaan aanaanan goromsaa dhuga, Takka jedhaniitti lama jedhu kana jechuun yeroo tokkootti waan hundi namaaf hin guutu dabareen waan barbaannee argaachuu dandeenya.*
3. *Lookoo abbaan fannise abbaa fannisee Abbaan waan harka ofii hin dhabu namni waan gadhee tokko dalage ykn maalammaltuummaadhaan daba nama irratti rawwate booda dabni sun isa hin dhabu.*
4. *Yeroo tokko tokko waan hunda kallatti tokkoottii yaaduudha.*
5. *Kan abbaan quba of kaaye ormi dhundhuma kaaya karaa hir'naa xiqqoo argatan itta bal'isu malee ulaa ba'ee kan duchuuf jedhuu hin jiru*
6. *Dubbii jabaa kaasun xummuraafi karaa isaa yoo hin beekne booda balaa guddaa akka fiduu hubachiisa.*

**Barattuu Qonjitti Caalaan Guyyaa Ayyana HIV Eedsii Sadaasa 29/03/2013**

***Mata Duree Nu Yaa Bararuu***

*Buqqee dhagaa cabsu*

*Nama dhugaa dabsu*

*Harree ba`aan kafu*

*Nama imanaa nyaatu*

*Horii eegeesaa nyaatu*

*Gingilchaa bishaan baatu*

*Allaattii nama nyaatu*

*Lammii kolfaa nama miidhu*

*Waaqa addachaa roobu*

*Nama nyaatee hin quufne*

*Kan dubbatee hin kunne*

*Waraabessa midhaan nyaatu*

*Akka guggee kaachuu*

*Harka buleen nyaachuu*

*Abaarsa nama hiyyeessaa*

*Beelaan hubamuu*

*Lubaan abaarramuu*

*Lubbuun dararamuu*

*Ormatti of fakkeessuu*

*Hunduma fakkeessuu*

*Bakka ka`an dagachuu*

*Muka dhuufatti hirkachuu*

*Dhugaa sabaa dabsuu*

*Safuu biyyaa cabsuu*

*Dhoksaa ormatti odeessuu*

*Soba dhugaa fakkeessuu*

*Waaqni nu yaaa bararuu*

Wanta fayyidaa hin qabneefi miidha nama irraan gahuu jalaa nama yaa baasu ykn nama yaa eegu wantoota safuu saba oromoo keessatti safeeffatamaniirra akka of eegnu ergaa jedhu dabarsa.

**Barataa Faayisaa Caalaa sadaasa 8 2013 ganama hiriira irratti.**

- ***waa sadii qabadhu***
    - *beekumsa*
    - *namumsa*
    - *mallaqa*
- ***waa sadii beeki***
    - *aadaa kee*
    - *biyya kee*
    - *eenyummaa kee*
- ***waa sadii kabajii***
    - *yeroo kee*
    - *hojii*
    - *maatii*

*Kuni kan nu barsiisu wanta qabaachuu qabnu,wanta beeknuufi  irra caalaa wanta kabajnuu qabnuudha.*

***Barattuu Fiqaadee Masfin muddee 6/2013 galgala hiriira irratti.***

- ***Mata Duree Takka Maalii***
    - *Tokkichi Waaqicha*
    - *Ka'umsa sanyichaa*
    - *Tokkichi Oromticha*
    - *Da'umsa hiddichaa*
- ***Lama maali?***
    - *Lamaan mucha Odaa*
    - *Baarentuuf Boorana*
    - *Yookan Siikoo Maandoo*
    - *Maccaafi Tuulama*
- ***Sadi maali?***
    - *Sadan sadeen Sooddoo*
    - *Sadan warra Iluu*
    - *Sadan ilmaan Liban*
    - *Sadan warra qaalluu*

- ***Afur maali?***
  - *Afran ilmaan Raayyaa*
  - *Kan Salloof Waliso*
  - *Afran Abbichuudha*
  - *Afran warra Jaarsoo*
- ***Shan maali?***
  - *Shan ilmaan Saanbituu*
  - *Shanan warra Raayyaa*
  - *Abeebef Ideeroo*
  - *Shana warra Biyyaa*
- ***Jaha maali?***
  - *Jahan ilmaan Galaan*
  - *Ammayyaaf Dullacha*
  - *Hamiidaaf Jilleenis*
  - *Jahan Oromticha*
- ***Torba maali?***
  - *Torba ilmaan Guduruu*
  - *Ilmaan warra Gindoo*
  - *Torban Kuttaayeefi*
  - *ilmaan warra Mandoo*
- ***Saddeet maali?***
  - *Saddeet marsaa gadaa*
  - *Ilmaan Limmuuf Meettaa*
  - *Warra Gollaa Maccaa*
- ***Sagal maali?***
  - *Sagal warra Ilu*
  - *Ilmaan saglan Igguu*
  - *Sagal Wajeetuudha*
  - *Ilmaan saglan Tijjuu*

Tapha ijoollee armaan olii kanaan dhuftee hidda latiinsa isaanii akka baratan taasisuun ni danda'ama. Hidda latiinsa isaanii barsiisuun kun immoo, seenaa isaan barsiisuudha. Asiirratti wanti waa'ee kana kaasuu hin jiru barattoonni maatii ykn kitaaba seenaa irraa dubbisuun m/btti fidaanii hawaasa m/b sana keessaa jiran karaa miinimiidiyaatin barsiisu kanaaf miinimiidiyaan afaan barsiisuu irraa darbee seenaafi aadaa isaanii namoonni akka baratan godha..

**Barataa Lalisaa Guutaa guyyaa ayyana HIV Eedsii sadaasa 29/03/2013dhiyyeesse**.

***Eedisii***

*Eedisiin nama nyaataa*

*Lafa hundaa lixaa*

*Sanyii namaa fixaa*

*Dhiiga namaa xuuxaa*

*Foon lafee irraa fixee*

*Yaa nama baqadhuu*

*Lubbuu kee eeggadhuu*
*Huuqqataa hin tuffatuu*
*Furdaa hin sodatuu*
*Namni isaan qabamee*
*Namni isaan hubamee*
*Dawaa hin argatuu*

Walaloon kun ergaan inni dabarsuu namni dhukkuba kanaan qabamee fayyuu akka hin dandeenye barnoota kan dabarsuudha. Dhukkubni kuni qoricha kan hin qabne ta`uu isaafi kan nama hunda hin sodaannee ta`uu isaa irraa barataniidha. Kanaaf walaloo kana irraa barattoonis ta`ee barsiisonni akkasumas hawaasni mana barumsaa keessa jiran akka irra baratan taasisa.

**Barataa Darajjee Ayyaanee Guyyaa Onkolooleessa 3/4/2013 Ganama Hiriira Irratti Dhiyyat**e.

***Mata Duree Hojii***

*Hojii yaa hundee guddinaa*

*Kan si beekuuf fayyinaa*

*Kan sii beekneef rakkinaa (2)*

*Beekkumsi bu`uura keetuu*

*Kan nama namoomsituu*

*Kan biyya qaroomsituu*

*Hojii bu`uura nyaataa*
*Addunyaan siin jiraataa*
*Kanaafuu siin abdataa*

*Hojii utubaa jireenyaa*
*Ilmaan namaa siin teenyaa*
*Hundee jireenya keenya*

Walaloon kun kan inni dabarsu hojii nuffuu dhiisuu, hojiin bu`uura jireenya ilma namaa ta`uu, hojii malee akka jiruun hin jirree kan barsiisudha. Hojii hojjachuu dhisuun akka bu`aa hin qabne kan nama barsiisuudha.

**Batattuu Damoozee Tolaa kan dhiyyeesitte guyyaa 6fi 7/04/2013 galgala hiriiraa irraatti**

***Oduu dinqisiisoo***

*Wal dorgomii ispoortii roobii darbee 01/04/2012 Taafkiifi Tukaana gidduutti gaaggeeffamee keessattii wal dorgoommii utaalchaan dursa Taafkiin salphumaatti olee meetira 2.75 yoo utaaltuu itti aansuu Tukaan immoo isheen dorgoomuuf jedhee humnaan yeroo ol utaalee gadi deebi'uu dhohee du'ee jedha rippoortiin keenya oduu ispoortiirraa nugahe akkuma kun xummramee sagantaan wal dorgoommii figichoo Qocaafi Hilleensa gidduutti gaggeeffameen otoo Qocaan figichaaf hin qophaa'in Hilleensichi figicha xumure jedha rippoortiin keenya*.

Kun kan dhiyyaateef nama bashaanansiisaa nama barsiisuuf kunis kan wali gita hin tane milkaa'ina irrattis mijaata akka hin tanee dha.

**Barattuu Caaltuu Tolosaa guyyaa 2/4/2013 ganama hiriira irraatti dhiyyeesite**.

***Mata Duree Baacoo Dhufaatii Maatii***

*Durdur mucaa tokkotu ture. Innis guyyaa tokko abbaa isaatiin aabbaa jalqaba namni eessaa dhufe"? Jedhee gaafate. Abbaanis Jalqaba waaqayyotu Addaamiifi Heewan uume. Isaaniis ijoollee godhatan; isaaniis ilmoo godhachaa nu bira gahan. Nuti ijoollee Addaamiifi heewaniiti jedheen. Mucaan haadha isaas gaaffii walfakkaataa gaafate. Haati isaa garuu, jalqaba jaldeessa turre; achiis jijjiirama suuta suutaatiin kunoo akka amma jirru kana taane jetteen. Booda mucaan abbaatti deebi'ee, Abbaa na sobdaa? Harmaan jaldeessa irraa dhufne hinjennee? Jedheen. Lakkii si hin sobnee haadha keetu dhufaatii maatii ishee sitti himee jedheen.* Baacoon kun waa'ee dhuftee dhala namaa daa'imman barsiisa. Dhuftee dhala namaa irratti ilaalcha jiru hubachuu danda'u jechuudha.

**Barataa Mootummaa Rattaa guyyaa 3/4/2013 tti ganama hiriira irratti dhiyyeesite**.

***Mata Duree Odaa***

*Muka muka caalu Odaa teessoo jaarsaa*
*Dhala Oromootiif kan taate dahoosaa*
*Murtii dabarsuuf kan wallole araarsuuf*
*Dhimma ofii irraatti waliin mari'achuuf*
*Odaatu filatama manguddoo Oromoof*

*Yaa odaa, yaa odaa*
*Hooda Oromoodhaa*
*Fakkeenya badhaadhaa*
*Mallattoo tokkummaa*
*Teessoo abbaa Gadaa*

*Baay'ini dameesaa akkuma sabasaa*
*Dheerinni umriisaa ummaticha ibsaa*
*Muka jedhu malee Odaan muka miti*
*Galma Boorantichaa kennaa Waaqayyooti*
*Kan Oromoon hundi wal gahu achitti*

*Bal'inni dahoosaa mallattoo guddinaa*
*Ciminni dameesaa gootummaa sabboonaa*
*Kan walitti fiduu Bareentuu-Booranaa*
*Miidhagaa lalisaa jiidhaa bonaa gannaa*
*Galma Oromootaa Odaa ni faarfannaa*

Walaloo kana irraa wanti barannu maalummaafi faayidaa Odaati.

**Barataa Ermiyaas Dhaabaa sadaasa 29/2013 kan dhiyyeesse ayyana HIV Eedsii irratti**.

***Mata Duree Sabaafi Sab-Lammii***

*Maatiif maatii ta'uun balbala ijaaraa*
*Balbala ida'uun hawaasa nuu ta'aa*
*Ormaa mitii bar sabafi sab-lammiin*
*Maatumaarraa ka'aa bu'uurri waa hundaa*

*Maatiin idaa'amnee sabaafi sab-lammii ta'aa*
*Isaan kanatu mootummaa barbaadaa*

*Anis atis tokko addaa mitii mrii*

*Maaliif wal ilaallaa maaliidhaaf wal nyaannaa*

*Isa kan ol kaasnee kan gadi xiqqeesnee*

*Uumaamni hundaa tokko kan saba hundumaa*

*Tokko bitaa dhaabuun kun mirgaa lallabaa*

*Kamituu ol kamtu gadii maddi isaa tokkumaa*

*Dhiifaama walii goonee waliin marii'aannee*

*Tokkummaa cimsiinee tokkoon wal ijaarree*

*Ijaa tokkoon wal ilaallee dinagdee ijaarree*

*Namumsaan hojjeennaa mirga hundaa eegnee*

Ergaan walaloo kanaa maddi dhala namaa tokko ta'uu dha.itti dabalees erga maddi dhala namaa tokko ta'e mirgi dhala namaa hundi wal qixa kabajamuu akka qabuudha.

**Barattuu Hawwaa Asaffaa muddee 10/2013 kan dhiyyeesite ganama hiriira irratti.**

***Mata Duree Oduu Yeroo***

*Tibba kana ayyannii Qillee dhiyyaachaa waan jiruuf meeshaaleen gabaa kanneen akka shunkuutiifi mi'eessitoonni adda addaa gatiin isaan ol ka'ee jiraa sababa ol ka'iinsa kanaaf suqqonni muraasni saamsaamani jiruu.*

*Wal dorgommii ispooortii gandoota gidduutti adeemsiifameen kubbaa miilaa dhirootan magaalaan Eejeree, figichaa meetira 100 dhirootaan ganda Dorroo Hamuumaa Wajjuu, meetira 400fi kubbaa saphaanaa dubartootan ganda Siree Morosee,kubbaa saphaana dhirootaafi figicha 400 dubartoota gandi weellu mojoo mo'aachuun miidaliyaa warqii argaatanni jiruu. Oduu birootin qormaani seemsiteera 1ffaa waan dhiyaateef baratoonni gadi faggeenyaa akka qayyabatan dareektaroon manneen barnootaa ergaa nuf dabarsanii jiruu.*

Kan irraa kan hubannu barattoonni otoo dareetti akkataa oduu barreessuufi dhiyyeessuu akka barataaniidha.

**Barataa Iraasuu Yaadatee Muddee 13/2013Ganama Hiriira Irratti Dhiyyeesse.**

***Mata Duree Qabeenya***

*Qabeenya qabeenyaa ibsituu jireenyaa*

*Argamsiistuu waa hundaa mul'istuu jireenyaa*

*Iddoo gaggariifi beekama situ agarsiisa*

*Qabeenya koo yaa abdaachiisaa*

*Kan qabeenya qabuu bakka gaarii gahaa*

*Beekumsaas ni fidaa waan gaarii barattaa*

*Duubatti haftee hin badu qabeenyaa keetin kata*

*Of bira dabartee nama biraaf tataa*

*Tola ooltummaadhan biyya kee gargaartaa*

*Kan rakkatee buluuf irbaata nyaachiftaa*

*Kan ufaata hin qabnee futee itti uwwistaa*

*Kan qabeenya kook an rabbi jaalatuu.*

Ergaan walaloo kanaa faayidaa qabeenyi qabu kan gorsuudha.

**Barataa Shaambal Taaddasaa Muddee 17/2013 Kan Dhiyyeesse Galgala Hiriira Irratti.**

***Mata Duree Kana Beektuu***

*Waaqa utubaa malee dhaabbatee*

*Qoree osoo hin qariin qaramtu*

*Lafa osoo hin diriirsin diriiru*

*Kuruphee takka dhaltee maseentu*

*Hiddii osoo hin soorin soorramtu.*

Barattoonis wantoota kana adda basanii beekuuf isaan fayyada. Akkasumas wanti sun maal akka ta`e adda basanii baruuf isaan gargaara.

**Barataa Fayyee Shallamaa muddee 23/2013 kan dhiyyeese galgala hiriira irratti.**

***Mata duree dur durii Leencaafi nama***

*Bara durii leenci tokko osoo bosona keessa deemuu daa' ima saamtonni haadhaafi Abbaas irraa ajjeesan tokko argatee gara mana jireenyaasaatti fudhatee gale. Sana booda lafeedhuma ofii nyaatuufi waan dhugamu obaasee guddise. Mucaan sun erga guddatee booda namatti maxxanuu jalqabe*

*Adeemsuma kanaan namoota wajjin yaada waljijjiiruu jalqabe. Achumaan,"Silas ati ilmoo namaati; akkamitti bineensa bosonaa waliin jiraachuu dadeesse? "Jedhani gaafatan. Kan reeffa Abbaa koofi haadha koo jidduudhaa kaasee na fudhatee galee kan na guddise isa waan ta'eef, akka lubbuu koottan jaaladha jedheen. Kanaafuu, anis gara Abbaa koottan galaa isinis nagaan naa bulaa jedheenii gara mana leencaa qajeele.*

*Mucichi guyyaa sana yaa galu malee hanguma namaan walargu waa'ee leenca wajjin jiraachuusaa irratti gaaffiin dhiyaataaf. Deebiinsaas sanuma ta'ee osoo jiruu guyyaa tokko galgala Warris ati yeroo hunda gara Abbaa koottan gala jettee leencuma kana wajjin jiraachuuf deemta. Hanga ammaatti waan badaa tokkollee irratti argitee hin beektuu? Jedhanii gaafannaan waan gaaffiinsaanii itti baay'ateef deebii tokko kennuu dirqame. Kunis, fedhii namootaa guutuudhaaf jecha, yeroo na hammatee rafu bobaansaa natti xiraaya malee waan badaa tokkoyyuu irratti argee hin beeku; jechaa nagaan bulaa, ani nan gala jedhe biraa bahe.*

*Yeroo sanaatti alli waan dukkanaa'eef namni hin argu. Leenchi mana jala dhaabbatee dhaggeeffachaa ture. Erga mucichi bahee booda dura kaatee manatti galee eege. Erga mucaan galee, " Maal ilma koo eessa turtee dhufte?" Jedhee gaafate.*

*Mucaanis, "Asumaa osoon sanyii mukaa funaannadhuu natti galgalaaye," jedheen. Achumaan, leecichis bakka mucaan ture waan beekuuf akkaasumas waan inni jedhe hundumaa waan dhagaheef aaree eeboo manaa qabu fuudhee, "Hoodhuu na waraani!"jedhee mucaatti kenne. Achumaan mucaanis reeffa haadhaafi Abbaa kootii gidduudhaa na kaastee na guddiftee ammanaan na geesse. "Ani ofan waraana malee akkamittan si waraana?" Jedheenii deebiseef. Achumaan mucaanis ajaja dirqamaa waan itti ta'eef, leencicha waraane. Leencichis erga waraanamee booda erga na waraantee hanga madaan koo fayyutti, wanta argatte mara natti funaanii na wal'aani jedheen.*

*Mucaanis tole jedhee, waanuma argate funaanee hanga madaansaa fayyutti wal'aane. Leencichis erga madaansaa fayyee booda ofitti waamee "Ilaali, garaa ati eeboodhaan na waraante fayyeera. Jechi ati gaafa sana mana fira kee teessee jette sun garaa kootii hin baane. Ani guddisee si hin nyaadhu. Atis gara fira keetti. Anis bobaa koo xiraa'aa waajjin gara bosona kootti" jedheenii gaggeesse jedhama.*

Durduriin armaan olii kun seenaa barsiisuu keessatti gahee olaanaa baheera. Kunis, namni waa'ee wanta darbee akka beekan taasisuu ni danda'a. Fakkeenyaaf durdurii armaan olii kana keessatti mucaan haadhaafi abbaan isaa irraa du'anii akka innis hin dune leenci fuudhee mana isaatti ittiin galee guddisuun akka inni ija maatii isaatiin isaan ilaalu taasisee jira. Gaafa inni itti aaree "hoodhuu eeboo kanaan na waraani jedhuun mucaan lakkii reeffa haadhaafi abbaa kootii gidduudhaa kan na baasee du'a irraa na oolche si'i waan ta'eef ofan waraana malee siin hin waraanu" jechuun isaa wanta darbe sana yaadachuun oolmaa inni ooleef ibsuudha. Kana malees

leencichi dhuma irratti bosona ofiitti deebi’uufi mucaan immoo gara warra fira ofiitti galuun hunduu iddoo dhuftee ofii ykn fira ofii barbaaduun eenyummaa ofii beekuu barsiisuu danda’a. Waa’een eenyummaafi dhuftee namaa immoo seenaa keessatti baratama. Kanaaf durduriin immoo jalqabumayyuu seenaa darbe barsiisuuf kan oolu waan ta’eef durduriin armaan olii kunis seenaa nama barsiisuu ni danda’a jechuudha

Barattoonni kutaa 4-8 jiran kun hanga humanaafi muxxannoo isaan argatan hojjeechuuf haala kanaan yaalanii jiru.

**Barataa Dirribaa Simee saadasa 26/2013 ganama hiriira irratti**

***Mata duree Eebba Tuulamaa guyyaa Irreechaa***

*Tuulama biratti eebba kan eebbisu hangaafafi abbaa malkaati*

*Hayyee Hayyee Hayyee!*

*Waaqa Uumaa, waaqa Uumamaa*

*Waaqa saglan Booranaa*

*Waaqa sagaltama Garbaa*

*Waaqa torban bareentuumaa*

*Waaqa ciicoo gurraattii*

*Waaqa shanaan gadaa Oromoo*

*Waaqa shanaan Odaa Oromoo*

*Waaqa caffee tumaa*

*Waaqa bokkuu gurraachaa*

*Waaqa sadan tuulamaa*

*Waaqa jahan Galaan*

*Ayyaanni Oromoo kan nagaan nu bulchite nagaan nu oolchi*

*Hamaa hammaataa nurraa qabi, tolaa nutti qabi.*

*Kan dabaan nutti deemu dhiibdoo keen nuurraa dhiibi*

*Daafii galtee nu oolchi*

*Uumaa keenya nu bulchi*

*Xinnaa nu guddisi*

*Guddaa nuuf bulchi*

*Wallaalaa beeksiisi*

*Beekaa nuuf bulchi*

*Biyya keenya nagaa nuuf godhi*

*Jaalala kee nuuf kenni*

*Safuu kee nu bulchi*

*Kormi cirri haa ta'u*

*Rooba nagaa nuuf roobi*

*Qiilleensa hammaa nurraa qabi*

*Waan barri deemu jalaa nu baasi*

*Gadaan roobaa nagaa!*

*Barri quufaa Gabbinaa!*

*Gabbisi waaqi*

Eebbi kan hawaasni keenya hawwii gaarii saba isaaf qabu ittiin ibsaachuuf itti gargaarramuudha. Eebbi kun duudhaa, safuufi aadaa hawaasa Oromoo irratti hundaa'uu isaa nu ibsa.

**Barattuu Almaaz Gizoo muddee 12/2013 Ganama Hiriira Irratti Kan Nuu Dhiyyeesite. Mata Duree Buttiin Maalii Kan Jeedhuudha.**

***Buttii:*** *Sirni warroommii kun yeroo durii bal'inaan kan geggeeffamaa ture yoo ta'u, amma garuu bakka tokko tokkoottii darbee darbee mul'ata malee baay'inaan hinjiru. Sirni warroommii kunis, kan gurbaan tokko intala isaaf taatu filatee hiriyoota isaa wajjin fedhii ishee malee humnaan haadha manaa taasifatuudha. Buttii kan irratti baalan akka qaamaa hir'achuu,ulfa yeroo maaleefi dhukkuba wal qunnamtii saalan saxilamuu. Buttiin yeroo ammaa kana seeraan waan nama adabsiisuuf badaa jira*. Kana irraa wanti barannu sirna warroommii keessa buttiin maal akka ta'eefi miidhaa inni nama irraan gahu kan nuu ibsuudha.

**Barata Gurum Tasfaayee sadaasa 3/2013 hiriira galagala rratti dhiyaate**

***Mata duree baacoo namoota sadii***

*Abbaa manaa, hadhaa manaafi keessummaa turan.isaaniis nyaata waliin osuma nyaachaa jiraanuu abbaan manaafi haati manaa wal loluu eegalan. Achii lolichi cimnaan abbaan manaa handhaa manaa kabale keessummichis itti aansee kabale achii abbaan maniichaa ati immoo maali namichoo jedheen.ati kaballan seeruma se'een kabalee jedheen jedhama.*

Ergaan baacoo kanaa abbaan yoo of kabaje gandi nama kabaja ykn akkuma abbaan of taasiise ta;a jechuudha.

**Barattuu Shaashoo Mul'aataa Baacoo sadaasa 10 /2013 hiriir aganama irraatti dhiyaate**

***Mata duree baacoo***

*Namoonni lama osuma karaa deemanuu walitti dhufan inni tokko afaan jal'aa inni biro immoo ilkaan dhedheeraadha.otuma waliin haasa'aa deemanuu inni afaan jala'aa sun kan ilkaan dhedheeraa saniin yaa aboo boqqollon har'aa meeqa oole jedheen inni ilkaan dhedheeraa sun immoo xaasaa afaan jal'aa sanaan shan shan olee jedheen jedhama.*

Kun kan nu hubacisuu hir'ina namaa kallattiin osoo hin taane alkallattiin itti himuudha.

**Barattuu Tanaanyee Fayyee Muddee 27/2013 Hiriira Ganamaa Irratti Dhiyeessite.**

***Mata duree Oduu Gabaa***

*Dhufaatii ayyaanaa Qilleefi Cuuphaa sababa godhachuun gatiin mi'eesituufi beelladoota qalmaaf oolanii baay'ee dabaluunsa dhaabbannii gabaafi beelladaa magalaa Eejeree ibseera.*

*Beelladoota akka bushaayeefi sangoota kan durii irraa paarsantii 15'n dabaluun isaa gabaaffameera.mi'eessituwwaan gara garaa kanneen akka shunkurtii, barbaareefi k.kf gatiin isaa ol ka'uun ummanni magaalaa bitachuu dadhabnee jechuun komaatanii jiru.*

Barattuun tun akkataa oduu qopheessun dhiyeesan ittin shakakla akka jirtu miinimiidiyaan ishee gargaaree jira.

Firoomsaa Girmaa Sadaasa 3/2013 Hiriira Ganamaa Irrattii Dhiyeesse

***Mata Duree Gosoota Fuudhaafi Heeruma Godina Shawaa Kaabaa***

*Fuudhaafi heeruma jechuun adeemsa dargaggeessi fuudha ga'e tokko shamarree heeruma geese tokko waliin wal fuudhuun bultii waliin dhaabaniidha. Garuu sirni warroommii akkana kun bu'ura*

*haa ta'umalee akaakuun fuudhaafi heeruma godina shawaa kaabaa keessatti beekkaman gosa adda addaatu jiru. Isaanis:*

*A.* ***Kaadhimachuu/kadhaa/:*** *Warroommiin kun taa'anii heerumsiisuu ykn gurguruufi fuudhuu jedhamuunis nibeekkama. Sirni warroommi kun kan gurbaan ga'e tokko intala isaaf taatu ilaallatee warra isaatiin mari'achuun, warri isaa warra intalaa kabajaan gaafatanii fuudhaniidha. Sirni warroommii gosa kanaa kun hawaasa aanaa kanaa keessatti beekkamaafi jaalatamaadha.*

*B.* ***Buttii:*** *Sirni warroommii kun yeroo durii bal'inaan kan geggeeffamaa ture yoo ta'u, amma garuu bakka tokko tokkoottii darbee darbee mul'ata malee baay'inaan hinjiru. Sirni warroommii kunis, kan gurbaan tokko intala isaaf taatu filatee hiriyoota isaa wajjin fedhii ishee malee humnaan haadha manaa taasifatuudha. Buttiin yeroo ammaa kana seeraan waan nama adabsiisuuf badaa jira.*

*C.* ***Waliin Galuu:*** *Sirna Warroommii gurbaan dhiiraafi intalli durbaa erga walii galanii booda, osoo warri isaanii lamaan hin dhaga'in kan gurbaan fudhatee galuudha.*


*D.* ***Irradhaaba/Kallachaan fuudhu/:*** *Sirna kana keessatti warri gurbaa intala ilma isaanitiif taatu ilaalanii, osoo warri intalaa hin beekiin loon hoofanii dhaqanii intala waliin fuudhanii galu. Sirna warroommii gosa kanaa kan geggeessan yeroo baay'ee nama haati warraa jalaa duuteedha.*

*E.* ***Waliin Baduu:*** *Waliin baduunis, waliin galuu waliin wal fakkaata. Gosti warroommii akkanaa kun intaliifi gurbaan erga walii galaanii booda naannoo jiranirraa wal fudhatanii gara biraatti waliin badu. Kana booda erga warri intalaa aarii qabbaneeffatanii booda jaarsa biyyaa erguudhaan araarfatu. Hanga warri intalaa araaramanitti gurbaafi intalli mana fira warra gurbaa ykn magaalaa kireeffatanii turu malee mana warra gurbaatti hin galan.*

Kana irraa wanti barannu aadaa fuudhaafi heerumaa naannoo ofii maal akka ta'e beeksiisuudha.

**Barataa Masaay Xaasoo Muddee 24/2013 Hiriira Ganamaa Irratti Dhiyyeesse.**

***Mata Dureen Hidda Latii Oromoo Hidhabuu Abootee.***




Kuni kan nu barsiisu Hidhabuu Abootee eessaa akka dhufne hiddi dhaloota isaa eessa akka ta'e agarsiisa.

**Barataa Tolchaa Bahaaruu muddee 102013 hiriira galgaalaa irratti dhiyyeesse.**

***Mata dureen Qalluun maali?***

- ✓ *Qallluun sirna gadaa keessatti hoggannaa amantaati.*
- ✓ *Qalluun ayyaantuu sirna gadaati.*
- ✓ *Qalluun mootidha.*
- ✓ *Qalluuun beekadha.*

- ✓ *Qalluun hangafa*

Wanti nutti kana irraa barannu maalummaa qalluutti.

**Brataa Fiqiruu Nuuruu Onkooloolesa 19/2013 Hiriira Ganamaa Irratti Dhiyyeesse.**

***Mata Duree Dur Durii Leencaafi Re'ee.***

*Bara durii leencaafi re'een waliin duuluuf, waliin deemuuf mari'atan. Re'eenis waan kana shakkitee, "Ani hoo si hinamanuu, akkamiin si wajjin duula? " jetteen. Leencis deebisee "Si hinyaadhu "jedhee kakateef. Kakuun kunis, "Yoon si nyaadhee dhalakoof haa ta'u jechuun erga kakatee booda waliin deeman. Itti fufanii osuma deemanii re'een gammoojjii keessa baala funaannachaa deemti. Leenci garuu waan nyaatu tokkollee hin qabu ture. Osuma deemaa jiranii laga guddaa tokko biraa ga'an. Laga kanas, re'een salphumatti utaaltee yeroo ceetu leenci garuu, annisa ittiin utaalee sana ce'e waan dhabeef dadhabe. Lagarra maraa oolee achumaan re'ee kana nyaachuun qaba jedhee yaade. Kana booda re'ee sana waamee "yoonan kakuu sana diige maalan*

*ta'aa? jedhee gaafate. Re'eenis deebistee "lakkii obboo guddaa dhala keef hintolu "jetteen. Innis*

*deebisee, dhala koof jedheen ani amma du'uun qabaa, jedhee laga gamattiutalee ishee nyaachuuf yoo jedhu, bishaan keessatti lafa dhahe. Osuma du'uuf wixxirfatuu "raajii na goote dhala keef malee si hin gahu naan hin jennee?"*

*jedheen. Isheenis, "Abbaan kee waan oole maal itti beekta ?" jetteen jedham*.

Ergaan dur durii kaaa waadaa eeguu dhabuudha.

**Barattuu Shumburee Tashoomaa sadaasa 16/2013 hiriira galgaalaa irratti**

***Mata Duree Oduu Gammachiisaa***

*Oduu gammachiisaa jiraatota magaalaa Eejeree hundaaf dandiin ganda Shanooti hanga Eejeree piistaa ture amma akka asfaaltii ta'u karoora keessa galuun gabafame. Kunis baajata bara 2013 irratti eegale akka jaiqabamuu himaamee jira.*

*Oduu birootin immoo magaalaa Eejeree keessatti gammon abbaa darbii afurii torbee kana keessa eebbifamuu isaa ibsamee jira.*

Kana irraa wanti barannu akkaataa ittiin oduu qopheessaniifi dheeyyeessanidha.

**Barattuu Ababaayee Shufeerii sadaasa 17/2013 hiriira galgalaa irrattii dhiyeessite.**

***Mata duree mammaaksa hiikaa waliin***

- ✓ *Abbatu of mara jedhe bofti. Abbattu kabaja ofii ofiitti qaba.*
- ✓ *Tisiisni baayyatteef qadaada heessoo hin buqqistu. baay'achuun qofti human hin ta'u*
- ✓ *Osoo beeknuu huuba wajjiin jette sareen. waallaalaan osoo hin taane beekaa obsuu*
- ✓ *Luka lama qabataniif muka lama hin koranu. wanti hojjeechuu dandaa'amuu murtaa'a ta'uu*
- ✓ *Boru hin beekneen qodaan bukoo ishee sagali. Olkaa'uu wallaluu*
- ✓ *Warabessa darbe sareen dutte. wanta darbeetti gabbuu*
- ✓ *Ganna darbe mana hin ijaranu. Waan gara fuulduuraa yaaduu*

Mammaaksi koobaa dubbiiti. Haasa`a tokko gabaabsanii ibsuuf kan fayyaduudha. Mammaaksi kun ergaa hedduu of keessatti hammatee argama. Kanaaf, yeroo hikamu barnoota hedduu kan dabarsuudha

**Barattuu Tigisti Tasfaayee saadasa 28/2013 Hiriira Ganamaa Irraatti Dhiyeessite.**

***Mata Duree Ateeteen Maal?***

*Ateeteen ayyaana haadhati. Oromoon kandhugeeffatu, ayyaana dubartiifi hormaaatati.ateeteen akka waaqeffannatti ayyaana sanyiifi hormaata qajeelchuu yoo bookkan roobuu dide waaqa kadhaachuu kan roobsisan, abbaan manaa hadhaa manaan yoo wal-lolee kan ittin adabanii ararsaniidha. Dubartiin uffata aadaa, mataa isaa danda'e kan akka qoloo, qomeefi kkf uffattee dhadhaa coqorsaan cuuphxee eebbifattuudha*.

Dubbisa kana irraa kan hubannu maalummaa Ateeteefi fayidaa ateeteen ummata Oromootif qabduudha.

**Barataa Shanoo Ijaaraa muddee 26/2013 hiriira ganamaa irratti**

***Mata duree Irreechi maali?***

*Irreechi ayyaana ummanni Oromoo kabajudha. Duudhaan kun sirna Waaqa galateeffannaafi kadhannaati. Innis, irreecha malkaafi irreecha tulluu jedhamuun bakka lamatti qoodama. Ayyaanni kun, waggaatti waqtii Birraafi Arfaasaa kabajama.*

*Irreechi malkaa yeroo birraan bari'u malkaat baasee booqaa birraan isaan gahe galateeffachuuf raawwatama. Gama biraatiin, irreechi tulluu waqtii Arfaasaa keessa tulluu irratti kabajama. Ayyaana kana irratti immoo Oromoon bubbee, bakakkaafi rooba yandoo akka isarraa qabu Waaqa kadhata.*

*Ayyaanni Irreechaa sirna ittiin ayyaaneffatamu qaba. Guyyaa sanatti namoonni wayaa aadaan faayamu. Harka isaaniitti marga jiidhaa qabatanii, waliin hiriiranii deemu. Abbaan Gadaa bokkuu qabatee, kallacha hidhatee deema. Haati Golaa immoo, siinqee qabattee, caaccuu naqattee deemti. Ummanni kaanillee isaan duuba hiriiraniimareewoo' 'mareewoo,je deemu.*

*Walumaagalatti, Irreechi yeroo garaagaraa kan ra kadhachuudha. Innis Oromoo biratti ayyaana jaallatamaafi kabajamaadha. Kanaaf, ayyaana jaallatamaa kana kunuunsuun dhalootaa dhalootatti dabarsuun barbaachisaadha.*

Dubbisa kanarraa wanti hubannuu maalumaa Irreechaa, Irreechi yoom yoom akka kabajamuufi sirnoota kabaja irreechaa irraatti gaggeeffamuudha.

**Barataa Katamaa Balchaa Sadaasa 29/13 Hiriira Galgalaa Irratti Dhiyeesse.**

***Mata Duree Hiibboo***

- ✓ *Funyaan qabdii furrii hin haqattu……………………………………….….Shunburaa*
- ✓ *Ijoolleen ayyoo afurii afranuu boolla tokkotti fincaa`u…………………...mucha sa`aa*
- ✓ *Silaa waliin nyaannaa maaf huuqqatte?.........................................................fallana*
- ✓ *Abbaan gabree lallabaa darbe……………………………………………xiyyaara*
- ✓ *Buburree akka shaamaa dubbattuu akka namaa………………………..barreeffama*
- ✓ *Miila afur qaba danda`ee laga hin ce`u……………………………………siree*
- ✓ *Goojjoo gaararraa balballi lama…………………………………………... funyaan*
- ✓ *Haati nama laalti ilmoon nama nyaatti…………………………………… rasaasa*
- ✓ *Ani ergaan deemaa maaf nafaana deemta………………………………..gaaddidduu*
- ✓ *Re`oonni aadiin midhaan fixani……………………………………………… ilkaan*

*Hiibbonis yeroo hibbeffamu caasaa of keessaa qaba. caasaan isaas: jalqabaa- hiibboo, hibbakka (hibibi) kan jalaa qabu – gaaffii hiibboo gaafatamu. Xummurii-deebii(arraba).*

Ergaa hiibboon haala kanaan yeroo adeemsifamu sammuun namaa waa tokko qo`ataniifi sammuun isaanii bashannanuun karaa salphaa waan hunda barachuu akka danda`an kan taasisuudha

**Barataa Abraaham Adinoo saadasa 26/13 hiriira ganamaa irratti dhiyeesse.**

***Mata duree geerersa***

*Geerar geerar naan jedhu*
*Yoon geerare maal qaba*
*Eessa koot mudaa qabaa*
*Abbaa koot seenaa qabaa*
*Ajjeesee mirga qabaa*
*Waamamuuf ilma qaba*
*Dubartii beektuu qaba*
*Kan beelofnaan nyaachistu*
*Kan wallaallaan gorsitu*
*Kan cafaqxee afaan keessu*

*Dagattee gadi hin teessu*

Namni tokko kabaja gonfatee boonee jiraachuuf wantoota barbaachisoo ta'an ajjeessaa maqaa qabachuu moo'insa kanaaf immoo dubartoonnii gahee qabaachuudha.

**Barataa yoohaannis shaaroo sadaasa 16/ 13 hiriira ganamaa irratti.**

***Mata Duree Oduu Tibbanaa***

*Oduu tibba kana nu gaheen konkoolaataan sinoo tiraakii jedhamuu dandii balleesuun midhaan maasa keessatti awwaara itti naquun nu jala akka goggoogguu taasiiseera jedhuu ummaan aanaa H/Abootee. Kanuumaan wal qabatee nyaata awwaara wajjiin nyaachaa jirra jedhu jiraatonni magalaa Eejeree, Asirratti mootummaan haala jiruu ilaaluun hanga dandiin tolfamuutti akka konkoolatichi irra hin deemne jedhee murtii dabarseera.*

*Oduu birootin torbeen dhufu torbee qormaata waan ta'eef barattoonni haala gadii faggeenya ta'een akka qayyabatan koreen qormaata gabaseera*.

Kanarraa kan hubannu akkataan ijoolleen ittiin yaada qindeeffatanii dhiyyeessan nu barsiisa

**Barataa Argaataa Baasa muddee 20/12 hiriira galgalaa irratti dhiyeesse.**

***Mata Duree Akkoo Mannooyyee***

*Bara durii keessa giiftii biyya bulchitu tokko ture maqaan ishii Akkoo Mannooyyee jedhameeti beekama ture.giiftiin kun adeemsabulchiisa ishii keessatti ummata garmalee rakkisti ture. Namni hundumtuu Odaa jalatti walgahaanii Waaqa ishiitti kadhatan.*

*Gaafa tokko ummata walgahii waamte.uummanni yeroo wal ga'u lafaa kaatee," nama gabaabaa ta'e mara lafa kanarraa akka fixxan"jettee ajaja dabarsite. Yommuu sana maal gooneeti sanyi namaa lafaarraa balleessina? Ishee gaafatan. Aangoo koo keessa galanii waan jeeqaniif meeshaa waraanaa qabdan hundatti fayyadamaatii lafa kana irraa duguugaa jettee ummataaf akeekkachiisa kenniteef. Ajajashii didanii jiraachuu waan hin dadeenyeef akkuma ishiin jetteetti namoota gaggabaaboo ta'an hunda ajjeessaniiti namicha tokkicha qofa Odaa jala dhokfkatan.*

*Erga kana raawwachiiftee booda otoo deemtuu daandiirratti kannisni ishii idde.yoo kana garmaleessa rifatte.battaluma sana galtee ummata walgahii waamte marii osoo hin gaggeessin gaaguraafi kannisa lafa kana irraa akka balleessitan jettee lallabde.*

*Wayiita sana gaagura balleessun jireenya balleessuu waan ta'eef ajeejni ishii bitaa waan itti ta'eef namicha Odaa jalatti dhokfatan sanaan marii'atan inniis mucaa isheefi isheef damma laadhaa jedhee ummata gorse.ummanni akkuma gorfameetti oggaa damma ishiif laatan gaagurriifi kannisni hin xuqamnee yaada ishee jiijjiirte.*

*Hammas yeroo muraasa erga turee booda ummata yaa'ii waamtee sammiifi ardii gidduutti mana naa ijaaraa jetti achii ummanni wanta godhu dhabe. Namicha gabaabaa sana bira dhaqanii ittiin marii'atan innis akkana godhaa jedhee gorse akka aadaa keenyaatti abbaattu utubaa dhaabbata kootuu utubbaa nuuf dhaabi sanarratti hundoofneet mana siif ijaarra jedhanniin utubicha dhaabbuf yaalte ta'uu dide rakkannaan ajaja dabarsite diigde.kunis garmalee garaa ishii gube aarte.*

*Itti ansuun ammas walgahii waamtee ajaaja dabarsite. Akkas jette anni tulluu nu duraa jiruufuu waanaan biyyaa hunda arguu hin dandeenyeef tuulluu kana digaa jetteen isaaniis namicha gabaabaa sanaan marii'atan innis balbaalasana cufaa karaa lafaa diriira sana balbala baasaa jeedhee isaaniis balbala duraa cufanii balbala biro baasanii lafa diriiraa itti agarsiisan isheenis ajeejni kiyya galma naaf gahee jettee gammade. Itti aansuun biyya kiyya hunda to'achuu waanan dadhabeef bineensa gafarsa jedhamtuu qabaa naa fida kooraa itti naa fe'a jette ajeeje achi ummanni namicha gabaabaa san bira dhaqanii gafaatanni innis innis funyoofi shiboo qopheessaatii gara bosonaa deema gafarsa qabaa akkuma isheen jette kooraa jabeessaa hidhaa ishee immoo fardicha irratti hidhaa bosonnatti gadi har'ia jedheen isaaniis akkuma gorfaman godhanii of irra ishee hiikan jedhama.*

Ergaan durdurii kanaa manmii waan gadhee raawwatu wantuma sanatu isa qunnama kan jedhuudha. Karaa biroo immoo bulchinsindubartootaa gadi qabu nuuf ibsa.

**Barattuu Kokobee Kasaany saadasa 28/13 hiriira ganamaa irratti dhiyeessite.**

***Mata duree baacoo***

*Durdur mucaa tokkotu ture. Innis guyyaa tokko abbaa isaatiin aabbaa jalqaba namni eessaa dhufe"? Jedhee gaafate. Abbaanis Jalqaba waaqayyotu Addaamiifi Heewan uume. Isaaniis ijoollee godhatan; isaaniis ilmoo godhachaa nu bira gahan. Nuti ijoollee Addaamiifi heewaniiti jedheen. Mucaan haadha isaas gaaffii wakfakkaataa gaafate. Haati isaa garuu, jalqaba jaldeessa turre; achiis jijjiirama suuta suutaatiin kunoo akka amma jirru kana taane jetteen. Booda mucaan abbaatti deebi'ee, Abbaa na sobdaa? Harmaan jaldeessa irraa dhufne hinjennee? Jedheen. Lakkii si hin sobnee haadha keetu dhufaatii maatii ishee sitti himee jedheen*

Kuni kan nu barsiisuu dhuftee ilmaan nama ta'uudha.

**Barattuu Jambaree Habtaamuu sadaasa 25/13 hiriira galgalaa irratti dhiyeessite.**

***Mata Duree Sheekoo***

*Dur dur leenca, qeerreensa, Warabeessaafi harreetu waliin adamoo deemaa ture. Guyyaa sadiif walitti aansee homaa dhabanii qoonqoon isaanitti taphatte. "Akkamitti akkana ta'a nu keessaa namni cubbuu hojjete tokko jira ta'a malee akkamitti guyyaa sadiif adamsaa oollee waa tokko dhabna? Rakkootu jira malee waaqni akkamitti nutti garaa jabaata"jechaa gumgumuu jalqaban. Kanumaan tokko ol utaalee cubbuu keenyaaf jalaa Ka'ii gaafachuu qabna jedhe. Kan biraas "Eeyyee, sirrii jette," jedhee jalaa qabe. Hundinuu yaada kanarratti walii galan.*

*Dursee leenci faxuulaatti cubbuu kanaan dura godhe himaachuutti ka'e. Natu cubbuu godhe. Gaaf tokko Jabbi xiqqoo tokko ganda keessatti argadheen kiyyeessee qabadhee nyaadhee. Ergasiisii oggaan beela'e ari'ee qabannaan hinumaan nyaadha, "Jedhee Jarri kuun fuula leencaa*

*laalanii ija keessa walis ilaalaa, mataa raasaa, "miti, kunimmaa cubbuu miti"jedhan.*

*Achumaan qeerransi quqqufa'ee waan godhe himachuutti ka'e. "Jireenya koo keessatti cubbuu suukaneessan godhe nan qaba, gaaf tokko sulula keessatti Re'ee kophaatti baate tokko argadheen qabaadhee nyaadhe, "jedhe. Jarri kuunis qeerransa ija keessaa laalaa moccorsaa isaa san yaadachaa ija keessaa wal ilaalati. "Miti kunis, cubbuu hin qabu " jedhan.*

*Sadaffaarratti waraabeessi jalqabe. "Eeyyee, anis cubbuu godhee tokko jira, guyyaa tokko mana namaa dhaqeen hindaqqoo namaa qabadhee fudhee deemee nyaadhe," jedhe. Jarri kuun, "Kunis cubbuu miti "jedhan ajaa'ibsifachaa.*

*Dhumarratti, dabareen harree ga'ee harreenis cubbuu ishee himachuu kaate, "yeroo tokko namni baa'aa qanqallaa tokko ta'u natti fe'ee karaarra na oofaa jiru namaan walitti dhufee dhaabbate haasa'aa jalqabnaan amma inni dhufutti karaarra goree marga bubbutadhee achumataan fe'iinsi sun natti ulfaannaan ittiin ciise; jireenya koo keessatti balleessaa akkasii gochuu koo naan yaadadha" jette.*

*Amma marri isaaniyyuu usanii harree laaluutti ka'an. Hidhiifi gurra ishee buustee waan isaan jedhan dhaggeeffachuutti kaate. Achumaan hundi isaaniituu akkuma nama aaree mataa dalga raasaa, "kana cubbuun, cubbuu hamaa! Sababni rakkina keenyaa sii jechuudha," jedhanii hundi*

*isaanituu, "Harreerratti yaa'anii kukkutanii ishee nyaatan" jedhama*

kanaarraa kan hubannu kan aangoofi human qabu kan humnahin qabne miidhuuotuma dhugaa beekanuu dhugaa dabsuu, dhugaaabbaa humnaaf kennuudha.kanaafuu barattoonni innaa waan akkanaa kana dhiyyeessan akka kana dhugaa dabsuu baratan otoo hin tane dhugaa dhugaan akka murteesanniif aangootti fayyadamannii kan human hin qabne akka hin hubamneefidha.

**Barattuu Shawaa Damissee guraandhala 13/13 hiriira galgalaa irratti dhiyeessite.**

***Mata duree faaruu loonii***

*Ururuu yaa saawwaa*
*Ururuu yaa saawwanaa*
*Foon saa ni nyaatamaa*
*Aannaan ni dhugamaa*
*Qeensisaa finjaala*
*Gogaan waalluu ta'ee*
*Gaafti waancaa ta'ee*
*Saawwan qeensa ratuu*
*Saawwan eessa gatu*
*Dhoqqee garaasaallee*
*Ogdiin maragatuu*

Ergaan faaruu kanaa loon faayidaa hedduu qabachuu isaati.waluuma galatti kitaabni kutaa 9[ffaa] kana irra wantoota miinimiidiyaa irratti dhiyaate kun caalmaatti wantoota aadaafi walaloowwan adda addaa qopheessuufi dhiyyeessuu irratti gahee olaanaa akka qabu nu hubachisa.

**Barataa Addisuu Biree muddee 13/13 hiriira galgalaa irratti dhiyaate.**

- *Waa ja'a dinqa?*
  - *Hiddii soorama malee gabbatu.*
  - *Bishaan ooficha malee yaa'u.*
  - *Lafa dhisa malee diriiru.*
  - *Samii utubaa malee dhaabatu.*
  - *Hummoo dhukkuba malee aadu.*
  - *Qoree qaraa malee qaramu.*

Wanta nama dinqu  kana irraa namni dandeettii waa xiinxaluu barata.

**Barattuu Damoozee Habtaamuu sadaasa 27/13 hiriira ganamaa irratti dhiyeessite.**

***Mata Duree Dur Durii***

*Dubartii tokkotu dhala dhabdee yeroo dheeraa turtee seexanni dhala akka isheef kennuuf gaabii wareeggatte. Dubartittiin sun waggaa tokko booda dhala erga argattee gaabii ishee baattee seexana barbaachatti kaate. Karaa fagoo erga adeemtee booda jaarsa tokko argitee "Bakka seexanni jiru beektuu?" jettee dhimma ishee jaarsa sana haasofsiifte. Jaarsichis: "Dhaqiitii warra jaarsummaa taa'a jiran sana bira callisii taa'itii; sanaan booda nama araara dide yoo argite gaabii kee darbadhuutii irra buusi; isadha seexanni." Jedhe*

Kana irraa waan nuti hubanu dur duriin gorsa dabarsuu danda'uu agarsiisa. Namni tokko wanta raawwatuufi kallattii deemuu qabu beekuu ykn nama wanta raawwannu sanarratti yaada dabalataa qabu gaafachuun barbaachisadha.

**Barattuu Tigisti Abiyyi muddee 22/13 hiriira ganamaa irrattii dhiyeessite.**

***Mata Duree Dur Durii Leencaafi Hantuutaa.***

*Bara durii leencaafi hantuutaanni waliitti firoomanii midhaan walitti galfatani.acihi furtuu mana midhaanii kana obboo leencoon akka qabu hantuunn iitti himte sinitu guddaadha sin furtuu kana nuu qaba jetteen achi inniis midhaan gootaraa guttuu kan ta'eettii mana cufaanii furtuu harka leencaa ka'ame.hantuunnii garuu gootaricha jalaan boolla urattee midhaanicha nyaachuu eegalte Otuma nyaattuu otuma nyaattuu guyyichis ni deema midhaannichis dhume. Itti aansuun midhaan dhumuu erga beektee sanyii facaafachuu akka barbaadu hantuunni obboo leencoo bira deemtee itti himte innis tole jedhee hiraachuuf yeroo deemanii mana banaanii yeroo midhaan ilaalanuu midhaan hin jiru, achii lachuu ni rifatan wal ilaalan eessa dhaqee maaltu fudhate jedhe obboo leencoon. Achii hantuun deebistee furtuun silaa isiin bira jiraa maaltuu fixeerree jetteen, obboo leencoonis eyyee furtuun illee na bira jiraa eenyuuttu fudhchuu danda'a jedhee ofitti gadde waan dubbatu wallale hantuunni abbaan midhaan kana nyaate ni bahaa manatti nu galchaannii abidda nutti yaa qabsiisanii abbaan midhaan kana fixe ni gubata jette hantuunni boolloo manicha keessatti qopheeffattee enne abiddichi qabate achitti gadi lixuuf achii leenci sodaachaa yaa ta'u jedhee.Achii  isaan lamaan manatti galchaanii abidda itti qabsiisan leenci osuma abidicha soodatee asiifi achi ilaaluu hantuunni boolla lixxe,itti aansuu bokkaan cimaan tokkoo roobee abiddicha dhaamsee galoo boolla hantuutaa sanatti guutee leenci bahee,hantuunni duute jedhama*

Kun kan nu hubachiisuu qaamni badii raawwate nama dhokata malee waaqa hin dhokatu. Dhugaan ni qall'atti malee hin cittu kan jedhuu ergaa nu dabarsa.

**Barataa Zalaalem Warquu guraandhala 06/13 hiriira galgalaa irratti dhiyeesse.**

***Mata Duree Jechama***

*Bofarrra ejjete -jarjare*

*Nyaara haddatte- qaanii walaalte*

*Gurra nyaate-maqa balleesse*

*Garaa bal'ata-waa hunda danda'a*

Kana akkataa galuumsatti hiikuu dandeenya.

**Barataa Charinat Garradoo muddee 26/13 waltajjii mariin booda dhiyeesse.**

***Mata Duree Oromiyaa***

*Oromiyaa Oromiyaa*

*Akkam jirta biyya kiyya*

*Fayyadamuun qubee kiyya*

*Dhimma bahuun afaan kiyya*

*Ni jaallanna biyya kiyya*

*Oromiyaa biyya keenya*

*Seerri bullus Gadaa keenya*

*Ni guddisna aadaa keenya*

*Ni guddisna afaan keenya*

*Mallattoon keenya odaa keenya*

*Kuni hunduu mirga keenya*

*Haa barannuu hundi keenya*

*Yaa beeknu hundi keenya*

*Hin shakinuu abdii keenya*

*Ifa bahuun hunda keenya*

Jaalala biyyaa ofii ibsaachuu biyyi ofii kan eenyunnuu hin fakkeeffamne biyyii ofii guddaattus hiyyoomtuus kanuma ofii ta'uu isaa barsiisa.

**Barataa Abbuu Awaqqee saadasa 27-29/13 guyyaa sadii wal duraa duuban hiriira ganamaa irratti dhiyeesse.**

***Mata duree maqaa abbootii gadaa baraan waliin (1456-2016)***

| ***Maqa Abbootti Gadaa*** | ***Gosa*** | ***Maq-baasa*** | ***Bara*** |
|---|---|---|---|
| *GadayooGalgaloo Yaya* | *Dambitu Waygusa* | *Fullaasaa* | *1456* |
| *Yaya Fulele Yaya* | *Galantu Barentu* | *Mardida* | *1464* |
| *Jarso Babo Gano* | *Galantu Luku* | *Daraara* | *1472* |
| *Dawe Borbordawe* | *Damitu Wargusa* | *Libaasa* | *1480* |
| *Dida Namdurii Ana* | *Digalu Emaji* | *Sabbaaqa* | *1488* |
| *Abero Boru Bakalcha* | *Dambitu Obitu* | *Moggisa* | *1496* |
| *Titile dulacha* | *Sisayu Kola* | *Macula* | *1504* |
| *Luku Jarso Babo* | *Galantu Luku* | *Fullaasa* | *1512* |
| *Dada Ido Dada* | *Dambitu Warguisa* | *Mordida* | *1520* |
| *Kura Dhaalla* | *Digalu Eemmaji* | *Daraara* | *1528* |
| *Dagale Yaayya* | *Damtu Obitu* | *Libaasa* | *1536* |
| *Asose Titile Dulacha* | *Sirayu Mangusa* | *Sabbaaqa* | *1544* |
| *Boro Luku Jarso* | *Galantu Lukku* | *Moggisa* | *1552* |
| *Abay Horo* | *Digala Daaddo* | *Maakula* | *1560* |
| *Bidu Dhaqe* | *Karayu Wakura Korme* | *Fulaasa* | *1568* |
| *Moro Dulacha* | *Dambitu Obitu* | *Mardiida* | *1576* |
| *Yaya Ole Bonaya* | *Digalu Tiitti* | *Daraara* | *1584* |
| *Doro Roro Luku* | *Galantu luku* | *Libaasa* | *1592* |
| *Bachu Nadho* | *Baaciitu Saaqota* | *Sabbaaqa* | *1600* |
| *Urgumeessa Iggu* | *Digalu Emaajii* | *Moggisa* | *1608* |
| *Baabboo Horo Babo* | *Dambitu Obitu* | *Maakula* | *1616* |
| *Baabboo Siru Beerre* | *Galantu Bareentu* | *Fullaasa* | *1624* |
| *Ino Maale Dooyyo Boro* | *Galantu lukku* | *Mardida* | *1632* |

| | | | |
|---|---|---|---|
| *Acu Abbaay* | *Qarcabdu Eebitu* | *Daraara* | *1640* |
| *Abu Luku* | *Baccitu Saaqota* | *Libaasa* | *1648* |
| *Abbaay Babo Horo* | *Dambitu Obitu* | *Sabbaaqa* | *1656* |
| *Aall Kura Yaaya* | *Digalu Tiiti* | *Moggisa* | *1664* |
| *Wayyu Ura Malleele* | *Maxxayyi Meetta* | *Maakula* | *1672* |
| *Morowwa Abbaay* | *Galaantu Bareentu* | *Fullaasa* | *1680* |
| *Gobba Alla Nura* | *Digalu Nuurtu* | *Mardida* | *1688* |
| *Daawwee Gobbo Yaayya* | *Qarcabdu Buuyama* | *Daraara* | *1696* |
| *Jaarso Iddo yaayya* | *Siraayu Koollaa* | *Libaasa* | *1704* |
| *Wale Waaccu Roqa* | *Digalu Udumtu* | *Sabbaaqa* | *1712* |
| *Sora Dhaddacha Ilu* | *Warjidda Anna* | *Moggisa* | *1720* |
| *Dhaddacha Robalee* | *Digalu Eemmaji* | *Maakula* | *1728* |
| *Halakhe dooyyo Dooyaa* | *Galaantu Lukku* | *Fullaasa* | *1736* |
| *Guyyoo Geedo Wale* | *Siraayyu Koolla* | *Mardida* | *1744* |
| *Madha Boru Daaday* | *Noonitu Ammooyyee* | *Daraara* | *1752* |
| *Dhaddacha Odaa* | *Galaantu Bareentu* | *Libaasa* | *1760* |
| *Bule Dhaddacha* | *Digalu Emmaji* | *Sabbaaqa* | *1768* |
| *Liiban Waata Nafuri* | *Digalu Walaajji* | *Moggisa* | *1776* |
| *Waayyu Raale Uraa* | *Dambi Tuwargusa* | *Maakula* | *1784* |
| *Boru Madha Boru* | *Noonitu Ammoyyee* | *Fullaasa* | *1792* |
| *Ungule Halakhe sadee* | *Galaaantu Bareentu* | *Mardida* | *1800* |
| *Saaqo Dhaaddacha* | *Maccitu Jawwitu* | *Daraara* | *1808* |
| *Jilo Niyeenco Soraa* | *Tittii* | *Libaasa* | *1816* |
| *Sokore Anna Dullacha* | *Noonitu Ammooye (maxxaayyi Meetta)* | *Sabbaaqa* | *1824* |
| *Madha Boru Madha* | *Galaantu Bareentu (Noonitu Ammooyye)* | *Moggisa* | *1832* |
| *Liban Jilo Adhaa* | *Digalu Eemmajji (dambitu wargusa* | *Maakula* | *1840* |
| *Jaldeessa Guyyo Dabarsa* | *Qarancabdu Buuyyam* | *Fullaasa* | *1848* |
| *Doyo Jilo Nyeenco* | *Digalu Titti* | *Mardida* | *1856* |

| | | | |
|---|---|---|---|
| *Aro Adi Doyo* | *Noonitu Ammooyye* | *Daraara* | *1864* |
| *Dida Bittaata* | *Galaantu Bareentu* | *Libaasa* | *1872* |
| *Guyo Boru Ungule* | *Qarcabdu Buuyyam* | *Sabbaaqa* | *1880* |
| *Libaan Jaldeessa Guyo* | *Digalu daaddoo* | *Moggisa* | *1888* |
| *Adi Doyo Jilo* | *Dambitu Wargusa* | *Maakula* | *1896* |
| *Boru Galma Doyoo* | *Digalu Wargusa* | *Fullaasa* | *1904* |
| *Liban Kuse Liban* | *Digalu Emmaji* | *Mardida* | *1912* |
| *Arero Gedo Liban* | *Digalu Titti* | *Daraara* | *1920* |
| *Bule Dabbasa Bulee* | *Galaantu Bareentu* | *Libaasa* | *1928* |
| *Aaga Adi Dooyyo* | *Noonitu Ammooyye* | *Sabbaaqa* | *1936* |
| *Guyo Roru Galma* | *Galaantu Bareentu* | *Moggisa* | *1944* |
| *Madha Galma Tore* | *Digalu Emmaji* | *Maakula* | *1952* |
| *Jaldeessa Liban* | *Galaantu Bareentu* | *Fullaasa* | *1960* |
| *Gobba Bule Dabbasaa* | *Digalu Titti* | *Mardida* | *1968* |
| *Jilo Aga Adi* | *Noonitu Ammooyye* | *Daraara* | *1976* |
| *Boru Guyo Boru* | *Galaantu Bareentu* | *Libaasa* | *1984* |
| *Boru Madha Galma* | *Digalu Eemmaji* | *Sabbaaqa* | *1992* |
| *Liban Jaldeessa Liban* | *Galaantu Bareentu* | *Moggisa* | *2000* |
| *Guyyo Gobba Bule* | *Digalu Eemmaji* | *Maakula* | *2008* |
| *Guyyo Murquu* | *Digalu Titti* | *Fullaasa* | *2016* |

**Barataa Geetuu Dhuufeeraa muddee 29/13 hiriira galgalaa irratti dhiyeesse.**

***Mata duree mammaaksa hiika waliin***

*Kan ormaaf gubate cilee hinqabu.* *Sareen bakka nyaattuuf dutti.*

*Ergan galee naaf gale.* *Caba affanii dhadhaan hinfayisan.*

*Gowwaan garaa malee gara hinbeeku.* *Gowwaan wanta tokkoofi yeroo lama kolfa.*

*Dhugaan turti malee hinbaddu.* *Ribuun qallatti malee hincittu.*

*Iji yoo bade bakki ijaa hinbadu.*

*Hanqaban qabaa hinguunne* *Gadhiisan maasii guutti*

**Barattuu Seenaa Kibrat muddee 10/13 hiriira ganamaa irratti dhiyeessite.**

***Mata Duree Faaruu Daa'imaannii***

*Ururuu yaa mucayyoo*
*Mucayyoo yaa xinnayyoo*
*Atis ni taata namaa*
*Sirraa haa qabu hamaa*
*Afaan kee haa ta'u dammaa*
*Ururuu yaa mucayyoo*
*Aannaan feetu dhugi*
*Qoraasee siinaqeera*
*Irriba jettu rafii*
*Haxaayee si afeera*
*Haati kees ni gammaddee*
*Erga mucaa argattee*
*Waaqni si haa guddisuu*
*Inni hunda mul'isuu*
*Inni xinnaa guddisuu*
*Inni duudaa dubbisuu*
*Inni qallaa furdisuu*
*Ururuu jennaan rafi*
*Ka'i jennaan dammaqi*

Ergaan faaruu kanaa daa'iman yeroo rafuu didaan faaruu ittiin faarsuu kana ittin rafiiffataniidha. Walumaa galatti qaaccessa kitaaboota aadaa akka armaan olitti ilaalleerra achi keessatti kitaaboleen kutaatti barataan bakka adda addaafi kutaa gara garaa keessatti akkataan ittin baratan garaagarummaa qaba.kunis sirna barnootaa giddu galeeffata. Miinimiidiyaan kan qophaa'u irraa caalaa hiriira irratti waan ta'eef akkataan qabanna barattoota garagara yoo ta'e malee wal qixaa barattoota dhageessisan kun immoo waan dareettii hin baranneefi barachuuf jiran dursee gadii faggeenyaan dhimmaa aadaafi walaloowwaan irratti barsiisa.

### 4.4. Haalli jijjiirramaafi ittifufiinsa miinimiidiyaa mana barumsaa maali?

Adeemsii qophii miinimiidiyaa manneen barnootaa keesatti gadii bu'aa deema sababni isaasa feedhii barattonni m/bti fidhanii dhufaniifi feedhiin m/b yeroo wal falleessu mul'ata yeroo tokko tokko immoo sagantaan miinimiidiyaan kun akka waan baratoota qofa gargaarutti ykn barattoota qofa hirmaachisuutti ilaallun, dabalatan immoo maneen barnoota yeroo kennuufi dhabu irrayyi kana immoo kan raga nuuf ta'u af-gaaffii barattootaaf dhiyyatee deebii isaan keennaniifi wantoota qabataman qorrattuun bira geesseedha.

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA ARGANNOOFI YABOO

Boqonnaan kun mata-dureewwan xixiqqoo kanneen akka: cuunfaa, argannoofi yaboo duraa duubaan dhiyeessa.Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Hidhabuu Abootee Magalaa Ejeree keessatti manneen barnootaa argaman keessatti mata duree Qaaccessa Gahee Miinimiidiyaan Mana Barumsaa: Kallattii Afaan Oromoo Gabbisuu Keessatti qabu .jedhu hammatee kan dhiyaatedha.

## 5.1 Cuunfaa

Qorrannichi boqonnaa shanitti qoodamee kan dhiyaate yemmuu ta'u, boqonnaa tokko keessatti mata duree Qaaccessa Gahee Miinimiidiyaan Mana Barumsaa: Kallattii Afaan Oromoo Gabbisuu Keessatti qabu jedhu irratti, bakki qorannichi itti raawwate godina Shawaa Kaabaa aanaa Hidhabuu Abootee manneen barnootaa Magalaa Ejeree keessatti yommuu ta'u; kaayyoon qorannichaas gahee Miinimiidiyaan mana barumsaa Afaan Oromoo gabbisuu keessatti qabu qaaccessuun ibsuudha.

Qorattuun kunis akka mata duree kanarratti hojjettuuf kan ishee kakaase, manneen barnootaa magaalaa Ejeree keessatti barsiisonnis ta'ee barattoonni osoo faayidaa minimiidiyaa mana barumsaa maal akka ta'e adda baasanii hinbeekiin sagantaa dhaabbataa malee yeroo dhuma itti tole qofa itti fayyadumuu isaaniti. Kanamalees bu'aa minimiidiyaan mana barumsaa Afaan Oromoo gabbisuu keessatti qabu adda baasanii beekuu dhabuu hawaasa manneen barnootaa kanaatu ka'umsa qorannoo kanaa ta'e. Qorannoon kun miinimiidiyaa mana barumsaa fayyadamuun manneen barnootaa keessatti Afaan Oromoo gabbisuu irratti bu`aa akkamii akka qabu qaacceessuun rakkoolee dhimmoota gahee miinimiidiyaan Afaan Oromoo gabbisuu keessatti qabu kan jedhuuf furmaata kaa'uuf akka gaggeeffamu ibsameera. Daangaan qorannichaa mata duree Afaan Oromoo gabbisuu keessatti gahee miinimiidiyaan manneen barnoota Aanaa Hidhabuu Abootee magaala Ejeree qabu jedhuufi odeeffattoonni barattootafi barsiisota gumii miinimiidiyaa mana barumsaarratti muuxannoo qaban irraa raga qorannoo kanaaf barbaachisan kennuu danda'u jedhamee karoorfame milkeessuu danda'ee jira.

Boqonnaa lammaffaa keessatti yaadrimeewwan Afaan Oromoo gabbisuu keessatti gahee miinimiidiyaan mana baruumsaa qabu jedhuun walqabataniifi sakatta'i barruu dhiyaateera. Maalummaa miinimiidiyaa, faayidaa Afaan Oromoo gabbisuu keessatti miinimiidiyaan qabu, walitti dhufeenya meeshalee barnootaafi gahee miinimiidiyaa irratti hayyoonni maal akka jedhan haalan ibsameera. Akkasumas mataduree kanarratti qorannoowwan dalagaman

sakatta'uun garagarummaafi tokkummaa isaan qorannoo kana waliin qaban maal akka ta'e ibsameera.

Kanamalees boqonnaa sadaffaa keessatti yaada hayyoonni qorannoo lafa kaa'an bu'ura godhachuudhaan bifa saayinsawaa ta'een haala itti hojjetamuun karoorfamee iddoo dhimmichi itti raawwatamu qaamaan deemuudhaan, toofta ragaa qorannoo kanaa funaanuudhaaf mijataa ta'etti fayyadamamee raga gama hundaan funaanname bakka itti qindeeffamuudha. Boqonnaa kana keessatti malleen qorannoo bal'inaan kaa'amanii jiru. Malli ittiin dhiyeenya qorannoo kanaa qulqulleeffataa yoo ta'u, meeshaaleen funaansa odeeffanoo daawwannaa, afgaaffii, marii gareetiifi sakatta'a dookumentiin ragaan funaannameera. Ragaa argame kanammoo haala kaayyoo qorannoo waliin wal qabatuun mijeessuudhaan xinxaallamee jira. Boqannaa afur keessatti immoo iddoo ragaleen bifa gara garaan funaanaman itti qaaccefamanii dhiyataniidha. Dhimmoonni waliigalaan qaacceessi irratti gaggeeffamees Afaan Oromoo gabbisuu keessatti gahee miinimiidiyaan qabu, walitti dhufeenya miinimiidiyaafi meeshalee barnootaa, akkasumas sadarkaa miinimiidiyaan manneen barnoota irra jiran bu'ura godhachuun qaacceessuuf yaalameera. Bu'aan argannoo isaas haala armaan gadiitiin tarreeffameera.

## 5.2 Argannoo Qorannichaa

Akkuma yaada barreeffama kanaafi cuunfaa Qaaccessa gahee miinimiidiyaan Afaan Oromoo gabbisuu keessatti qabu manneen barnoota magalaa Ejeree jedhurraa hubatamutti argannoowwan armaan gadii argamaniiru.

1. Manneen barnoota keessatti miinimiidiyaa mana barumsaa fayyadamuun barattoonnifi barsiisonnii dandeetti afaaniifi wantoota aadaa naannoo isaanii akkataa ittiin qindeessaanii dhiyeessan akka gabbifatan hubatameera.
2. Miinimiidiyaan mana barumsaa afoola, aadaa haawasaa, safuufi safeeffannaa hawaasa Oromoo keessa jiru barattoonni basaanii akka dhiyyeessan taasiisera.
3. Qoophiiwwaan sagantaa miinimidiyaa mana barumsaa irratti dhiyaatu irra barattoonnifi barsiisonniifi haawasni m/b barnoota adda adddaa kanneen akka barmaattillee miidhaa geessisan, qophii nyaata aadaa, sirboota aadaa naannoo salaalee beekuun hubatan taasiisera.

4. Miinimidiyaan Mana barumsaa Afaan Oromoo gabbisuu keessatti barattoonni wantoota dareetti baratan caalaa sagantaa isaa irraa waan bal'aafi gadi fagoo akka baratan taasiisuu isaa hubatameera.
5. Miinimiidiyaan mana barumsaa sagantaa adda addaa irratti qophii dhimmicha saganta sana ilaallatu hirmaattootaa sana bashanansiisuun waan barsiisuuf haala salphaan akka waa'ee sagantaa sanaa hubatan bira gahemeera.
6. Hawaasni manneen barnootaa eeraman keessatti minimiidiyaa mana barumsaatti sababoota akka: hubannoo dhabuu, hojii biroon qabuun, gumii kanaaf bakka kennuu dhubuufi gumicha siyaasaan walqabsiisuurraa kan ka'e minimiidiyaan manneen barumsaa kanneenii bu'aa isaan irraa eegamu buusaa akka hinjirre hubatameera.

## 5.3 Yaboo Qorannichaa

Argannoowwan gurguddoo qorannichaa irratti hundaa'uun gahee miinimiidiyaan afaan barsiisuu manneen barnoota magalaa Ejeree keessatti qabu ilaalchisee rakkoolee mul'ataniif yaboowwan ta'uu malan akka armaan gadiitti qophaa'anii jiru.

1. Sagantaa miinimiidiyaa qopheessuu irratti kan xiyyeeffatu irra caalaa barattoota waan ta'eef osoo qaamni biroos itti hirmaatee gumiin kun irra caalaa Afaan Oromoo gabbisuu keessatti bu'a qabeessa ta'a.
2. Sagantan miinimiidiyaa mana barumsaa kun manneen barnoota keessatti guddinni isaa gadii bu'aa waan deemuuf sagantaan kuni immoo afaan barsiisuu keessatti gahee waan qabuuf osoo xiyyeeffannoonni itti kenname gaarii ta'a.
3. Haalli qophii miinimiidyaa kan sagantteeffame osoo hintanne akkuma tasaa sagantaa argame irratti waan dhiyaatuuf kun immoo bu'aan irraa argammu hanga barbaadamuu gadi waan ta'uf osoo kuni fooyya'ee gaariidha
4. Qophiin ykn gumiin miinimiidiyaa kun m/b muraasa keessatti adeemsiifama malee manneen barnootaa adda addaa keessatti hingaggeeffamu kuni immoo faayidaa sagantaa gumii kana irraa argannu waan dhabnuu kuni osoo fooyya'ee gaariidha.
5. Minimiidiyaa mana barumsaa manneen barnootaa eeraman keessatti akkuma hojii idileetti sagatteefamee osoo hojjetameefi dhimma siyaasaa waliin osoo walqabsiisuun dhaabbatee milkaa'ina miniimiidiyaa mana barumsaatiif murteessaadha.

# Wabiilee


Addunyaa Barkeessaa, (2011). *Akkamtaa, Yaad-rimee qorannoo hujoo*: Finfinnee

Addunyaa Barkeessaa. (2010). Natoo: Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo. Finfinnee: Mega Printing Press.

Annu, S., & Sunita, M. (2013). Impact of Extracurricular Activities on Students in

Bamgbose, Ayo (1991). *Language and the nation. The language question in Sub-Saharan Africa*. Edinburgh: Edinburgh University Press.

BBO (2003) Mala BaruuBarsiisuuAfaanOromoo. (Afor 242) Finfinnee.

BBO (2010) DadeettiiDhaggeeffachuuBarsiisuu. (Afor 231) Finfinnee.

BBO (2010) Dandeettiiwwan Barreessuu Afaan Oromoo Dagaagsuu (AfOr 221) Finfinnee

Brown, R. (n.d.). Extracurricular Activity: How Does Participation Encourage Positive

Carolyn, Ch. 1990. Evaluating the Whole Language Approach to Language Arts: The Pros and Cons. *Language, Speech, and Hearing Services in Schools*, 21, Article 244-249. http://lshss.pubs.asha.org/ by a University of Texas, Austin.

Clark, H. (1996). Using Language. Cambridge: Cambridge University Press

Clark, H. (1996). Using Language. Cambridge: Cambridge University Press.

*Contemporary Research in Business, 5(2),* 407-415. Retrieved June 16, 2017 from

Cook, G. ( 2010 ). Translation in Language Teaching: An argument for Reassessment. Oxford: Oxford University Press.

Dastaa Dasaalany(2002). Bu’uura Qorannoo.Finfinnee dhaabbata Manxansaa Boolee.

_______________(2013). Bu’uura Qorannoo: Qorannoo Furmaataafi Deebii. Finfinee, plc.East Trading

Dorson, Richard M (1972). Folklore and Folklife. University of Chicago press: chicago and London

Dundes, Alan. (1965). The Study of folklore. Englewood Cliffs, N, J: prentice Hall, Ink.

Fitsum Abate. (2013).The Salivation Of Endangered Language: Documantation And Description Of The Gunjule Oral Lite.PhD

Faanos Birhaanuu. (2010). Gahee Minimidiyaan Adeemsa Baruu Barsiisuun Mana Barumsa Ejeree Lak. 1 Keessatti Qabu Kaampaasii Salaalee Waraqaa Qorannoo Digirii 1ffaa (Kan Hinmaxxanfamin

Goshgarian, G ( 2001 ) . Exploring Language, (9th ed.). New York: Addison Wesley Educational Publishers, Inc.

Halliday, M. A. K. (1994). An Introduction to Functional Grammar (2nd edition ) London Arnold.

Harmer, J. (1991). The Practice of English Language Treaching. London: Longman.

Hill, J. (1986). Using Literature in Language Teaching.London: Macmillan Publishers Ltd. Hinmaxxanfamin).

Hodge, B. and Kress, G. (1993).*Language as Ideology (2nd ed.).* London and New York: http://journal-archieves33.webs.com/407-415.pdf

Kraus, R.M and Chiu, C. (1993). Language, Cognition and Communication .CA: Santa Barbar.

Krauss and Chiu (1993) Psychology Of Language: Communication And Social Behaviour : remiopayemi@gmail.com

Leensaa Baqqalaa. (2017). Xiinxala Fayyadama Afaanii Barreeffamoota Afaan Oromoo Feesbuukii kaassatti: Yuunivarsiitii Finfinnee Waraqaa qorannoo Digirii 2[ffaa] (MA) (Kan hinmaxxanfamne)

Livingstone, Sonia and Bovill, Moira (1999) Young people, new media: report of the research project Children Young People and the Changing Media Environment. Research report, London, UK.

Melakneh Mengistu. (2003**).** Fundamental of literature. Addis Ababa University:Branna Printing press.

Misgaanuu Gulummaa. (2011). Dilbii: Bu'uura Afoola, Ogafaaniifi AfwalalooOromo. Finfinnee:

Nasir, M. (2013). Role of Media in a Developed Society. *Interdisciplinary Journal of* Private School of Lucknow District. *2(6),* 92-94. Retrieved September 16, 2014 from http://www.ijhssi.org/papers/v2(6)/Version-1/O0261092094.pdf

Richards and Rodgers.1999. Approaches and Methods of Language Teaching. Cambridge UP. Routledge.

Rogers .T. (1989). Syllabus design,Curriculum Development and Policy determination.In.R.

K.Jonson (ed) The second Language curriculum.New York:Cambridge University press.

Saussure, Ferdinand de (1959) Course in General Linguistics. Charles Bally et al, eds. McGraw-Hill: New York.

Sims,C.Mortha.(2005). Living Folklore: An introduction to the study of people and their traditions.Logan Utah: Utah State University Press.

Ur. Penny (1996) A Course in Language Teaching Practice and Theory:New York Cambridge University press.

V. Kahn and W. Best. (2005). Research In Education. Prentce-Hall, Inc Youth Development? Retrieved September 13, 2014 from http://www.unce.unr.edu/publications/files/cy/other/fs9932.pdf

## DABALEE A

YUUNIVARSIITII FINFINNEE KOLLEEJJII NAMOOMAA QO’ANNOO

AFAANOTAA, JURNAALIZIMIIFIQUUNNQMTII, MUUMMEE AFAAN OROMOO,

HOGBARRUUFI FOOKLOORII.

GAAFFILEE AF-GAAFFII ODEEFFATOOTAAF DHIYAATU

Kaayyoon afgaaffii kanaa baarnoota Afaan Oromoo Ogbarruufi fookiloorii sagantaa digirii lammaffaa guuttachuuf Qaaccessa Gahee Miinimiidiyaan Mana barumsaa: Afaan Oromoo Gabbisuu keessatti qabu xiyyeeffannoon manneen barnoota Aanaa Hidhabuu Abootee Magaalaa Eejeree. jedhu irratti. Gaaffiin afaanii kunneen, barsiistotaafi barattoota miinimiidiyaa irratti muuxannoo ga’aa qabaniin kan deebii argatuudha.

Kabajamtoota gaafilleen afaanii kunneen isiniif dhiyaatu hunda mata duree Qaaccessa Gahee Miinimiidiyaan Mana barumsaa: Afaan Oromoo Gabbisuu keessatti qabu xiyyeeffannoon manneen barnoota Aanaa Hidhabuu Abootee Magaalaa Eejeree. jedhu irratti qorannoo waanan gaggeessuuf qo’annoo kana guutuu kan taasisu odeeffannoo isin biraa argamu ta’uun isaa amanamaadha. Kanaafuu, gaaffilee isiniif dhiyaatan kunneeniif odeeffanoo dhugaafi guutummaa qabu irratti hundaa’uun akka deebii naaf kennitan kabajaanan isin gaafadha.  Galatooma.

### I. Odeeffannoo Dimshaashaa

1. Maqaa _____________ Saala:- Dhiira ☐ Durba ☐

2. Umurii ____________ Sadarkaa Barnootaa ___________ Lak.Bil. ____________

3. Ganda _______________ Gooxii____________________ Garee ________________

4. Miinimiidiyaa: - Barsiisota ☐ Barattoota hojjetaa ☐ nsaa

5. Hojii: - hojjettoota sab- qunnamtii ☐ hojjetaa bulchiinsaa ☐

## II. **Odeeffannoo Qorannichaa**

1) Miidiyaan dhiyeenyan mana baruumsaa keessatti argamu miinimiidiyaadha.
    A. Isiniif Miinimiidiyaa jechuun maali?
    B. Miinimiidiyaan manneen barnootaa keessa jirachuun faayidaa maal maalii qaba jettu?
2) Faayidaa miinimiidiyaa mana barumsaa manneen barnoota keessatti kennu natti himi?
3) Sagantaan miinimiidiyaa mana barumsaa kun yoom yoom gaggeeffama? Maaliif?
4) Sagantaa miinimiidiyaa mana barumsaa kana irratti irra caalaa eenyuutu hirmaata?
5) Sagantaan miinimiidiyaa mana barumsaa kun haaluma wal-fakkatadhaan itti fufaa jiraa?
6) Sagantaa miinimiidiyaa mana barumsaa kana akkamittii jaajjabeesitu?
7) Sagantaa miinimiidiyaa mana barumsaa kana irrattii qophii maal maaltu gaggeeffama?
8) Qophiileen Kun immoo afaaniif maal gummachuu?

# DABALEE B

YUUNIVARSIITII FINFINNEE KOLLEEJJII NAMOOMAA QO’ANNOO

AFAANOTAA, JURNAALIZIMIIFIQUUNNQMTII, MUUMMEE AFAAN OROMOO,

HOGBARRUUFI FOOKLOORII.

**GAAFFILEE MARII GAREE** ODEEFFATOOTAAF DHIYAATU

Naannoo Oromiyaa Godina Shawaa kaabaa Aanaa Hidhabuu Abootee magalaa Eejeee keessatti Qaaccessa Gahee Miinimiidiyaa mana barumsaa: Afaan Oromoo Gabbisuu keeaatti qabu irraatti fayidaafi haala yeroon amma irra jiru ilaalchisee marii gareef dhiyaatedha.

Seensa: mariin garee kun kan qophaa’e afaan barsiisuu keessatti gahee miinimiidiyaa sadarkaa inni irra jiru xiinxaluun qaaccessuuf.

Kabajamoo odeef-kennitootaa hanga isinii danda’ameetti odeeffannoo kennitaan ifaafi guutuu akka gootaa, jechaa deggarsi keessaan fiixaan bahumsa qorannichaaf murteesaa waan ta’eef, dursee isin galateeffadhaa, mudaa tokko malee bilisaan yaada keessan akka naaf qooddaan kabajaan isin gafaadha.

I**. Odeeffannoo Qorannichaa**

1. Miinimiidiyaan mana barumsaa yeroo ammaa sadarkaa maalii irra jira? gadaanaa yoo jettan/te maaliif?
2. Faayidaa miinimiidiyaan mana barumsaa barsiisotaafi barattootaa qabu maali?
3. Sagantaan miinimiidiyaa mana barumsaa yoomiifi haala kamiin adeemsiifama?
4. Sagantaa miinimiidiyaa mana barumsaa keessatti qophiilee akkam akkamiitu dhiyaata?
5. Mana baruumsa kan keessa miinimiidiyaan mana barumsaa jiraachuun isaa maaltu isiinitti dhagahama?

**DABALEE C**

YUUNIVARSIITII FINFINNEE KOLLEEJJII NAMOOMAA QO'ANNOO

AFAANOTAA, JURNAALIZIMIIFIQUUNNQMTII, MUUMMEE AFAAN OROMOO, HOGBARRUUFI FOOKLOORII.

QABXIILEE DAAWWANNAA ODEEFFATOOTAAF DHIYAATU.

Gaaffiilee barsiisotaafi barattoota mata dureen ani irratti qorannoo geggeessuuf deemu kana ni beeku jedhamanii yaadamaniif dhiyaatu.

Maqaa ___________________________________umurii_____________Ganda______________

Kabajamoo odeeffannoon ani amma isinirraa argadhu kun qorannoo mata duree Qaaccessa Gahee Miinimiidiyaan Mana barumsaa: Afaan Oromoo Gabbisuu keessatti qabu. Jedhu waliin hidhata waan qabaniif qorannicha guutuu taasisa jedhee waaniin abdadhuuf gaaffiilee isinii dhiyaatu kana akka dhugaafi haala sirrii ta'een naaf deebistan kabajanisiin gaafadha.

**I. Odeeffannoo Qorannichaa**

| Lakk | Cheeklisiitii Daawwanaaf qophaa'ee | Guyyaa daawwannaa | Lakkii | Eeyyee |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Yeroo qophii miinimiidiyaa mana barumsaa qindeeffaatan iddoo ni filaatu? | | | |
| 2 | Sagantaan qophii miinimiidiyaa mana barumsaa kun yeroon isaa wal fakkatadhaa? | | | |
| 3 | Qophiilee sagantaa miinimiidiyaa mana barumsaa kana barsiisotaafi barattoota qofaaf dhiheesitu? | | | |
| 4 | Qophii miinimiidiya mana barumsaa kana kan dhiyeessu barattoota qofa? | | | |
| 5 | Yeroo qophii miinimiidiyaa mana barumsaa dhiyeesitan sagantaan keessan haala ni filata | | | |
| 6 | Sagantaa miinimiidiyaa mana barumsaa kana qopheessun keessan barattoota irratti jijjiirrama ni fidaa? | | | |
| 7 | Meeshaalee guutuu qophii miinimiidiyaa mana barumsaa kana irraatti ni argattuu? | | | |

**DABALEE D**

YUUNIVARSIITII FINFINNEE KOLLEEJJII NAMOOMAA QO’ANNOO

AFAANOTAA, JURNAALIZIMIIFIQUUNNQMTII, MUUMMEE AFAAN OROMOO,

HOGBARRUUFI FOOKLOORII.

FAKKII. 1. YEROO AF-GAAFFII BATATTOOTAA GAGGAAFAMU MUL’ISU.



# DABALEE E

YUUNIVARSIITII FINFINNEE   KOLLEEJJII NAMOOMAA QO'ANNOO

AFAANOTAA, JURNAALIZIMIIFIQUUNNQMTII, MUUMMEE AFAAN OROMOO,

HOGBARRUUFI FOOKLOORII.

FAKKII.2.YEROO BATATTOONNI GUYYAA AYYAANA MAATIIF QOPHAA;A JIRAN MUL'ISU.



# DABALEE F

YUUNIVARSIITII FINFINNEE KOLLEEJJII NAMOOMAA QO’ANNOO

AFAANOTAA, JURNAALIZIMIIFIQUUNNQMTII, MUUMMEE AFAAN OROMOO,

HOGBARRUUFI FOOKLOORII

GABATEE 1. ODEEFFANNOO BARATOOTAMANA BARUMSA EJEREE SAD 1FFAA LAKK.1. EJEREE.

| Lakk | Maqaa barattoota | Saala | Kutaa | Mata duree |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Galiilaa Abrahaam | Dub | 4 | Tokkummaa |
| 2 | Kookeet Tammiruu | Dub | 4 | Yaa Mana Barumsaa |
| 3 | Addisaalem Tulluu | Dub | 5 | Barataa |
| 4 | Addisaalem Tulluu | Dub | 5 | Idaa’amuu |
| 5 | Qonjiit Caalaa | Dub | 6 | Nu yaa bararuu |
| 6 | fayyisaa Caalaa | Dhi | 6 | Waa sadii qabadhuu, waa sadii beeki,waa sadii kabaji |
| 7 | Lalisaa Guutaa | Dhi | 7 | Eedsii |
| 8 | Ermiyaas Dhaabaa | Dhi | 8 | Sabaafi sab –lammii |
| 9 | Abdii Tasfaaye | Dhi | 5 | Walaloo ispoortii |
| 10 | Darajjee Ayyaanee | Dhi | 7 | Hojii |
| 11 | Fiqaadee Masfin | Dub | 6 | Takko maali? |
| 12 | Hawwaa Asaffaa | Dub | 8 | Oduu yeroo |
| 13 | Iraasuu Yadaatee | Dhi | 8 | Qabeenya |
| 14 | Bojaa Lammaa | Dhi | 4 | Harmee |
| 15 | Damoozee Tolaa | Dub | 7 | Biyya ,Oduu dinqisiisoo |
| 16 | Dibaabee Katamaa | Dub | 5 | Mammaaksa |
| 17 | Shaanbal Taaddasaa | Dhi | 8 | Kana beektuu |
| 18 | Fayyee Shallamaa | Dhi | 8 | Dur durii |
| 19 | Caaltuu Tolosaa | Dub | 7 | Baacoo |
| 20 | Mootummaa Rattaa | Dhi | 7 | Odaa |

# DABALEE G

YUUNIVARSIITII FINFINNEE   KOLLEEJJII NAMOOMAA QO'ANNOO

AFAANOTAA, JURNAALIZIMIIFIQUUNNQMTII, MUUMMEE AFAAN OROMOO,

HOGBARRUUFI FOOKLOORII

GABATEE 2. ODEEFFANNOO BARATOOTAMANA BARUMSA J/TAADDASAA BIRRUU SAD.2FFAA LAKK.1 EJEREE

| Lakk. | Maqaa barattootaa | Saala | Kutaa | Mata duree |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Dirribaa Simee | Dhi | 9 | Eebbaa yeroo Irreechaa |
| 2 | Almaaz Gizaachoo | Dub | 9 | Buttaan maali? |
| 3 | Firoomsaa Girmaa | Dhi | 10 | Gosoota fuudhaafi heeruma shawaa kaabaa |
| 4 | Ababaayyee Shufeerii | Dub | 11 | Mammaaksa hiikaa waliin |
| 5 | Tolchaa Bahaaruu | Dhi | 10 | Qalluu maali? |
| 6 | Tigisti Tasfaayee | Dub | 11 | Ateeteen maali? |
| 7 | Shanoo Ijaaraa | Dhi | 11 | Irreechi maali ? |
| 8 | Maasay Xaasoo | Dhi | 10 | Hiddaa Latii Oromoo beektuu? |
| `9 | Guurum Tasfaayee | Dhi | 9 | Baacoo namoota sadi |
| 10 | Shaashoo mulaataa | Dub | 9 | Baacoo |
| 11 | Fiqiruu nuuruu | Dhi | 10 | Dur'durii( leencaafi hantuuta) |
| 12 | Shumburee tashooma | Dub | 10 | Oduu gammachiisaa |
| 13 | Tanaanyee fayyee | Dub | 9 | Oduu gabaa |
| 14 | Katamaa balchaa | Dhi | 11 | Hibboo |

# DABALEE H

YUUNIVARSIITII FINFINNEE KOLLEEJJII NAMOOMAA QO'ANNOO

AFAANOTAA, JURNAALIZIMIIFIQUUNNQMTII, MUUMMEE AFAAN OROMOO,

HOGBARRUUFI FOOKLOORII

GABATEE 3. ODEEFFANNOO BARATTOOTA MANA BARUMSA J/TAADDASAA BIRRUU SAD.2^FFAA LAKK.2 EJEREE

| Lakk. | Maqaa Barattootaa | Saala | Kutaa | Mata duree |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Abraham Adina | Dhi | 9 | Geerasa |
| 2 | Addisuu Biree | Dha | 11 | Hiibboo |
| 3 | Damoozee Haabtamuu | Dha | 11 | Dur durii |
| 4 | Yohanis Shaaroo | Dhi | 9 | Oduu Tibbanaa |
| 5 | Elfineesh Tasfaayee | Dha | 12 | Oduu Ispoortii |
| 6 | Abbuu Awaqqee | Dhi | 12 | Kana beektuu (maqaa abbootii gadaafi bara bulchinsa isaa ) |
| 7 | Tigist Abiyyi | Dha | 11 | Oduu durii(hantuutaa fi leenca)) |
| 8 | Argaataa Baasaa | Dhi | 9 | Akkoo manooyyee |
| 9 | Zalaalem Warquu | Dhi | 11 | Jechama |
| 10 | Getuu Dhuufeeraa | Dhi | 12 | Mammaaksaa fi hiikaa isaa |
| 11 | Qiddist Itiyoophiyaa | Dha | 12 | Sirba aadaa shawaa kaabaa |
| 12 | Gazaahany Abarraa | Dhi | 11 | Wal dorgumii nyaataa |
| 13 | Kokobee Kasaany | Dha | 9 | Baacoo (nama lama) |
| 14 | Jambaree Haabtamuu | Dha | 9 | Sheekoo(qocaa fi illeentii) |
| 15 | Charinat Garraadoo | Dhi | 11 | Walaloo Oromiyaa |
| 16 | Na'ol Kayisaa | Dhi | 11 | Asoosama(daa'imaa fi hiriibaa) |
| 17 | Seenaa Kirbat | Dha | 12 | Faaruu daa'imanii |
| 18 | Shawaa Damissee | Dha | 9 | Faaruu loonii |
| 19 | Balachoo Dhugumaa | Dhi | 11 | Kan beektuu( akkataan nyaata aadaa ittiin hojjeetamu) |

## Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani qorattuun maqaafi mallattoon armaan gadiitti eerame qorannoon kun hojii koo ta'uu isaafi kanaan duras yuunivarsiitii kamiiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf kan hindhiyaatin ya'uu isaa, wabii keessatti kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa_______________________________________________

Mallattoo______________________________

Guyyaa ______________

Ani Dr _________________________________barattuun kun hojii ishee ofittisuuf dhiyaachuu danda'uu isaa mallattoo kootiin mirkaneessa.

Maqaa_______________________________________________

Mallattoo____________________ __________

Guyyaa _____________________